



# Barnoota Afaan Oromoo

Kitaaba Barataa



Kutaa 11

Barnoota Afaan Oromoo

Kitaaba Barataa

Ministeera Barumsaa Bara 2005



Rippaabiliika Dimookiraatawaa Fedaraalawaa Itiyooophiyaatti  
Ministeera Barnootaa


ISBN: 978-99944-2-281-4

Gatiin: Qar. 24.00



Rippaabiliika Dimookiraatawaa Fedaraalawaa Itiyooophiyaatti  
Ministeera Barnootaa

Kutaa 11



## **KITAABA KANAAF KUNUUNSA CIMAA TAASISI**

Kitaabni barataa kun qabeenya mana barumsaa keetiti. Qabeenyi mana barumsaa kee ammoo, kan keeti. Qabeenyi kun akka hinbanne ykn hinmiidhamne kunuunsuun gahee keeti. Kanaafis, yaadoleen kurnan armaan gadii si gargaaru.

1. Kitaabicha gaazexaa, waraqaa, laastikaafi wkf gonfi.
2. Kitaabicha yeruma hunda bakka qooraafi qulqullina qabu kaa'i.
3. Yeroo fayyadamtus harki kee qulqulluu ta'uu mirkaneeffadhu.
4. Qolas ta'e keessa kitaabichaatti hinbarreessin.
5. Dubbistee bakka geesse mirkaneeffachuu yoo feetellee, cittuu waraqaa ykn kaardii qulqullina qabuutti fayyadami.
6. Fuula kitaabichaa tarsaasuun ykn fakkii kutanii keessaa baasuun dhorkaadha.
7. Fuulli tarsa'ellee yoo jiraate suphi.
8. Kitaabicha yeroo korojoo kee keessa keessuufi keessaa baafu, akka hintarsaane of eeggadhu.
9. Yeroo namoota biraatiif ergiftullee of eeggannoon akka qaban akeekkachisi.
10. Kitaaba haaraatti gargaaramuu yoo jalqabdu, dugdaan minjaala irraatti dubbisturra kaa'i. Sana booda, fuula muraasa banuun xiqqoodhuma hanga barreeffama fuulicharra jiru dubbisuu dandeessutti banuun gargaarami. Fuula bante garmalee harkisuun qola isaas ta'ee, fuula kitaabichaa miidhuu waan danda'uuf, akka ija keetti eeggadhu.



# Barnoota Afaan Oromoo

Kitaaba Barataa

Kutaa 11

Qopheessitoonni:

Addunyaa Barkeessaa(MA)  
Alaamirroo Kaasaahun(MA)  
Taarreqeny Mokonnon(MA)  
Tashoomaa Egeree(MA)

**Gulaaltonni:**

Salamoon Gadaa(MA)  
Tashoomaa Taaffasaa(MA)  
Tasfaayee Jimaa(MA)

**Madaaltonni:**

Guutaa Fayyisaa(MA)  
Hasan Waaqayyoo(BA)  
Nagaasaa Hundee(MA)  
Nuuriyaa Ibraahim(MA)



## Galata

Qopheessi, maxxansiifi raabsiin kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa kanaa fandii dhaabiilee qulqullina barnootaa 1-12, manneen barnoota mootummaa keessatti kennamanirratti hojjetan, kanneen akka Fooyyessa Qulqullina Barnoota Waliigalaa (FQBW) irraa argameeni.

Federaalli Riippaabiliika Diimokiraatawaa Itoophiyaa Fooyyessa Qulqullina Barnoota Waliigalaatiif qarshii liqaan Waldaa Guddina Internaashinaalaa (WGI), Fandii Faasti Inisheetiivii Kaataalikii (FFIK)fi kanneen guddinarratti hojjetan biroo-Kooporeeshiinii Guddina Fiinlaandii, Xaaliyaanii, Deggersa NiizarlaandiifiUK kan Muummee Guddina Internaashinaalaatiif dhaabbatan irraa argateen kitaabni barataafi qajeelchi barsiisaa kun akka qophaa'u taasisse. Kanaafuu, Ministeerri Barnootaa Itoophiyaa namoota, gareewaniifi qaamolee qophii kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa kanarratti kallattiinis ta'ee alkallattiin hirmaachuun deggersa taasisan nigalateeffata.

© Federaala Riippaabiliika Diimokiraatawaa Itoophiyaatti Ministeera Barnootaa  
Maxxansa jalqabaa- 2005/2012

Mirgi abbeentaa gama suurawwaniifi fakkiwwanii, dokimentootaafi meeshaalee kanneen biroo odeeffannoofi ragaalee isaan of keessaa qaban waliin Ministeera Barnootaa Itoophiyaatiif kan dhiyaate yoo ta'u, mirgichis waggoota shaniif hojiirra oola.

Qopheessaa, Maxxansaafi Raabsaa

Dhaabbata Maxxansaa MK

L.S.P. 12385 Kaampaalaa

L.bil. +256 414-269150

Toora intarneetii [www.mkpublisher.com](http://www.mkpublisher.com)

Kaampaalaa-Yugaandaa

ISBN 978-99944-2-281-4

Mirgi hunduu seeraan eeggamaadha. Hayyama barreeffamaan abbaa mirgaarraa kennamuun ala, gamisa ta'ee guutummaa kitaaba kanaa irraa hir'isuun, itti dabaluu, gamisaan ykn guutumaatti maxxansiisuun, waraabanii raabsuun dhimma dhuunfaafis ta'ee hawaasaaf oolchuun dhorkaadha. Kanaafuu, hayyamni seeraan osoo hinkennamin gochaawwan kanarratti bobba'uun seeraan nama gaafachiisa. Labsii Gaazexaa Nagaariita Federaalaa lak.410/2004, Labsii Ittisa Mirga Abbentaafi Kanneen Isaan Hidhata qaban, Waggaa 10ffaa, Lak.55, Finfinnee, Adoolessa 12, 19996( July 19, 2004).

Daangaa Mirga Abbeentaa

Hanga danda'ametti, mirgi abbeentaa meeshaalee kitaaba kana keessatti dhimma itti ba'amanii heeruu yaallee jirra. Kanneen osoo itti hinyaadamin bira darbamaniif ammoo dhiifama jechaa, maxxansa itti aanu kamiinuu keessatti galateeffachuuf qophaa'oodha.

## BAAFATA

## Fuula

Seensa .....	i
Boqonnaa 1: Afaan Akkamitti Jalqabame?.....	1
Boqonnaa 2: Garasuu Dhukii (Abbaa Booraa) .....	29
Boqonnaa 3: Namootaafi Bineensota .....	39
Boqonnaa 4: Hirmaannaa Dubartootaa .....	59
Boqonnaa 5: Eenyu Haafuudhu? .....	73
Boqonnaa 6: Addunyummaa .....	87
Boqonnaa 7: Industiriifi Sochii Tuuriizimii Addunyaa.....	97
Boqonnaa 8: Barumsa Addaan Kutuu .....	115
Boqonnaa 9: Injifannoo Walmorkii Olompikii .....	125
Boqonnaa 10: Kan Mana Baasan Manaa Nama Baasa .....	135
Boqonnaa 11: Og-Walaloo.....	143
Boqonnaa 12: Bifa Jireenya Hawaasa Sirna Gadaa .....	151
Boqonnaa 13: Interpiraayizoota Daldaala Xixiqqaa .....	167
Boqonnaa 14: Balaa Beelaa Biyyoota Addunyaa 3 <sup>ffaa</sup> Keessatti.....	177
Boqonnaa 15: Faaya Mormaa .....	191
Boqonnaa 16: Xalayaa Barreessuu.....	203
Boqonnaa 17: Madda Odeeffannoo.....	215

## SEENSA

Afaan meeshaa wal-qunnantiifi ibsituu eenyummaa ta'uun shoorri inni jiruufi jireenya hawaasa tokkoo keessatti qabu ol aanaadha. Kanaafuu, hawaasicharraa addaan ba'ee bu'aa buusuu hindanda'u. Guddinni afaaniis guddina hawaasaa bu'uureffata. Jiruufi jireenya hawaasaa saayinsiifi teeknooloojiin wal-qabsiisee guddina fiduu kan danda'us barnoota, bulchiisa, siyaasaafi kkf yoo hojiirra oole qofa.

Afaan Oromoo afaan barnootaafi barnoota afaanii ta'uun isaa dhiyoodha. Kanarraan kan ka'e, kitaabni barataa armaan dura bu'uura buusuurratti shoorra ol aanaa kan taphate ta'ullee, hanqina tokko tokko akka qabu hubatameera. Kitaabni kun ammoo, amma danda'ametti qulqullinni isaa eegamuun kan qophaa'e yoo ta'u, kaayyoon isaas barattoonni ogummaawwan dhaggeeffachuu, dubbachuu, dubbisuu, barreessuu, caaslugaa, ogbarruu, gadi fageenyaan xiinxaluufi kkf akka gabbifatan taasisuudha. Kaayyoowwan kana galmaan ga'uufis barannoowwaniifi gilgaalonni garaagaraa dhiyaatanii jiru. Haalli dhiyeenya gilgaalota kanaas kallattiidhaan jiruufi jireenya guyyuu barattoota giddu-galeessa kan taasifateefi akka isaan dammaqinaan irratti hirmaatan kan kakaasudha.

Fiixaan ba'iinsa kaayyoowwan barnoota kanaatiifis adda dureen shaakala walirra hincinne gochuu kan qabu barataa waan ta'eef, atis haala qabatamaa naannoo keetiitiin waliin qabsiisuun ga'ee sirra eegamu taphachuun mirgaafi dirqama keeti.

## Boqonnaa 1: Afaan Akkamitti Jalqabame?

### Kaayyoo: Xumura barnoota boqonnaa kanaatti:

- yaaxxinoota jalqaba afaanii addaan baafatta.
- hiika jechootaa galumsarraa tilmaamta.
- birsagaafi caasaa isaa addaan baafatta.
- jechoota dhamjechootatti qoodda.
- akaakuuwwan himootaa balballoomsita.
- sirboota yeroo hojii gamtaa qaaccessita.


## Barannoo 1: Dhaggeeffachuufi Dubbachuu



### Gilgaala 1:

### Shaakala Dhaggeeffachuun Duraa


Fakkii qo'achuu



Fakkii A



Fakkii B



Fakkii C

A. Fakkiiwwan dhiyaatanirratti hundaa'uun gaaffiiwwan itti aanan gareedhaan irratti mari'adhaatii dareedhaaf gabaasaa.

1. Fakkiiwwaan A, B, C jalatti dhiyaatan maal ibsu? Maaliin walirraa adda ta'u?
2. Hidhanni fakkiiwwan kunneen jalqaba afaanii waliin qaban maal fakkaata?
3. Afaan maali?
4. Afaan akkamitti jalqabame?

B. Jechoonni kanaan gadii barreeffama dhaggeeffachuuf jirtan keessatti gufuu akka isinitti hintaanetti dursaatii hiika isaanii tilmaamaa.

- |             |             |
|-------------|-------------|
| 1. kenna    | 2. yaaxxina |
| 3. tilmaama | 4. corrisuu |

**Gilgaala 2:****Shaakala Yeroo Dhaggeeffachuu**

Amma barreeffama mata dureen isaa, ‘Afaan Akkamitti Jalqabame?’ jedhu jalatti dhiyaate, kutaa 1<sup>ffaa</sup> isaa yammuu barsiisaan keessan isiniif dubbisu dhaggeeffachuuf jirtu. Barreeffamichis si’a sadii isiniif dubbifama.

- Si’a duraa callisaan dhaggeeffadhaa.
- Si’a lammaffaa keeyyata armaan gadii keessaa jechoota hafan guutaa dhaggeeffadhaa.
- Si’a sadaffaa, sirriitti guutuu keessan mirkaneeffachaa dhaggeeffadhaa.

**Afaan Akkamitti Jalqabame? (Kutaa 1<sup>ffaa</sup>)**

Yeroon dhalli namaa afaan dubbachuu eegaleefi waa’ee afaaniirratti ragaa walitti qabachuu jalqabe wal-buusa. Akka qorannoon achi-asdhufa afaan dhala namaarratti geggeeffame mul’isutti \_\_\_\_\_ ragaa funaanuun kan eegale dhiyeenya kanadha. Kanaafuu, \_\_\_\_\_ afaan itti eegale qixaan dhiyeessuun rakkisaadha.

Haata’u malee, yaaxxinoonni (yaada xiinxalame) adda addaa jalqaba afaaniirratti dhiyaatanii jiru. Isaanis, maddi afaanii \_\_\_\_\_ fi \_\_\_\_\_ jechuun iddoo gurgudda \_\_\_\_\_ qoodamu. Yaaxxinni \_\_\_\_\_ jedhu bu’uura amantii qaba. Kanarraan kan ka’e Waaqayyo nama isa jalqabaa erga uumee booda, wantoota biroo uumuudhaan gara namichaatti fidee akka inni maqaa baasuuf taasise. Yaaxxinni biraa ammoo, \_\_\_\_\_ kan jedhu yoo ta’u, bu’uurri isaas \_\_\_\_\_ dhaga’aman \_\_\_\_\_ fi jireenya gamtaa keessatti yeroo hojii cimaa hojjetan sagaloota jajjabinaaf namoonni dhageessisan ta’a. Sagaloonni uumamaan dhaga’aman kanneen akka \_\_\_\_\_, \_\_\_\_\_,

\_\_\_\_\_, \_\_\_\_\_, \_\_\_\_\_ fi wkf ta'uu danda'u. Ta'us, yaanni hundaan fudhatama argate tokko hinjiru. Qabanni isaa, martuu tilmaama maataa isaanii kan yaaxxina tokko bu'uureffatu dhiyeessuu waan yaalaniif ta'a.

Gabaabumatti, afaan \_\_\_\_\_, \_\_\_\_\_ fi \_\_\_\_\_ akka jalqaberratti yaanni hunda-galeessi dhibullee, tilmaamileen akka \_\_\_\_\_, \_\_\_\_\_, \_\_\_\_\_ fi wkf jedhan akka waa'ee isaa yaannuuf karaa nuu saaqu. Haata'u malee, yaaxxinoonniifi tilmaamileen hundumtuu jalqaba afaaniirratti odeeffannoo dabaluu ala kun sirrii, kun ammoo, dogoggora jechuun hindanda'amu. Sirrummaafi dogoggorummaan yaaxxina namni tokko filatee ragaadhaan deggeruu barbaada.



### Gilgaala 3:

### Shaakala Dhaggeeffachuun Boodaa

Gaaffiiwwan kanaan gadii akkaataa gaafatamtaniin deebisuu yaalaa.

1. Cimdii (xundaan) ta'uun odeeffannoo gilgaala (2) jalatti bakka ittiin guuttanirratti mariyachuun afaaniin dareedhaaf gabaasaa.
2. Odeeffannicha irratti mari'attan qindeessuun hima ijoo "Afaan Akkamitti Jalqabame?" jedhuun keeyyata tokko barreessaa.

---



---



---



---

3. Keeyyata barreessitan keessaa bakka duwwaa kanaan gadiirratti himoota gargaartuufi hima goolabaa barreessaa.

Himoota gargaartuu

---



---

Hima goolabaa

---

4. Gosoonni himoota (3) jalatti addaan baastan hima salphaa, hima dacha moo hima xaxamaadha? Deebii keessan dabtara keessan keessatti barreessaa.

---



---

## Barannoo 2: Dubbisuufi Dubbachuu



### Gilgaala 4: Shaakala Dubbisuun Duraa

- A. Gaaffiiwwan kanaan gadii gareen irratti mari'achuun dareedhaaf afaaniin gabaasaa.

1. Afaan moo namatu dura addunyaa kanarratti argame?
2. Namni eessaa dhufe? Afaan isaahoo?
3. Dhalli namaa afaaniin walii galuu kan eegale yoomi?

- B. Jechoonni kanaan gadii dubbisa itti aanu keessaatti hubannoo keessanitti gufuu akka hintaanetti dursaatii hiika isaanii tilmaamaa.

- |             |              |
|-------------|--------------|
| 1. dhawaata | 2. wal-kipha |
| 3. riqaa    | 4. rifachuu  |

**Gilgaala 5:****Shaakala Yeroo Dubbisuu**

A. Dubbisa armaan gadii keessaa keeyyata seensaafi keeyyata xumuraa saffisaan dubbisuun gaaffiiwwan kana lamaan deebisaa.

1. Yaanni ijoo dubbisichaa maali?
2. Akkaataa afaan itti jalqaberratti yaanni waliigalaa jiraa? Maaliif?

**Afaan Akkamitti Jalqabame?**

(kutaa 2<sup>ffaa</sup>)

Afaaniifi hawaasni addaan ba’anii bu’aa hinbuusan. Kan akka afaanii wal-quunnamtii milkaa’ina gonfachiisuufi akka dhala namaa afaanirratti to’annaa qabu hinjiru. Kanaafuu, seenaa dhala namaafi seenaa afaan isaa addaan baasuun xiinxaluun rakkisaadha. Haata’u malee, akkuma jalqaba dhala namaa, jalqaba afaaniirrattis yaanni calalli, kan hundaan fudhatama argate tokko hinjiru. Bu’uuruma kanaan, gaaffiin, “Afaan Akkamitti Jalqabame?” jedhu yeroo garaagaraatti mataduree falmii ta’ee jira. Falmii kanaaf bu’uura kan ta’an yaaxxinoota garaagaraa sadii maqaa dha’uun nidanda’ama. Isaanis, yaaxxina Waaqatu uumee (the divine source theory) jedhu, yaaxxina adeemsa tirataadhaan uumamee (the natural evolutionist theory) jedhuufi yaaxxina namatu uume (the invention source theory) jedhamanudha. Yaaxxinoonni kunneen sadan akkaataa afaan itti uumame ragaadhaan deggeruun dhiyeessuu yaalu. Ragaan isaaniis bu’uura garaagaraa qabachuun falmiidhaaf karaa saaqa.

Yaaxxinni ‘Afaan Waaqatu uume,’ jedhu bu’uura amantii qaba. Gartuun yaaxxina kana deggeran Waaqayyo jalqaba Addaamiin uumee wantoota “Jannata” keessa jiraniif akka inni maqaa baasu taasise; jarris maquma ba’eeffin hafan jechuun Uu 2:20 ka’umsa taasifatu. Kanaafuu, kennaa kana keessa galuun xiinxaluun uumaan walitti nama buusa yaada jedhuun yeroo

dheeraaf lagu ta'e. "Erga afaan kennaa Waaqaa ta'ee, addaddummaan afaanii eessaa dhufe?" jechuun yaaxxina kanaan kan mormanis jiru. Deebiin isaaniis, 'Namoonni afaan tokko dubbaachuun salphaatti walli galaa waan turaniif, Waaqa afaan isaaniif kennee arguuf gara Isaatti riqaa (tower) ijaaran. Waaqayyoo ammoo, itti rifachuun riqaa isaanii jigsee waliigalteen isaanii akka dhabamuuf afaan isaanii addaan baase,' jedha.

Yaaxxinni "Afaan adeemsa tirataadhaan uumame," jedhu ammoo, 'Namni jalqaba miilla afuriin deema ture. Jiraachuuf jecha nyaachuun dirqama waan ta'eef, dhawaata miilli fuulduraa hiixachuun ija mukaa funaannachuu eegale. Adeemsuma kanaan, miilichi dhawaata deemsarraa bilisa ta'uun suuta qaamni akka ol jedhu taasisaa deeme. Adeemsi kunis, sammuurraan dhiibbaa ga'e. Afaanis amala dhala namaa waan qabuuf, namni tokko qaama nagaa dhalannaan seera uumamaa hordofuun dhawaata deemuu, afuura baafachuu, guddachuu, nyaachuu akka baru, afaanis akkasumatti eegale' jedhu. Haata'u malee, osoo yaaxxinni kun dhugaa ta'ee lubbu-qabeeyyiin biroos adeemsa kanaan afaan uummatu turan jechuun qeeqamee jira. Kana malees, afaan seera uumamaa hordofee argama taanaan aadaadhaan osoo hindaangeffamin daa'immni hawaasa afaan tokko dubbaturraa dhalattee kan afaan biraa dubbatu keessatti guddatte, afaan itti dhalatte sana bara ture. Kun ammoo, dhugaarraa kan fagaate jechuun gartuun morman jiru.

Afaan namatu uummate, yaaxxinni jedhus, akkaataa uumamsa isaarratti tilmaama garaagaraa dhiyeessa. Tilmaamilee kana keessaa tokko akkeessuudha. Tilmaamni kun dhalli namaa sagaloota uumamaan dhaga'aman kanneen akka guungummii, aannaa, korrissaa, didichaafi wkf akkeessuun afaan uummate jedhu. Yaaxxinni kun yeroo ammaa kana afaanota hedduu keessatti jechoonni sagalee isaaniitiin wal-fakkaatan jiraachuu isaaniitiin deggerama. Kana malees, namoonni durii jiraachuuf wal'aansoo godhan keessatti gufuu buqqisaafi gindillaa harkisaa turan. Yeroo hojii cimaa akkanaa, sagalee dhageesisaa turanirraa afaan uummatan jedhu. Kun ammoo, amalli hawaasummaa madda afaaniitii

akka ta'e mul'isa. Tilmaamni biraa, wal-kipha sagaleewwan dhaga'amaniifi sochiilee qaamaa bu'uureffata. Yaanni jalqaba afaaniirratti dhiyaate kun, isa yeroo ammaa namonni yaada, miiraafi dubbii isaanii sochiilee qaamaatiin deggeraniin utubamuu danda'a.

Gabaabumatti, yaaxxinoonni jalqaba afaaniirratti dhiyaatan ragaa adda addaa dhiyeessuun 'Anatu caala' haajedhan malee, karaa saayinsaawaa ta'een 'kun dhugaadha; kun ammoo dhugaa miti,' jechuun hindanda'amu. Haata'u malee, ragaalee dhiyaatan irraa ka'uun yaaxxina tokko ykn isaa ol deggeruun nidanda'ama. Deggeruu qofaa osoo hintaane, haala qabatamaa wajjin wal-qabsiisuun dhugoonfachuunis nidanda'ama.

#### B. Gaaffiiwwan kanaan gadii qalbiitti qabachuun dubbisicha irra deebi'ii qalbifannoon dubbisi.

1. Yaaxxinoota jalqaba afaaniirratti dhiyaatan tarreessi.
2. Gartuun "Afaan .Waaqatu Uume," jedhan maalirratti xiyyeeffatu?
3. Ka'umsi "Afaan Adeemsa Tirataan uumame," jedhuu maali?
4. Tilmaamileen yaaxxina " Afaan Namatu Uummate" jedhu keessatti haammataman kam fa'i?
5. "Afaan amala hawaasummaa qaba" jechuun jalqaba afaaniirratti kan yaada dhiyeessu yaaxxina isa kami?
6. Yaaxxinoonni jalqaba afaaniirratti dhiyaatan maaliif wal-mormu?
7. Afaan yoomiifi akkamitti akka jalqaberratti yaanni hundaan fudhatama argate tokko maaliif dhibe?
8. Dubbisicha keessatti yaanni ijoon keeyyata sadaffaa maali?
9. "Miilli fuulduraa deemsarraa bilisa ta'e" yoo jedhu, maal jechuu isaati?
10. Jalqaba afaaniirratti ragaa quubsaan akka hinargamne kan taasisan maal fa'i?

C. Gaaffiiwwan kanaan gadii akkaataa dubbiisichaatti ‘Soba’ ykn ‘Dhugaa’ jechuun afaaniin deebisi. Kanneen soba jettee maaltu akka soba taasise himi.

1. Afaaniifi dhalli namaa addaan ba’anii jiraachuu waan hindandeenyeef, jalqabni afaanii yeruma dhalli namaa lafa kanarratti argamedha.
2. Tilmaamilee akkaataa afaan itti jalqaberratti dhiyaatan dhgummaa isaanii beekumsa saayinsawaatiin adaan baasuun nidanda’ama.
3. Namoonni durii Waaqatti riqaa kan ijaaraniif lafa kanarratti uumee afaan tokko qofa dubbachuurratti mormii waan qabaniif.
4. Addaddummaa afaaniitiif ragaa saayinsiin dhiyeessuufi kan yaaxxinni “Afaan Waaqatu Uume,” jedhu dhiyeessu wal-faallessa.
5. Daa’imni tokko afaan baruuf murteessaan naannoo itti guddatte osoo hintaane, bakka itii dhalattedha.

D. Akkaataa dubbisichaatti gaaffiiwwan dhiyaataniif deebii hundarra wayya jettu filadhu.

1. Akka yaaxxina “Afaan namatu uummate” jedhuutti,
  - A. Jalqaba afaanii Waaqatu murteesse.
  - B. Akkeessuun iddoo guddaa qaba.
  - C. Wal-kiphi sochii qaamaafi sagalee ga’ee qaba.
  - D. Nama kan nama taasise hojjidha.
  - E. A’fi ‘D’ malee hunduu deebiidha.
2. Afaan amala namummaa qaba jechuun maal jechuudha?
  - A. Seera uumamaa hordofee barama.
  - B. Sirni deemsaa, nyaataafi afuura baafannaa hordofa.

- C. Guddachuu, quucaruufi du'uu danda'a.
- D. Osoo itti hinyaadin barama.
- E. Hunduu deebiidha.
3. Kanneen keessaa qabata adda addummaa afaanii kan hintaane isa kami?
- A. Guddina saayinsiifi teeknoolojii      B. Rifuu Waaqaa
- C. Uumama dhala namaa      D. Bal'ina lafaa
- E. Hunda
4. Jechoota armaan gadii keessaa kamtu jalqaba afaaniirratti qooda qaba?
- A. Waaqa      B. Nama      C. Naannoo
- D. Amantii      E. Hunda
5. Jalqabni afaanii
- A. Namoota walii galchee jira.
- B. Namoota yaadaan wal-dhabsiise jiira.
- C. Bu'uura amantii, siyaasaafi dinagdee qaba.
- D. Jalqaba dhala namarraa adda.
- E. hinbeekamu.

E. Jechoota kanaan gaditti kennamaniin bakka duwwaa itti aananii dhiyaatan guuti.

calala	rifuu	to'annaa	qeeqa
riqaa,	maqaa baase	gudeelcha	
milkaa'ina	dhawaata	gufate	

1. Conceen kun ganna gannaa \_\_\_\_\_ gangalchee yaa'a.
2. Osoo afaan hinjiru ta'ee, dhalli namaa jiruufi jireenya isaa keessatti \_\_\_\_\_ hingonfatu ture.
3. Oromoon yeroo mammaaku, "killeen \_\_\_\_\_ miillaan deemti" jedha.
4. Namoonni afaan tokko dubbachuun walii galaa waan turaniif, Waaqatti \_\_\_\_\_ ijaaran. Kanarratti \_\_\_\_\_ Waaqaatiin afaan isaanii addaan ba'e jedhama.
5. Yaaxxinoonni jalqaba afaaniirratti dhiyaatan hunduu ija saayinsaawaatiin yoo ilaalaman \_\_\_\_\_ jalaa miliquu hindanda'an. Kanarraan kan ka'e, hanga yonaatti jalqaba afaaniirratti yaanni \_\_\_\_\_ n kan hundi irratti walii gale tokko hinmul'atu. Haata'u malee, kan akka dhala namaa afaaniirratti \_\_\_\_\_ qabu hinjiru.

**F. Jechootaafi gaaleewwan kanaan gadiitiif kan isaan waliin deeman barbaadi. Fakkeenyi isiniif kennameera.**

Fkn. gufuu → buqqisuu jenna.

1. gindillaa \_\_\_\_\_
2. quttoo/awwaara/dhukkee \_\_\_\_\_
3. booka \_\_\_\_\_
4. cooma \_\_\_\_\_
5. harka \_\_\_\_\_

G. Jechoonni kanaan gadii akkataa galma isaaniitti hiika tokkoo ol qabaachuu danda'u. Fakkeenya kennamerratti hundaa'uun hiika kenni.

Fkn. 1. (a) Namichi mataa qaba

Hiika: qalbii, beekumsa

(b) Biyyi mataa qaba

Hiika: mootii, geggeessaa

(c) Mataan manaa haadha warraati.

Hiika: itti gaafatamtuu, utubaa

1. qaccee : \_\_\_\_\_
2. gurra : \_\_\_\_\_
3. funyaan : \_\_\_\_\_
4. foon : \_\_\_\_\_
5. handhuura : \_\_\_\_\_



### Gilgaala 6

### Shaakala Dubbisuun Boodaa

Gaaffiiwwan kanaan gadii akkaataa dubbisichaatti deebisi.

1. Jalqaba afaaniirratti yaaxxinoota dhiyaatan keessaa isa kamiin deggerta? Maaliif?
2. Akka afaanii kan wal-quunnamtii milkaa'ina gonfachiisu; akka namaa kan afaaniirratti to'annaa qabu hinjiru yoo jedhu maal jechuu isaati?
3. Ilaalchi hiriyaan kee jalqaba afaaniirratti qabu isa kan keetiirraa addaa?
4. Tokkummaafi garaagarummaa yaadolee ijoo keeyyata lammaffaafi afuraffaa keessatti dhiyaatanii ibsi.
5. Daa'imni Oromoo tokko akkuma dhalateen gara biyya faranjiitti geffamtee achitti yoo guddate, afaan bakka guddinaa kanaa baraa? Yaanni kun jalqaba afaaniitiin akkamitti walitti hidhata?

## Barannoo 3: Dubbachuu

Ogummaan dubbachuu dubbachuudhaan baratama. Tooftaalee dubbiidhaaf haala mijeessu keessaa inni tokko, falmiidha. Falmiin gareewwan lamaafi isaa ol gidduutti yaadaan mo'achuuf dubbii geggeeffamu yoo ta'u, akkaataa itti jalqabamuufi xumuramu qaba. Falmaa cimaa ta'uufi yaadaan mo'achuuf gama hir'ina garee ykn nama ittiin falminuu ka'umsa taasifachuufi dhimma qabanne sana ragaadhaan deggeruun gaariidha. Waliin dubbiinis, tooftaalee dubbachuu keessaa kan biroo ta'ee, namoota lama ykn gareewwan lama gidduutti kan geggeeffamu yoo ta'u akka falmii mo'uufi mo'achuurraatti kan xiyyeeffatu miti. Odeeffannoo wal-jijjiiruufi ogummaa dubbachuu gonfachiisuu keessatti garuu ga'ee guddaa qaba.



### Gilgaala 7

### Shaakala Falmii

Yaaxxinoonni jalqaba afaaniirratti dhiyaatan kanaan gadiitti garee sadii jalatti dhiyaatanii jiru. Gareewwan kana keessaa tokko jalatti of ramaduun bakka barsiisaan keessan akka abbaa seeraatti tajaajilutti falmii geggeessa.

Garee	mata duree falmii
A.	Afaan namatu uummate
B.	Afaan adeemsa tirataan uumame
C.	Afaan kennaa Waaqaati

## Barannoo 4: Caasluga



### Gilgaala 8

### Shaakala Birsagaa

A. Fakkeenya kanaan gadii hordofuun jechoota itti aanan birsagatti qoodi.

Fkn.

#### Jecha

dachaa

gurgurame

#### birsaga

da, chaa

gur, gu, ra, me

#### baay'ina birsagaa

2

4

#### Jecha

1. barumsa

2. ulfina

3. waadaa

4. gamna

5. gurgurtaa

6. foon

7. as

8. duulchise

#### birsaga

\_\_\_\_\_

\_\_\_\_\_

\_\_\_\_\_

\_\_\_\_\_

\_\_\_\_\_

\_\_\_\_\_

\_\_\_\_\_

\_\_\_\_\_

#### baay'ina birsagaa

\_\_\_\_\_

\_\_\_\_\_

\_\_\_\_\_

\_\_\_\_\_

\_\_\_\_\_

\_\_\_\_\_

\_\_\_\_\_

\_\_\_\_\_

B. Fakkeenyi itti aanu gosa birsagaarratti xiyyeeffata. Fakkeenyicha qalbeeffachuun gaaffiiwwan itti aanan deebisi.

Fkn.

#### Jecha

lama

fardaan

#### birsaga

la, ma

far, daan

#### gosa birsagaa

birsaga banamaa

birsaga cufamaa

1. loomii

3. kurkure

5. mukarra

7. kirkira

9. of

2. yoom

4. taphatame

6. fincila

8. ol

10. akka

- C. Jechoota gabatee kanaan gadii keessatti dhiyaatan birsagoota salphaafi jabaatti addaan qoodi.

jechaa	birsaga salphaa	birsaga jaba
tilmaama		
afaan		
sardiida		
yaaxxina		
akkeessaa		
wal-kipha		

- D. Caasaalee kanaan gaditti kennaman faana bu'uun birsaga ijaari.

1.  $d_m d_s d_m$  \_\_\_\_\_
2.  $d_s d_s$  \_\_\_\_\_
3.  $d_s$  \_\_\_\_\_
4.  $d_m d_s$  \_\_\_\_\_
5.  $d_m d_s d_s d_m$  \_\_\_\_\_

- E. Gabateen kanaan gadii shaakala adda addaa olitti birsagarratti taasisame keessatti hubannoo arganne madaala. Kanaafuu, gareedhaan ta'uun jechoota gabaticha keessatti dhiyaatan shaakalaa.

jecha	birsaga	gosa birsagaa	baay'ina birsagaa	caasaa birsagaa

F. Fakkeenya itti aanurratti hundaa’uun jechoota dhiyaatan keessaa qaamolee birsagaa addaan baasi.


Fkn.

	birsaga	ka’umsa	utubaa	cufa
birsaga	bir, sa, ga	b, s, g	i, a	r
gosa	go, sa	g, s	o, a	–

- |              |            |
|--------------|------------|
| 1. gooroo    | 2. gabbara |
| 3. amajaajii | 4. manneen |
| 5. laagaa    |            |

G. Fakkeenya kennamerratti hundaa’uun qaama birsagoota dhiyaatan caasaan agarsiisi.

Fkn. gama ga, ma



**Jechoota**

1. manneen
2. firfirse
3. farda
4. barumsa

**birsagoota**

- |              |
|--------------|
| man, neen    |
| fir, fir, se |
| far, da      |
| ba, rum, sa  |




## Gilgaala 9

## Shaakala Dhamjechootaa

Himoota gaditti dhiyaatan keessatti qaamolee jechaa jala sararaman qalbeeffadhu.

1. Qabaxiileen jalqaba afaaniirratti dhiyaatan baay'een isaanii wal-mormu.
2. Akkuma yeroo ammaa, namoonni durii hojiiwwan ciccimoo gamtaan hojjechaa turan.
3. Sagaleewwan uumamaan dhaga'aman akkeessuun afaan uumame mala-dhayiitiin jedhu jechoota sagalee isaaniitiin wal-fakkaatan ka'umsa taasifata.
4. Yaaxxinni afaan namatu uummate jedhu na amansiise.

Caasaalee himoota 1-4 jalatti dhiyaatan keessatti kanneen jala sararaman fufiileedha. Jechoota fufiilee kunneen ofirraa qaban keessaa lama fudhachuun caatoo isaanii akka kanaan gadiitti dhiyaateera.



fufiileen kunis tajaajila itti aanu qabaachuu danda'u.

fufiilee	tajaajila fufiilee
{-e}	raawwii darbe
{-n} \	matim-mul'istuu
{-oota}	danummaa agarsiisa
{-a}	aantima kallattii
{-siis-}	raawwachiisaa (taasisaa)

- A. Fakkeenyaafi ibsa olitti dhiyaatan faana bu'uun jechoota kanaan gaditti kennamanirraa fufiilee baasuun tajaajila isaanii agarsiisi. Inni jalqabaa isiniif hojjetameera.

jecha	fufiilee	tajaajila fufiilee
1. mummure	_____	_____
2. barsiise	_____	_____
3. barame	_____	_____
4. barate	_____	_____
5. firfirsisame	_____	_____
6. namoome	_____	_____
7. bukaa'e	_____	_____

- B. Jechoota fufiilee ofirraa qaban shan fudhachuun tajaajila fufiilee isaanii addaan baasi.

jecha	fufiilee	tajaajila

- C. Jechoota kanaan gadiirraa fufiilee jiran dureefi duubeetti addaan qooduun gabatee kenname keessatti guuti.

jecha	akaakuu fufii	
	fufii duree	fufii duubee
deemsise		
yaadeemnu		
namoota		
mummurame		
qale		
nama		
niyaada		



## Gilgaala 10

## Shaakala Himaa

A. Himoota kanaan gadii dhuunfaan itti yaaduun caasaa isaa qalbeeffadhu.

1. Afaaniifi hawaasni wal-malee hinjiraatan.
2. Jalqaba afaaniirratti yaanni waliigalaa tokko dhibullee, yaaxxinoonni garaagaraa jiru.

Caasaan himoota olitti kennamanii garaagara. Qabata garaagarummaa kanaa keessaa inni tokko baay'ina gochimoota himicha keessatti argamaniiti. Himni 'A' jalaa gochima 'hinjiraatan' jedhu qofa waan of keessaa qabuuf leexima (hima salphaa) jedhama. Himni 'B' jalaa ammoo, gochima 'dhibe, jira,' jedhan of keessaa qaba. Akkasumas, hirkachiistuu 'illee' jettu of keessaa qabaachuun isaa ciroo hirkataan akka jiraatu taasise. Kanaafuu, himni gochima tokko qabu salphaa; ciroo hirkataa kan of keessa qabu ammoo, xaxima (hima xaxamaa) ta'u jechuudha.

Fakkeenyaafi ibsa olitti kennamerratti hundaa'uun himoota kanaan gadii leeximaafi xaximatti addaan qoodi. Bu'uurri qoodii keetiis, maal akka ta'e ibsi.

1. Namni Waaqaan qixxaachuuf riqaa ijaaruun qabata addaddummaa afaanii ta'e.
2. Afaan namatu uummate.
3. Yaaxxinni 'Afaan Waaqtu uume,' jedhu jalqaba amantii qaba.
4. Adeemsi tirataan seera uumamaa akka madda afaaniitti dhiyeessa.
5. Osoo afaan kennaa Waaqaa ta'ee aadaadhaan hindhiibamu ture.
6. Yaaxxinoonni jalqaba afaanii wal-mormu.
7. Yoo firri kee si jibbe Waaqni si hingatu.
8. Deemee jira.
9. Marqaan boqqolloo bonee,` baaduu ameessaa wajjin namatti tola.
10. Afaan Oromoo aadaa Oromoo ibsa.

B. Himoonni kanaan gadii caasaa isaaniitiin kanneen olitti dhiyaatanirraa adda. Mee fakkeenya kanarratti hundaa’uun gaaffiiwwan itti aananii dhufan hima dachaafi hima dachaa xaxamaa jechuun deebisi.

Fkn. 1. Haxxeen lafa lixxe; gowwaan taa’ee muge.

2. Obbo Tufaan yammuu barsiisu barattoota keessa deemee deebi’a.

Fakkeenyi olii kunneen keessatti himoonni dhiyaatan caasaadhaan garaagara. Himni ‘A’ jalaa wal-ta’iinsa himoota sasalphaa lamaati. Kanaafuu, hima dachaadha. Inni ‘B’ jalaa ammoo, ciroo hirkataa tokkoofi of danda’aa lama waan of keessaa qabuuf, dacha xaxamaadha.

1. Osoo afaan hinjalqabin, namoonni mallattoon walii galaa, waliifis birmachaa turan.
2. Afaan dur jalqabe; ragaa funaanuun garuu dhiheenya eegale.
3. Yaanni waliigalaa tokko jalqaba afaaniirratti dhibullee, afaan wal-quunnamtii milkeessuun, namni afaaniirratti aboo qabaachuun dhugaa jirudha
4. “Ani hinrafne; boqqolloon hin hafne” jedhe namichi.
5. Ani hanga namaa hinga’u; namni garaa na hinga’u.
6. Yammuu bokkaan roobu nikakawweessa’a; huriin lafa uffisa; cabbiinis nibu’a.

## Barannoo 5: Afoola



### Gilgaala 11

### Shaakala Sirba Daboo ykn Daadoo

Sirbi daboo fi sirbi daadoo garaagarummaa qabu. Yeroo daboo namoonni kadhatamanii waan hojjetaniif, sirbi isaas haalichuma bu’uureffata. Daadoon garuu dugda walii baasuu barbaada. Sirbi haala kana keessatti dhiyaatus amala dugda walii baasuu kana qaba. Sirba daboo ykn daadoo mana ijaarsaa kan galgala erga hojiin xumurame namoonni itti gargaaraman kanaan gadii dubbisuun sirriitti hubadhu.

Wallee: Nooruu yaabiddeenaa noorii

Cooktuu: Nooruu yaabiddeenaa noorii

Wallee: Bishingaa qashaashee  
Qashee gabaa biraa,  
Yaabiddeenaa noorii

Wallee: Nooruu yaabiddeenaa noorii

Cooktuu: Nooruu yaabiddeenaa noorii

Wallee: Bishingaa qashaashee  
Qashee gabaa biraa,  
Yaabiddeenaa noorii

Cooktuu: .....

Wallee: Hiriyaan wal-taatee  
Kan kakattee baatee  
Gadheetu garaa hira  
Yaabiddeenaa noorii

Cooktuu : .....

Wallee: Osoo akka abbaa Raagoo  
Soorii yaabbatanii  
Sagaliin gulufuu  
Osoo akka garaa koo  
Lammii jaallatanii  
Dilbii haammatanii  
Deega bira lufuu  
Yaabiddeenaa noorii.

Cooktuu .....

Wallee: Ijaarraan ijaarii

Gudunfii jabeessi  
 Akka abaabayyuu kee  
 Manni mana raadaa  
 Hundatu araadaa  
 Jabeessi moonaa kee  
 Yaabiddeenaa noorii.

Cooktuu .....

Wallee: Galgalooftuu aduu  
 Citaan qorra fuutee  
 Obaasuu obaastee  
 Irbaata dagatte  
 Qalbiin mana galtee  
 Yaabiddeenaa noorii

A. Sirba daboo olitti dhiyaaterratti hundaa'uun gaaffiiwwan itti aananii jiru deebisi.

1. Dhaamsi walaloo sirba daboo kanaa inni waliigalaa maali?
2. Yoomessa sirba daboo kanaa ibsi.
3. 'Manni mana raadaa hundatu araadaa' yoo jedhu maal jechuu barbaadeeti?
4. Yaanni buufata walaloo kanaa inni dhumaa maali?
5. Walleefi cooktuurratti yaada maalii qabda?

B. Jechoota walaloo sirba daboo dhiyaate keessaa ba'an kanaan gadiitiif hiika isaanii akkaataa galumsaatti barreessi.

1. raada \_\_\_\_\_
2. araada \_\_\_\_\_

3. dilbii \_\_\_\_\_
4. gulufuu \_\_\_\_\_
5. lufuu \_\_\_\_\_
6. qashee \_\_\_\_\_
7. qorra \_\_\_\_\_

C. Walaloo sirba daboo kanaan olii qaaccessuun ergaa isaa gara hololootti deebisi.

Kanaafis, fakkeenya itti aanu faana bu'i.

hiriyaan wal- taatee  
kan kakattee baatee  
gadheetu garaa hira

Aadaa Oromoo keessatti namoonni kaayyoo tokko galmaan gahuuf waliin kakatanii erga bahanii booda gara duubaa ilaaluun hinjiru. Jechi 'hiriya' jedhus, kan garaa walii ta'an waliin ba'anii waliin galanidha. Jechi 'wal-ta'uu' jedhus wantoonni lama akka tokkootti ilaalamudha. Lama tokko ta'uun jechuun ammoo, harka mirgaafi harka bitaa ta'uudha. Addaan bahanii bu'aa buusuu hindanda'an. Namicha yaada hiriyummaa kana diigeen Oromoon gadhee jedha. Gadheen faallaa gaariiti. Gadhummaan ammoo bifa osoo hintaane, ilaalchaafi amala. Kanaafuu, walaloon kun hiriyoonna amala gadhee akka hinqabaanne gorsu ykn jajjabeessu. Walalicha keessatti 'garaa hira' jechuunis sodaatee duuba deebi'a jechuudha. Sodaataan ammoo, uummaticha biratti ilaalcha gaarii waan hinqabneef, gadhee jedhama.

D. Akkaataa sirba daboo kanaan olitti dhiyaateetti 'soba' ykn 'dhugaa' jechuun deebisi. Maaliif soba ykn dhugaa jettes barreessi.

1. Dubbisichi kaayyoo waliiniitiif ba'anii kaayyoo dhuunfaa dursuun gaarii akka ta'e agarsiisa.

Maaliif \_\_\_\_\_

2. Walaloon sirba daboo kun irra caalaa magaalaatti beekama.

Qabata \_\_\_\_\_

3. Akka walaloo sirba daboo dhiyaateetti biddeena faarsuun aadaa Oromooti.

Ragaa \_\_\_\_\_

4. Sirbi daboo aadaa Oromoo keessaa tokko ta'ullee, bu'aan isaa xiqqaadha.

Maaliif \_\_\_\_\_

5. Daadoofi daboon hojii gamtaa keessatti beekamoo ta'anillee, yeroo hunda hinfayyadan.

Qabata \_\_\_\_\_

E. Gaaffiiwwan kanaan gadii gareedhaan irratti mari'achuun dareedhaaf gabaasaa.

1. Manni mana raadaa,  
Hundatu araada, jechuun maal jechuudha?
2. Cooktuufi walleen bakka tokkotti argamuun ammam barbaachisaadha?
3. Ga'een daadon hojii si'achiisuu keessatti qabu maali?

F. Akkaataa walaloo dubbisteetti deebii sirrii ta'e filadhu

1. Sirbi daboo olitti dubbiste kan gaggeeffame,  
A. galgala  
B. baadiyyaatti  
C. magaalaatti  
D. A fi B  
E. 'A' malee hunda

2. Afoola Oromoo keessaa sirbi daboo maaliin adda ta'a?
- Hojjiechaa sirbuun danda'amu
  - Gosa hojii filachuu.
  - Sissi'eessuuf ga'ee guddaa qabaachuu
  - Jechaafi gochaan darbuu
  - 'A' fi 'C' deebiidha.
3. Ergaan buufata walaloo isa dhumaa maali?
- Dhugaatiin turuu isaa
  - Irbaanni yeroon dhiyaachuu dhabuu
  - Abbaa daboo yaadachiisuu
  - Daboon dadhabuu
  - 'A' malee hunda.
4. Daboofi daadon,
- |                   |                     |
|-------------------|---------------------|
| A. Kan uummataati | B. Kan dhuunfaati   |
| C. Nijjjiirama    | D. 'B' malee hunda. |
5. Walleen,
- |                            |                     |
|----------------------------|---------------------|
| A. Kan walaloo baasu       | B. Kan jalaa qabu   |
| C. Kan baasuufi jalaa qabu | D. 'A' malee hunda. |

Sirbi daboo afoola Oromoo keessaa isa tokko ta'ee, afaaniin dhalootaa dhalootatti kan darbuudha. Yeroo baay'ee sirbi daboo bifa walalootiin kan dhiyaatu yoo ta'u, kan walaloo isaa baasuufi kanneen jalaa qaban bakka jiranitti geggeeffama. Namichi sirbicha baasu 'wallee' jedhama. Akka inni sirbicha baasu jajjabaatuuf kanneen sissi'eessan ammoo, cooktuu jedhamu. Sirbi daboo ykn daadoo namoonni dadhabbii malee hojii isaanii akka fiixaan baafatan taasisa; aadaas tursa. Akaakuun sirba daboo garaagara yoo ta'u, boqonnaa kana jalatti kan dhiyaate daboo ykn daadoo mana ijaarsaati.

## Barannoo 6: Barreessuu



### Gilgaala 12

### Shaakala Cuunfaa Barreessuu

- A.** Yaada dubbisa “Afaan Akkamitti Jalqabame?” jedhu keessatti dhiyaate bu’uureffachuun yaaxxinoota, ragaa isaan dhiyeessaniifi ka’umsa isaanii cuunfiitii gabatee kanaan gadii keessatti barreeffamaan barreessi.

Yaaxxinoota jalqaba afaaniirratti dhiyaatan		
akaakuuwwan yaaxxinoota	ka’umsa yaaxxinichaa	ragaa yaaxxinichi jalqaba afaaniirratti dhiyeessu
(a)		(a) (b)
(b)		(a) (b)
(c)		(a) (b)

- B.** Yaaxxinoota gabatee kanaan olii keessatti tarreessiterratti mormii ka’an bakka duwwaa kanaan gadiirratti gabaabsii barreessi.

1. Mormii(lee) yaaxxina (A) jalaarratti ka’an

---



---



---



---

2. Mormii(lee) yaaxxina (B) jalaarratti ka’an

---



---



---



---

3. Mormii(lee) yaaxxina (C) jalaarratti ka’an

---



---



---



---

**C.** Odeeffannoongabateefi bakka duwwaa armaan oliirratti dhiyaatan dubbisa “Afaan Akkamitti Jalqabame?” jedhu kutaa 2<sup>faa</sup> keessatti xiyyeeffatamanii jiru. Isaanuma bu’uura taasifachuun cuunfaa dubbisichaa keeyyatoota kanaan gadittii siif jalqabaman guutuun dhiyeessi.

Jalqaba afaaniirratti yaaxxinoota kennaman keessaa tokko ‘Afaan kennaa Waaqati’ kan jedhudha.

“Afaan namatu uummate,” kan jedhu yaaxxina jalqaba afaaniirratti dhiyaatan keessaa isa biraati. Akka yaaxxina kanaatti maddi afaanii amala hawaasummaati.

Yaaxxinni inni sadafaan adeemsa tiraataadhaan afaan uumame kan jedhudha. Ka’umsi yaaxxina kanaa amala dhala namaati.

**D.** Hamma ammaatti gaaffiiwwaan kallattii garaagaraatiin dubbisa dhaggeeffachuufi dubbisuuf dhiyaatan keessaa ba’an shaakaltee jirta. Yaaxxina jalqaba afaaniirratti dhiyaatan keessaa tokko fillachuun yaada kee barreeffamaan dhiyeessi.

## Boqonnaa 2: Garasuu Dhukii

### Kaayyoo: Xumura barnoota boqonnaa kanaatti:

- yaada ijoo dubbisa addaan baafta.
- hiika jechoota tilmaamta.
- maqaafi gosoota isaa xiinxalta.
- ibsa maqaafi gosoota isaa balbaloomsita.
- geerarsa dhiyaate qaacceessita.

## Barannoo 1: Dubbisuufi Barreessuu



### Gilgaala 1:

### Shaakala Dubbisuun Duraa



- A. Fakkii armaan oliirratti hundaa'uun gaaffiiwwan itti aananii jiran gareedhaan mari'adhaatii deebisaa.
1. Fakkiin armaan olii kan eenyuuti?
  2. Gootota Oromoo keessaa eenyuunfaa beekta ?
  3. Waa'ee Garasuu Dhukii maal beekta ?

B. Hiikaa jechootaa armaan gadii barsiisaa keessaa waliin irratti mar'i'adha.

- |                 |              |
|-----------------|--------------|
| 1. maseeffachuu | 2. booji'ame |
| 3. harka kennuu | 4. milkaa'uu |



### Gilgaala 2:

### Shaakala Yeroo Dubbisuu

A. Gaaffiiwwan armaan gadii akkaataa gaafatamteetti deebisi.

1. Gootummaan Garasuu maaliin ture ?
2. Garasuu lolaaf kan kakaase maali ?

### Garasuu Dhukii ( Abbaa Booraa )

Yaaliin koloneeffattoonni biyyoota Afrikaa gabroomfachuuf taasisan biyyoota muraasa keessatti hinmilkoofne. Biyyoota yaaliin kun keessatti maseene keessaa tokko Itoophiyaadha. Koloniin qabachuuf carraaqqiin Xaaliyaaniin taasiste keessaatti gootonni Itoophiyaa hedduutu wareegaman ; kaan ammoo nibooji'aman; gariin biyyaa bahaan; kaanis 'Harka hin- kenninu,' jechuun hanga dhumaatti falmuun biyyaa isaanii bilisa baasan. Warra osoo diinaaf hinjilbeemfatin hanga dhumaatti falman keessaa Garasuu Dhukii isa tokko.

Garasuu Dhukii abbaa isaa Obbo Dhukii Gulummaafi haadha isaa Aaddee Warqee Elemoorraa Caamsaa 19, 1897 A.L.H. dhalate. Bakki dhaloota isaas karaa Jimmaarraa magaalaa Walisoo cinaatti kan argamu naannoo Maaruu jedhamutti. Umriin isaa barumsaaf akka ga'een, maatiin isaa waldaa amantii Ortodooksii Maaruu Mikaa'el jedhamu barsiisaa mindeessuun obbolaa isaa waliin barumsa mana amantichaa akka hordofu taasisan. Garasuun umrii isaa ijoollummaatti barumsa isaafi jireenya hawaasummaa kanneen birootiin baay'ee cimaa, walii galteerrattis mudaa kan hinqabne waan ta'eef, namoota hunda biratti jaallatamaa ture.

Tapha Garasuun jaallatu keessaa inni guddaan fardaan gulufuudha. Akkuma ijoollee abbaa lafaa naannoo Maaruu, ogummaa fardaan gulufuu, gaachana qolachuu, eeboo darbachuufi, adamoo shaakalaa ture. Abbaa isaa duukaa waltajjii adda addaarratti argamuun akkaataa dubbii barachaa hojiirra oolchuun hunda durse. Ija jabinaafi cimina isaa kanarraa kan ka'e, bifa farda inni yeroo hundaa gulufisiisuu jaallatuun namootaafi hiriyoota isaatiin umrii waggaa kudhanitti maqaan masoo, 'Abbaa Booraa' jedhu kennameef. Yeroo dirree waraanaa ture farda adii yaabbatullee, maqaa dhuma kanaan hamma lubbuun isaa dabartutti waamamaa ture. Yeroo tokko mootii Hayilesillaaseefi haati warraa isaa giiftii Manan bishaan ho'aa lafa keessaa burqu, isa Walisoo daawwachuuf yeroo deemanitti Garasuun farda isaatiin dura, duraa gulufuun karaa agarsiisaa turuurra darbee uummataafi mooticha duratti ba'uun waa'ee naannichaa haasawaa qalbii namaa hawwatuufi ogummaan guutame taasise. Martuu itti gammadee, 'Ijarraa hafi; guddadhu', jedheen. Ogummaafi ciminni akkasumas, ija jabinni isaa qalbii mootiifi giiftii seenee, faara tolaan akka ilaalamu taasise. Odeeffannoo Gabramaariyaam Gaariirraa argameefi waan guyyicha hubatanirraa kan ka'uun guyyuma sana Finfinneetti waamsiisuun Ministeerra Ittisaa keessatti ajaja mootiitiin akka mindeeffamu ta'e. Loltummaan is waggoota torbaaf erga tajaajilee booda jabinaafi amanamummaa isaatiin filatamee itti dhiyeenyaan mooticha akka tajaajilu taasifame. Waggoota muraasaaf mootii erga tajaajilee booda, eeyyama mootiitiin loltoota ilma isaanii Asfaawasanitti makame.

Garasuun loltoota Asfaawasan waliin gara Walloo deemuun achirraas Ambaalaagee kan jiran loltoota Raas Kaasaatti dabalamuun Xaaliyaaniitti duulan. Lola bakka Tamben jedhamtu kan Tigiraayi keessaa jirturratti si'a lama geggeeffameefi kan Maayicawurratti geggeeffame keessaatti loltuu diinaa madfifi matarayasii, qilleensarraan ammoo, xiyyaaraan gaasii summii facaasuun lolu jala dhaabachuu waan dadhabaniif kaan dhumani kaan booji'amanii, kaan ammoo baqatanii lubbuun harkaa ba'anii gara Wallootti deebi'uun karaa Warraa Iluu Finfinnee galan. Haala kana keessatti cimina geggeessummaa isaarraan kan ka'e loltoonni Garasuu dursaa turan.

Kumaalaa Garasuun erga Finfinneetti deebi'ees, osoo wal'aansoofi dadhabbi lolicjaa hinjiilin kutannoofi jaalala biyya isaatiif qaburraa kan ka'e, naannoo dhaloota isaa Maaruu'utti deebi'uun hojii gootummaa itti fufuuf murteesse. Yeroo kana mootii Hayilesillaaseen hooggantoota waraanaa hedduu waliin biyya Ingiliziitti baqatan. Kaan ammoo, Xaaliyaaniitti harka kennaan; Gariinis nibooji'aman; kaan ammoo nidhuman. Kun marti Garasuufi gootota muraasa jilbeemfachiisuu hindandeenye. Waggoota shaniif yeroo Xaaliyaaniin biyyicha bulchaa turte keessatti loltuu qopheeffate waliin riphee loluun diina bahaa-gala dhowwaa ture. Kallattiinis ba'uun diina humna lafoofi qilleensaatiin lolu mo'achaa loltoota hedduu booji'aa, barbadeessaa, kanneen jalaa booji'aman deebifachaa qabsoo hidhannoofi hojii gootummaa itti fufe.

Geggeessitoonni Xaaliyaaniifi baandaan sodaatanii si'a hedduu araaraaf jaarsa erganillee Garasuun gargaarsa uummataafi onnee waan qabuuf shiraafi kiyoo isaaniitiin qabamuu hindandeenye. Roorrisaan, kan biyya abbaa qabu gabroomfate, baandaan biyya isaa saamsisuun Orma jala kaatu ramacii caalaa isaa gube. Keessummaa uummanni Itoopihyaa Xaaliyaanotaan Finfinneerratti mulluu ta'e ija duraa baduu dide. Guyyaa tokkollee osoo miilla isaarra rasaasaan rukutamee loltoonni harkaa dhumani kanneen hafan ammoo diina duratti isa gatani deemanitti , akkas jechuun yaadannoo isaa barreesse. "Ani Garasuudha; hojii koos xumureera; du'us giroo koo miti; kan na yaadessu garuu Finfinneen bakki ummanni koo irratti dhume bilisa baatee osoo hinargin du'uu kooti," jedhuun ture.

Haa ta'u malee yeroo marfame sanatti du'a oolee diinoota harkaa ba'uun madaan isaa fayyee loltoota abdi kutuun faca'an walitti qabuun amma dhumaatti lole. Dhumni hojii gootummaa Garasuus lola Jimmarratti Xaaliyaanii waliin geggeeffamedha. Garasuun loltoota diinaa kan jimmaarra buufatan marsuun yaadesse. Loltoota Garasuun hoogganuun marfamuu cinaatti oduun gara biyyaatti deebi'uu mootii Hayilesillaaseefi gargaarsi Ingilizootaa waan dhaga'ameef, dhangala'uu dhiigaa malee loltoonni Xaaliyaanii warri naannichaa akka harka kennan taasisee, kutaa biyyaa hunda kanneen

qabatanis lakkisanii kaan dhumanii kaanis baqatanii ba'uun Itoophiyaan injifannoo argatte. Kumaalaa Garasuunis, Hayilesillaaseefi uummata Itoophiyaa biratti gootummaafi tooftaa lolaa isaaniitiin hundaa olitti dinqisiifatame. Kanarraan kan ka'e, waamicha mootiirraa taasiifameen loltuu isaa Shawaa Lixaa kan qabsoo finiinsaa tureefi, Jimmaan kan bilisa baase mara dhiisee Finfinnee deeme. "Marti namaa ajajaa waraanaa biyyatti ta'a," jedhee erga innis akkanatti of beeka ture; hojjiin isaas kanaa gadi miti. Mootiin garuu "Biyya Oromoo fudhachuun olaantummaa na dhabsiisa," jechuun waan shakkeef, bulchaa konyaa Caboofi Guraagee taasisuun mudde.

Barri jireenya Garasuu gabaabbachaa deemte. Jabinaafi gootummaan kan harkaa ba'uu hindandeenyetu itti aggaame. Osuma itti gaafatamummaa isaa ba'aa jiruu soorama ba'uufi dhukubsachuun Garasuu firootan isaafi uummata isaa yaaddesse. Dhukkuba isaa kana ogeeyyiin biyya keessaa waan dadhabaniif, qabeenyaan isaa hundi gurguramee mucaan isaan Kumaalaa Tafarraa Garasuu biyya Ingiliziitti geessee akka yaalchisu ta'e. Achittiis fayyuu akka hindandeenye waan hubataniif gara biyyatti deebi'uun du'aan wal'aansoo qabuu eegale. Dhukkubni kaanseerii inni ittiin qabame daran itti cimee ALH Caamsaa 29, 1958 lubbuun isaa dabarte." Ulfina jiraatti dhabe du'aatti hinbarbaadu," jechuun yagguu lubbuun jiru bakka goottoni Itoophiyaa hundi itti awwaalaman bataskaana Siillaasee osoo hintaane, kan ofii isaa ijaarsise bataskaana Caffoo Mikaa'elitti akka awwaalan waan firoota isaa kakachiiseef, sirni awwaala isaa achuma Maaruuutti raawwatame. Seenaan goota Oromoo Kumaalaa Garasuu Dhukii Gulummaa, Maaruuutti jalqabee achumattixumurame.

#### B. Dubbisicharratti hundaa'uun gaaffiiwwan kanaan gadii deebisi.

1. Garasuun eessatti dhalate ? Eessattis awwaalame ?
2. Ogummaan yeroo jalqabaatiif Garasuun ittiin beekame maal ture?
3. Mootii Hayilesillaaseen maaliif Garasuu hoogganna Ittisa biyyaa taasisuu dide?
4. Lola Taanbeenii Maayicawu eenyutu mo'e ?

5. Maqaa masoon Garasuun argate maal ture ?
6. Maqaan haadha Garasuu eenyu?
7. Dhukkubni Kumaalaa Garasuun ittiin du'e maal ture?
8. Maqaan haadha warraa Hayilessillaasee eenyu?
9. Gara loltuu dhufuu Garasuutiif ga'ee guddaa kan taphate eenyu?
10. Gootummaan Garasuu akkamitti xumurame?

C. Himoonna armaan gadii sirrii yoo ta'an 'Dhugaa' dogoggora yoo ta'an garuu 'Soba' jechuun deebisi.

1. Lolli Xaaliyaanii waliin geggeeffame inni dhumaa Maarurratti ture.
2. Hawwiin Garasuu inni guddaan Oromiyaa bulchuu ture.
3. Kaayyoon Xaaliyaanotaa inni guddaan Itoophiyaa bilisa baasuudha.
4. Lola waggoota shaniif geggeeffame keessatti Shawaan Lixaa harka Garasuu turte.
5. Mootii Hayilesillaaseen gara biyyaatti kan deebii'e Garasuufi loltoonni Xaaliyaanii dadhabsiisuu isaanii dhaga'uuni.

D. Jechoota ykn gaaleewwan kanaan gadiitiif moggoo(synonyms) ta'a kan jettu bakka duwwaa kennamerratti barreessi.

- |                         |                      |
|-------------------------|----------------------|
| 1. riphee lola _____    | 2. harka kenne _____ |
| 3. adda godhachuu _____ | 4. kutannoo _____    |
| 5. shira _____          |                      |

E. Jechootaa ykn gaaleewwan kanaan gadiitiif faallaa isaanii barbaadi.

- |                      |                      |
|----------------------|----------------------|
| 1. mo'iinsa _____    | 2. danqaman _____    |
| 3. goota _____       | 4. yaaddeessaa _____ |
| 5. angafa _____      | 6. hayyamamaa _____  |
| 7. du'a _____        | 8. ba'uu _____       |
| 9. wal-dhabbii _____ | 10. olaanaa _____    |



### Gilgaala 3: Shaakala Dubbisuun Boodaa

Akkaataa gaafatamanitti gareedhaan mariyadhaatii deebisa.

1. Garasuufi hiriyoonni isaa bittaa garbummaa Xaaliyaanii diduun attamiin lolaa turani?
2. Ati hojii gootummaa Garasuun raawwate attaamiin ilaalta?
3. Osoo si ta'ee ari'amarra osoo jirtuu hiriyoonni kee yoo sigatan, tarkaanfii akkamii fudhatta?
4. Seenaa Garasuu Dhukiirraa maal baratte?
5. Namoonni Garasuu waliin hojii gootummaa raawwachaa turan Xaaliyaaniin erga moo'ante booda iddoo gaarii argatan jettee yaadda? Maaliif?

## Barannoo 2: Caasluga



### Gilgaala 4 Shaakala Maqaafi Maqibsa

A. Himoota kanaan gadii keessaa maqaafi maqibsa addaan baasi. Ulaagaa irratti hundaa'uun addaan baafte barreessi.

1. Konkolaataan guddaan bitame.
2. Manni keenyaa guddaadha.
3. Intala qalloo barredduu qaba.
4. Obbo Waaqeen farda odolcha dhangalaasaa deema.
5. Huccuu dheeraa uffatti.
6. Namni guddina biyyaatiif yaadu, yeruma mara yaada ijaarsaa dhiyeessa.
7. Abbaan koo ilma sodaataa hinjaallatu.
8. Ilma amala –qabeessa waaqatu namaa kenna.
9. Yoo gadhummaa ta'e malee, eenyutu biyya isaa jibba?
10. Qodaa cabaan bishaan yaasa.

B. Maqaalee armaan gadii warra bu'uuraafi warra uumamtee jechuun addaan qoodi.

- |             |                |           |
|-------------|----------------|-----------|
| 1. filannoo | 4. jaarsa      | 7. ija    |
| 2. qaalii   | 5. ijoollummaa | 8. ibsaa  |
| 3. laga     | 6. ijoollee    | 9. eegee  |
|             |                | 10. qabee |

C. Jechoota kanaan gadii maqibsoota bu'uuraafi maqibsoota uumamtee jechuun addaan qoodi.

- |              |           |
|--------------|-----------|
| 1. bulee     | 4. bal'aa |
| 2. cuquliisa | 5. haphii |
| 3. huqqataa  | 6. furdaa |

D. Jechoota armaan gadii akaakuu maqaalee beektu jalatti ramadi.

- |            |                 |             |
|------------|-----------------|-------------|
| 1. nama    | 5. Afaan Oromoo | 8. jiraataa |
| 2. muka    | 6. Oromummaa    | 9. diddaa   |
| 3. Jimmaa  | 7. gootaa       | 10. maqaa   |
| 4. Garasuu |                 |             |

E. Maqibsoota hima armaan gaditti dhiyaate keessaa fakkeenya siif kenname faana bu'uun garee isaaniitti ramadi.

Fkn. gurraacha - maqibsa biffaa

gaarii - maqibsa amalaa

kam - maqibsa gaaffii

1. Guutaan ilma goota qaba.

Akaakuu maqibsa \_\_\_\_\_

2. Aaddee Badhaaneen arjaadha.

Akaakuu maqibsa \_\_\_\_\_

3. Garasuun qabsoo hadhaawaa taasisa.

Akaakuu maqibsa \_\_\_\_\_

4. Mana kana bookaatu jira  
Akaakuu maqibsaa \_\_\_\_\_
5. Gurbaa fokkisaa sanatu intaala barreedduu sana fuudhe.  
Akaakuu maqibsaa \_\_\_\_\_

F. Akaakuu maqibsoota armaan olitti dhiyaateef fakkeenya mataa keetii sadi, sadii kenni.

Maqibsaa gaaffii \_\_\_\_\_, \_\_\_\_\_, \_\_\_\_\_

Maqiba maalummaa \_\_\_\_\_, \_\_\_\_\_, \_\_\_\_\_

Maqibsaa akeektuu \_\_\_\_\_, \_\_\_\_\_, \_\_\_\_\_

Maqibsaa qabeenya \_\_\_\_\_, \_\_\_\_\_, \_\_\_\_\_

### Barannoo 3: Afoola



#### Gilgaala 9: Shaakala Geerarsaa

A. Geerarsa armaan gadii dubbisuun gaaffiiwwan itti aananii dhiyaatan deebisi.

1. Gaaraa hurrii uffise  
Yooman sodaadhe bakka  
Matarayyasii kolfee  
Fanjii lafaa guungumee  
Yoomaan sodaadha morka  
Beelaaf dheebuun gubadhee  
Yooman yaade waa'ee koo  
Bututee burkutaa'een  
Bilisoomse biyya koo

2. Bara mootiin baqatee  
 Diinni lootii naqate  
 Biyya diinaaf lakkise  
 Kormii Gararsuu Dhukii  
 Leenci baddaa Salaalee  
 Seexaa koo yooman dhiise  
 Shukkaan garaa tarsaaseen  
 Dhiiga allayyaatti yaase  
 Irraangadee kuffiseen  
 Huuba qoonqoo mul'ise.

1. Geerarsi kun kan maaliiti ?
2. Ergaan geerarsa buusaa 1<sup>ffaa</sup> maali?
3. Akka geerarsa buusaa 3<sup>ffaatti</sup> kan diina biyyarratti dhiisee baqate,  
kan falmee, bilisoomse eenyu?
4. Geerarsi buufata sadiin dhiyaate armaan olii toora meeqa qaba ?
5. Ergaan geerarsa buusoota sadanii maal akka ta'e fuula tokkoon  
qacceessun dareedhaaf dubbisi.

B. Garee gareetti qoodamuun geerarsa qabiyyee adda addaa qabu  
 dhiyeessuun qaaceessaa. Qabiyyeewwan muraasnii armaan gadiitti  
 isiniif dhiyaatanii jiru.

tuffii

faarsuu

seexessuu

balaalleffachuu wkf

## Boqonnaa 3: Namootaafi Bineensota

### Kaayyoo: Xumura barnoota boqonnaa kanaatti:

- addaddummaa namaafi bineensotaa himta.
- yaada ijoo dubbisaa addaan baafatta.
- galumsarratti hundaa’uun hiika jechootaa kennita.
- yaada jechoonni bakka bu’an ibsita.
- bamaqaatti gargaaramuun hima ijaarta.
- sirna tuqaalee keessaa tuqlameefi waraabbiitti fayyadamta.
- sheekkoowwan bineensotaa adda addaa qaaccessita.

## Barannoo 1: Dhaggeeffachuufi Dubbachuu



### Gilgaala 1:

### Shaakala Dhaggeeffachuun Duraa



A. Fakkiiwwan armaan olitti dhiyaatan bu’uureffachuun gaaffiiwwan armaan gadii gareen irratti mari’achuun dareef gabaasaa.

1. Fakkiiwwan dhiyaatan maal agarsiisu?
2. Tokkummaafi addaddummaan fakkiiwwan ‘A’ fi ‘B’ maali?
3. Sochii dhalli namaa mana ijaaruuftaasisu tarreessaa.

B. Jechoonni kanaan gadii dubbisa dhaggeeffachuuf deemtan keessaa ba'an. Hiika isaaniirratti gareen mari'adhaa.

1. horachuu
2. kenna
3. taree
4. carraaquu



### Gilgaala 2: Shaakala Yeroo Dhaggeeffachuu

Gilgaala kana jalatti barreeffama mata dureen isaa 'Adda Addummaafi Tokkummaa Namaafi Bineensota,' jedhu kan barsiisaan keessan isiniif dubbisu; isin ammoo dhaggeeffachuuf jirtu. Barreeffamichi si'a sadii kan isiniif dubbifamu yoo ta'u, si'a duraa callisaan, si'a 2<sup>ffaa</sup> keeyyata armaan gadii keessatti bakka duwwaa dhiyaate guutaa, si'a 3<sup>ffaa</sup> ammoo, sirriitti guutuu keessan mirkaneeffachaa dhaggeeffattu.

### Adda Addummaafi Tokkummaa Namaafi Bineeldotaa

Dhala namaa lubuu-qabeeyyii biroorraa kan adda taasisu keessaa inni tokko \_\_\_\_\_ fi \_\_\_\_\_ horachuudha. Dhalli namaa \_\_\_\_\_ yaadduu isa dandeessisu waliin dhalachuun adeemsa keessa daangaa yaada isaa bal'ifachaa deema. Itti yaadee \_\_\_\_\_; hojjetees itti \_\_\_\_\_ . Haaluma kanaan, muuxannoofi ogummaawwan akka \_\_\_\_\_, \_\_\_\_\_, \_\_\_\_\_ fi meeshaalee dhimmoonni kun ittiin hojjetaman qopheessuufi uumuun gabbifachaa deeme. Lubbu-qabeeyyiin biroo garuu haala akkasiitiin \_\_\_\_\_ fi \_\_\_\_\_ isaanii guddisuu keessatti kenna hinqaban. Haa ta'uu malee, lubbu-qabeeyyiin akka sareefi adurreefaa leenjifamuun konkolaataa oofuuf carraaquu danda'u. Ta'ullee,

yaadanii ogummaa kana fooyyeffachuufi waan haaraa uumuu hindanda'an.

Addummaan dhala namaa inni biraan \_\_\_\_\_  
fi \_\_\_\_\_ qabaachuudha. Dhalli namaa dandeettii  
kana waan qabuuf, haala naannoo isaatiin wal-simsiisee  
fooyyeffachaa, \_\_\_\_\_ keessattis dhimma itti ba'aafi  
\_\_\_\_\_ isaas ibsata. Lubbu-qabeeyyiin biroo garuu  
wal-quunnamtii uumuu danda'anillee, afaan akka kan dhala nama  
\_\_\_\_\_irraa uumamee \_\_\_\_\_  
ta'e hinqaban. Simbirri 'parot' jedhamu isa namni jedhe irra- deebi'ee  
sagaleessuu danda'ullee ofii uumee itti fayyadamuu hindanda'u.

Gabaabumatti, dhalli namaa wantoota wal-xaxaa ta'an  
\_\_\_\_\_, \_\_\_\_\_ akkasumas, \_\_\_\_\_ itti jiraachuu  
danda'a. Afaan dhimmoota isaa kana karaa hiikaa qabeessa ta'een isaaf  
\_\_\_\_\_, \_\_\_\_\_ niqaba. Lubbu-  
qabeeyyiin biroo garuu kana gochuu hindanda'an.



### Gilgaala 3: Shaakala Dhaggeeffachuun Boodaa

Gaaffiiwwan kanaan gadii akkaataa gaafatamteen deebisi.

1. Cimdiin ta'uun odeeffannoo dubbisa dhaggeeffachuun argattanii bakka duwwaa guuttan irratti mari'achuun dareedhaaf gabaasaa.
2. Odeeffannoo ittiin bakka duwwaa guuttaniin hima ijoo "Wantoota Dhala Namaa Bineensarraa Adda Taasisu," jedhuu keeyyata tokkotti cuufuun barreessaa .
3. Yaadni ijoo dubbisa dhaggeeffattee maali?
4. Sababni dhalli namaa lubbu-qabeeyyii biroorraa adda ta'eef maal sitti fakkaata?

## Barannoo 2: Dubbisuufi Dubbachuu



### Gilgaala 4:

### Shaakala Dubbisuun Duraa

A. Gaaffiiwwan kanaan gaditti dhiyaatan gareedhaan irratti mari'achuun afaaniin dareedhaaf gabaasa.

1. Namni kan bineensi hinhojjenne maalfaa hojjeta?
2. Bineensonni waan dhalli namaa dalaguu hindandeenye nida-laguu? Maaliif /maalfaa?
3. Namaafi bineensa wantoota adda taasisan shan gabatee kanaan gadii keessatti tarreessaa.

Dalagaalee namaa	Dalagaalee bineensaa
1.	
2.	
3.	
4.	
5.	

B. Jechoonni kanaan gadii dubbisa dhiyaate keessaa ba'an. Cimdiin ta'uun hiika isaanii tilmaamaa.

1. qaxxaamuruu
2. dandamachuu
3. solloqa
4. bineelda



### Gilgaala 5: Shaakala Yeroo Dubbisuu

- A. Keeyyata seensaafi keeyyata goolabaa dubbisa armaan gadii saffisaan dubbisuun gaaffiiwwan kana deebisi.
1. Yaanni ijoon dubbisichaa maali?
  2. Garaagarummaan bu'uuraa namaafi bineensa gidduu jiru maali?

#### Namaafi Bineensota

Namni beellada amala hawaasummaa qabudha. Amala isaa kanatu waliin jireenya cimsa. Kanaarraan kan ka'e biyyi namni tokko qofaan keessa jiraatu hinjiru. Biyya dhiisii, mana namni tokko qofti keessa jiraatu argachuun rakkisaadha. Gaddi, gammachuun, daboon, daadoofi wkf hirmaannaa namootaa barbaadu. Hawaasni yoo mammaaku, " Namni namaaf qoricha; mukni tokko ni'aarti moo nibobaati? Kirriin wal-qabattee arba hiiti," jechuun barbaachisummaa jireenyaa gamtaa calaqqisiisa.

Baay'inni namoota lafarra jiraatanii biliyoona jahaa olitti tilmaamama. Kunis, kanneen baadiyaafi magaalaa jiraatan hammata. Namoonni bakka adda addaa jiraatan kun ga'umsa sammuufi ogummaa haaraa kan bineensotarraa adda taasisu qabu. Kanaanis, yaaduufi hojjechuun naannoo isaanii akka isaaniif tolutti mijeeffatu. Fakkeenyaaf, dhagaa walitti buusuun abidda kalaquu, uffata dha'uu, dawoo ijaaruun qorra, roobaafi aduu ofirraa ittisu. Milkaa'ina hojii kanaatiifis wantoota naannoo isaaniitti argaman, kanneen akka dhagaa, mukaafi biyyoorraa meeshaalee adda addaa tolchuun fayyadamuun gara bu'aa saayinsiifi teeknooloojiitti dhimma ba'uutti ce'an. Bu'aa kanaan, naannoo isaaniirra darbanii ji'arra qubachuu, tulluuwwan dhedheeroorra ba'uun, garaa galaanaa jalas qaxxaamuran. Kana nama malee bineensonni hindanda'an. Bineensi tokko tokko garuu nama akkeessuu danda'u. Dhagaadhaan ija mukaa cabsanii nyaatu; mukaan ija isaa harcaafatu. Haata'u malee, carraaqqiin isaanii dandeettii

cimaafi qorannoo wal-xaxaa waan gaafatu miti. Bu'uurri isaaniis kan labataaf darbu miti-achumeedha. Jijjiiramaafi fooyya'iinsaaf qophaa'oo miti jechuudha. Baalaafi ija mukaa funaanuun kan namni qopheesse saamuu, butanii kaachuu malee ofii hinqopheessatan. Lubbu-qabeeyyiin kun rifeensa qorraafi aduu ittiin dandammatan uumamaan badhaafamanii jiru.

Gama biraatiin, bineeldonni akka saree, adurreefi waraabessaa ija alkaniin argu qabu. Dandeettii kanaanis wantoota dukkana keessaa addaan baafatu. Saroonni fuunfachuun ga'umsa waan qabaniif, yoo leenjifaman akka xirinyaachootti tajaajiluu danda'u. Simbirroonni ammoo, alaala deemuun osoo hindagatiin bakkichatti deebi'u. Kanneen akka joobiraafaas alaallatti arguuf ga'umsa qabu. Kanniisni, daamuun, boombiifi bookeen waan mi'aawaa hojjechuuf beekumsa qabu. Kana mara uumamaan gonfatan. Beekumsi kun garuu kan fooyya'aafi jijjiiramaa deemu miti.

Namoonni badhaasa uumamaan argatanirraa ka'uun dhawaata fooyya'iinsaafi jijjiirama argamsiisaa har'a ga'an. Akka yaaxxinni tokkoo tokko ibsanitti adeemsa tirataa (Evolution process) keessa namni miilla afuriin deemuun isaa hafee, harki deemsarraa bilisa ta'uun waa cabsuufi waa cobsuu eegale. Sammuunis yaadee solloqa (cave) keessa jiraachuura muka muree dhagaa guuree mana ijaaru, facaasee biqilafachuu wal-fuudhee baay'achuu eegale. Kana malees, wantoota uumamaan jiranirraa dhibee isaatiif dawaa soquu, beekumsa argachuufi rakkoo furuuf qorannoo geggeessuu itti fufe. Kan namni ittiin bineensotarraa adda ta'e inni biraan, dandeettii afaan baruufi itti fayyadamuu qabaachuu isaati. Akka hayyoota xinqooqa sammuutti (psycholinguists) afaan baruuf kan tajaajilu bakki murtaa'an tokko sammuu dhala namaa keessa jira. Innis, kan lubbu-qabeeyyii biroorra niyabbata. Kutaa sammuu kanatu dubbachuufi hubachuuf gargaara. Bu'uuruma kanaan, muuxannoowwan darban isa har'aa, kan har'aa isa boruun wal-qabsiisuun jijjiiramaa, fooyya'aa guddina naannichaatiif gumaachama. Bineensonni garuu kan ta'ee darbe hinyaadatan; kan ta'uuf jiruu hintilmaaman-kan har'aa boruuf hinsuuqqatan.

Bakki addummaa namaafi bineensotaa inni guddaanis kanuma.

Dimshaashumatti, namni dandeettii yaaduu, afaan baruufi itti fayyadamuu akkasumas, muuxannoofi beekumsa nattoo kan jijjiiramaafi guddina naannoo isaatiifoolankuufachuundhalootaaf dabarsaa deema. Bineensonni garuu jijjiirama ofiifi naannoo isaaniitiif gumaachi isaan taasisan hinjiru. Kun ammoo, adda addummaan yeroo ammaa agarru namaafi bineensa gidduutti akka uumamu taasisee jira.

#### B. Gaaffiiwwan kanaan gadii akkaataa dubbisichatti deebisi.

1. Namootaafi bineensota gidduu garaagarummaa akkamiitu jira?
2. Wal-quunnamtii dhalli namaa taasisu kan bineensotaarraa maaltu adda taasisa?
3. Namoonni ogummaa muka soofuu, wayyaa dha'uu, callaa oomishuu eessa argatan?
4. Bineensonni tokko tokko beekumsa waan mi'aawaa hojjechuu qabu.
  - a. Bineensonni sun warra kami?
  - b. Beekumsa kana eessaa argatan?
  - c. Yeroodha yerootti fooyyeffachuu danda'u? Maaliif?
  - d. Labataaf darbuu danda'a? Maaliif?
5. Simbirri waan namni jedhu irra deebitee dubbachuu dandeessu kami?
6. Ogummaan namaa yeroodhaa yerootti fooyya'aa deema. Labataafis nidarba. Kanaaf ka'umsi maali?
7. Namoonniifi bineensonni maaliin qorra, aduufi bokkaa ofirraa ittisu?
8. Namoonni ogummaawwan amma jiran kana eessaa argatan?

C. Gaaffiiwwan kanaan gadii akkaataa dubbisichaatti ‘Soba’ ykn ‘Dhugaa’ jechuun sababa waliin deebisi.

1. Adda addummaa namaafi bineensota gidduu jiruuf ka’umsi naannoodha.
2. Namni ciminaafi dandeettii qabuun bineeldota lafa kanarraa nicaala.
3. Akka hayyoota xinqooqa sammuutti kutaan sammuu dhala namaa kan afaan baruuf fayyadu jira.
4. Daandeettiin afaan baruu uumamaan dhala namaa qofaaf kenname.
5. Bineeldonni akka sareef jaldeessaa leenjifamanii konkolaataa ofuufi ogummicha gabbifachuu danda’u.

D. Akkaataa dubbisichaatti gaaffiiwwan dhiyaataniif deebii hundarra wayya jettu filadhu.

1. Nama bineelda hawaasummaa kan jechisiise
  - A. Amalli dhuunfaa namootaa wal-simachuu isaa
  - B. Uumamaan amala dhuunfaa dhabuu namootaa
  - C. Walii tumsuun amala hallanyummaa qabaachuu isaa
  - D. Fedhii isaa guuttachuu keessatti hirmaannaan garee kan dhuunfaarraa wayyuu isaa .
  - E. ‘D’ malee hunda.
2. Kanneen keessaa kan bineeldota namarraa adda taasisu isa kami?
  - A. Dandeettii uumamaa dhabuu isaanii
  - B. Yaadaafi ogummaa wal-xaxaa qabaachuu isaanii.
  - C. Miil-arfee ta’uu isaanii
  - D. alala guuruufi bosona jiraachuu isaanii
  - E. ‘C’ malee hunduu deebii miti

3. Namni maaliin bineldarraa adda ta'a?
  - A. Ogummaa yeroo, yerootti fooyya'uu horachuun
  - B. Mana keessa jiraachuun
  - C. Afaan baruufi itti fayyadamuu danda'uun
  - D. yaaduufi hubachuu danda'uun
  - E. 'B' malee hunduu deebii ta'a
4. Mammaaksi Mukni tokko ni'aartii moo nibobbaati? jedhu maal hubachiisa ?
  - A. Barbaachisummaa hallanyummaa
  - B. Barbaachisummaa jireenya gamtaa
  - C. 'A' fi 'B'n deebiidha
  - D. Hunda
5. Kanneen keessaa hojii bineensotaa kan hintaane.
  - A. Mandhee tolfachuu
  - B. Ija mukaa harcaafachuu
  - C. Bosona keessa jiraachuu
  - D. Kennaa uumamaa fayyadamuu dhabuu
  - E. Deebii hinqabu.
6. Hunda keessaa tokko sirrii miti?
  - A. Dandeettiin afaan baruu odeeffannoo naannootiin wal-qabatee milkaa'ina gonfachiisa,
  - B. Miilla lamaafi afuriin deemuun dandeettii uumamaan jiru bu'uureffata,
  - C. Bineensonni leenjifamanii ogummaa wal-xaxaa horachuu dhabuun dadhabina isaaniiti,
  - E. Ija alkaanii dhabuun namaa filannoo ifa jaallachuu isaa osoo hintaane kennaa uumamaati,

7. Akka dubbisa kanaatti kamtu sirrii miti?
  - A. Dhalli namaafi bineeldonni wal-fakkeenya hinqaban
  - B. Dandeettiin uumamaan jiru bu'uura adda addummaati
  - C. Ijji alkaniifi ijji guyyaa garaa garummaa qaba
  - D. Wal-quunnamtii dhala namaatiif afaan kan bineensotaatiif ammoo mallattoodha.
  - E. Hunduu deebiidha
8. Dandeettiin dhalli namaa uumamaan argate jedhame kanneen keessaa isa kami?
  - A. Dandeettii afaan baruu
  - B. Dandeettii yaaduu
  - C. Dandeettii afaanitti fayyadamuu
  - D. Dandeettii ogummaa isaa fooyyeffachuu
  - E. Deebii hinqabu
9. Kanneen keessaa amala bineeldotaa kan hintaane isa kami?
  - A. Karoorfachuun hojjechuu
  - B. Boriif waa ol suuqqachuu
  - C. Gaddaafi gammachuurratti walii hirmaachuu
  - D. Jijjiirraafi guddina naannoo isaanii keessatti hirmaachuu
  - E. Hundu deebiidha.
10. Akka dubbisichaatti kanneen keessaa kamtu sirriidha?
  - A. Sareen foolii fuuchuuun uumama kaan caalti.
  - B. Joobiraan samii keessa ta'ee lafarratti ilmoo arguu danda'a.
  - C. Adurreefi waraabessi agartuu dukkaana qabu.
  - D. Kanniisni beekumsa dammeessuu uumamaan argatte
  - E. Hunduu deebiidha.



## Gilgaala 6: Shaakala Dubbisuun Boodaa

Gaaffiiwwan kanaan gadii akkaataa gaafatametti deebisi.

1. Namoonni ogummaa ittiin naannoo isaanii jijjiiran qabu. Jijjiiramni kun gar-lameedha; gara yaraatti, gara gaariittis ta'uu mala. Haala kana muuxannoo keetiin wal-qabsiisuun ibsi.
2. Dhalli namaa yaaduu danda'a. Bineeldonni garuu hindanda'an. Maaliif sitti fakkaata?
3. Bineensonni waan ittiin bulan barbaacha daangaa namaa keessaa seenu. Namni garuu karoofatee namas ta'ee bineensa miidhuuf yagguu ba'u agarra.
  - 3a. Gama kanaan gaarummaa namaafi bineensotaa akkamitti ilaalta?
  - 3b. Haalli gama qabeenyaa uumamaa kunuunsuutiin jiruhoo?
  - 3c. Faayidaan yaaduufi yaaduu dadhabuu maal sitti fakkaata?
4. Ilmoo hoolaafi, daa'ima ollaa keetii guyyaa dhaloota isaaniirraa kaasee waan jiru jaarsolii naannoo kee gaafachuun gareedhaaf afaaniin gabaasi.
5. Yaaxxinni tokko tokko namni bineensa miilla afurii akka tureefi adeemsa kanaan bifa ammaa kana akka qabaate agarsiisu . Bineensonni adeemsa kana bifa kana qabaachuu attamitti dadhaban jettee yaadda?
6. Naannoo keetti jaldeessonni miilla lamaaniin deemuuf yagguu carraaqan hordofuun carraaqii daa'imni yeroo deemuu barattuutiin wal-qabsiisi . Adda addummaafi tokkummaa jirus afaaniin dareef gabaasi.

## Barannoo 3: Dubbachuu



### Gilgaala 7:

### Shaakala Waliin Dubbii

Namniifi bineensi waan ittiin adda ta'aniifi wal-fakkaatan niqabu. Akkuma teessuma keessaniitti, garee lamatti qoodamuun gareen tokko wal-fakkeenya namootaafi bineensotaa, gareen biraa ammoo garaagarummaa namaafi bineensotaa, fudhachuun mari'achuun yaada keessan qindeeffadhaa. Itti ansuun, gareewwan lamaan keessaa nama tokko filachuun barattoota fuulduratti ba'uun akka isaan waliin dubbii geggeessan taasisa. Mana keessaa yaada garee keessan cimsu dhiyeessuun nidanda'ama. Yaada keessan bifa kanaan gadiitiin qindeeffachuu dandeessu.

### Namaafi Bineensota

	Bineensonni	Namni
A. Garaagarummaa	Yaaduu hindanda'an • _____ • _____ • _____	Yaaduu danda'u • _____ • _____ • _____
B. Wal-fakkeenya	Lubbu-qabeeyyiidha • _____ • _____	Lubbu-qabeeyyiidha. • _____ • _____

## Barannoo 4: Jechoota



### Gilgaala 8:

### Shaakala Hiika Jechootaa

A. Jechoota kanaan gaditti hima keessatti gurraacheffaman hiika isaanii galumsarraa tilmaamuun bakka duwwaa fuullee isaaniitti kennaman irratti barreessi.

1. Caalaan tulluurra **bahe**. \_\_\_\_\_
2. Caalaan biyyaa **bahe**. \_\_\_\_\_
3. Guutaan mana **bahe**. \_\_\_\_\_
4. Lootoriin naaf **bahe**. \_\_\_\_\_
5. Abdiin abbaa isaatti **bahe**. \_\_\_\_\_
6. Maqa Najjoo ga'ee irraa adda **bahe**. \_\_\_\_\_
7. **Adda** waan hinqabneef, yeruma mara nyaata dhume dhufa. \_\_\_\_\_
8. Dhagaan darbatame **adda** Gooliyaad lixe. \_\_\_\_\_
9. Amalli namaa kan bineensotaarraa adda. \_\_\_\_\_
10. Haati koo 'Adda godhu!' jechuun na eebbiste. \_\_\_\_\_

B. Jechoota armaan gaditti tarreeffamaniin bakka duwwaa keeyyata itti aanee jiru keessatti dhiyaate guuti.

carraaqqii

kalaqa

qaxxaamuruuf

suuqqate

alaalatti

bu'aa bahii

dandammachuuf

wal'aansoo

wal-xaxaa

dhimma bahuu

Dhalli namaa \_\_\_\_1\_\_\_\_ jireenya isaa fooyyeffachuuf taasisu keessatti \_\_\_\_2\_\_\_\_ garaa garaatu isa mudata. Isaan keessaa tokko garaa galaanaa jala \_\_\_\_3\_\_\_\_ n \_\_\_\_4\_\_\_\_ roophii naachaafi dhagaa waliin taasifamudha. Wal'aansoon kunis meeshaa \_\_\_\_5\_\_\_\_ isaatiin argametti \_\_\_\_6\_\_\_\_ n ta'a. Kunis jireenya isaa har'aatiif yaaduun kan kaleessa ol \_\_\_\_7\_\_\_\_ yoo ta'u, innis \_\_\_\_8\_\_\_\_ yaaduuf dandeettii qabaachuu isaa agarsiisa. Kana mara cinatti dhalli namaa ogummaa isaatiin wantoota \_\_\_\_9\_\_\_\_ ta'an kanneen akka ji'arra bahuu gamoowwan qorraafi roobarraa \_\_\_\_10\_\_\_\_ isa dandeessisan kalaquu danda'e.

- C. Jechoota armaan gaditti dhiyaatan kan isaan waliin deeman fakkeenya siif kennamerratti hundaa'uun barbaaduun bakka duwwaa dhiyaaterratti barreessi.

Fkn

Laga - bu'e                      Abbayyaa  
           ce'e                      midhaanii  
           bunaa                    bonee    wkf

1. gaara \_\_\_\_\_
2. garaa galaanaa jala \_\_\_\_\_
3. tulluu \_\_\_\_\_
4. ija \_\_\_\_\_
5. nyaara \_\_\_\_\_
6. garaa \_\_\_\_\_
7. gurra \_\_\_\_\_
8. miilla \_\_\_\_\_
9. funyaan \_\_\_\_\_
10. harka \_\_\_\_\_

## Barannoo 5: Caasluga



### Gilgaala 9: Shaakala Bamaqaa

- A. Bamaqaalee armaan gaditti dhiyaatan keessaa filachuun bakka duwwaa siif kennaman guuti.

isa            nuyi            isa            isaan            ati            ani  
 ishee        nu               inni            isaaf           kee            ana    koo    na

1. Eyyama warra \_\_\_\_\_ malee deemuun miidhaa \_\_\_\_\_ irraan ga'uu danda'a.

2. Haati isaa akka \_\_\_\_\_ dafee gara manaatti deebi’u feeti \_\_\_\_\_ garuu dhiisifatee gala.
3. Haati warraa \_\_\_\_\_ garmalee miidhaagdi. Inni garuu godeessa.
4. Misooma biyyaa \_\_\_\_\_ ariifachiisuuf harka wal-qabannee haakaanu.
5. Inni \_\_\_\_\_ barbaada, \_\_\_\_\_ garuu orma filatte.
6. Osoo akka hawwii \_\_\_\_\_ tii har’umaan soorama. Hawwiin duwwaan garuu gatii hinqabu.
7. Barnoota kee cimtee yoo xumurte, bakka gaariitu \_\_\_\_\_ eeggata.
8. Isaan \_\_\_\_\_ jibbanuu ani \_\_\_\_\_ nan jaalladha.
9. Lammii \_\_\_\_\_ jaalladhu. Ta’uu baannaan Orma osoo hintaane, ofuma jibbite.
10. Namoonni hojii \_\_\_\_\_ tiif xiyyeeffannoo hinlaanne, biyyaafis bu’aa hinbuusan.

**B. Bamaqaaleen armaan gadii dubbisicha keessaa bahan. Bakkichatti maal akka bakka bu’an ibsa.**

- |                             |                         |
|-----------------------------|-------------------------|
| 1. Amala isaa ( keeyyata 1) | 2. Kunis ( keeyyyata 2) |
| 3. Isaaniitti ( keeyyata2)  | 4. Isaan ( keeyyata 7)  |

**C. Bamaqaaleen kanaan gadii bakka matimaafi bakka aantimaa galuu danda’u. Bakka kana lamaanitti addaan qoodi.**

isa	ishee	nuyii	keessan	ani	isaan
isheen	isin	ana	Inni	isaan	keenya
kee	koo	jira	ati		

Bamaqaalee bakka matimaa

Bamaqaalee bakka aantimaa

## Barannoon 6: Afoola



**Gilgala 10:**

Shaakala Sheekkoo Bineensotaa

- A. Sheekkoo kanaan gaditti dhiyaate dubbisuun ergaa inni hawaasa keessatti qaburratti gareen mariyadhaatii dareedhaaf gabaasaa.

### Arbaafi Bineensota Afur

Arbi tokko osoo karaa deemaa jiruu, qilee garba qabu tokko argee waan dheeboteef, bishaanicha dhuguu kajeele. Qilicha gad ilaalaa qarqara isaarra gangalachuu eegale. Osuma jedhuu qilicha keessatti lafa dha'ee dheebuu isaa ba'uu itti fufe. Isaa galaanicha keessaa dorrottaa'ee ciisuu, waraabeyyiin baay'ee beela'an afur itti dufan. Jara keessaa inni tokko, "Asumaa gad utaallee arbicharratti kufnee nyaanna," jedheen. Inni lammaffaan ammoo, 'Qilicha keessaa karaa kam yaana?' jechuun gaafate . Waraabessi inni sadaffaan yoo deebisuuf, "Kan nyaannu arba; kan dhugnu garba; maal barbaacha yaana?" jedheen. Kan afraffaa ammoo, "Arbis nidhuma ; garbis nigu'a; waan hiree keenyaa baadheerra yaanee corachuu wayya malee arba ilaallee qileetti dhumuu hinqabnu," jedheen.

Waraabeyyiin warri duraa sadan waan inni afraffaan itti hime kana didanii arba nyaachuuf murteessan . Inni garuu ammallee irra deebi'ee. " Waa dhaqaa malee waa gala Waaqatu beeka; lakkii isinitti haahafuu; wanti hindhumne hinjiru: lama tokko nyaata; tokko tokko nyaata; kan hafe allaattiitu nyaata," jedhee waan ta'uuf jiru raaguun itti hime . Isaan garuu kana hubachuu hindandeenye. Kanuma har'aa ilaalanii arba nyaachuuf qilee bu'an. Inni afuraffaan biraa deemee hanga turu turee deebi'ee waan isaan ta'an ilaaluuf yoo dhufu, arbicha nyaatanii fixuu ga'anii jiru. Garbichis gu'uu gahee jira. Kana mara ilaalee garaa isaatti, "Hima diddu, du'a hindiddu? jechaa biraa deeme.

Xiqqoo turee yoo deebi’u, arbas garbas fixanii isaanii wallolaa jiru argee biraa kute. Ammas xiqqoo turee yoo deebi’u, waraabessi tokko hinjiru. Achumaan itti lallabee “Attaam jirtan?” jedheen. Isaaniis, “Arbis dhume, garbis gu’ee, kan ati jette sun ga’ee” jechuun sagalee gaabbiitiin deebiisaniif. Si’a sadaffaa marfatee biraa kute. Gaafa biraa yoo deebi’u, tokko tokko nyaatee, kan hafe allaattiin irra marsaa jira. Osuma inni ilaaluu allaattiin guddaan tokko irra qubatee uuruu isaatiin mataa isaa keessa waraane. Innis “An duraanuu isin gorse; warri isin hingorsin isin haagorsani kunoo,” jedhe jedhama.

1. Ergaan sheekkoo kanaa maali?
2. Arbi, galaanniifi allaattiin haala hawaasa qabatamaa keessatti maal bakka bu’u?
3. Waraabeyyii warra duraa sadaniifi isa afraffaa akkamitti ilaalta?
4. Mammaaksonni sheekkicha keessaa bahan kunneen ergaa maalii qabu?
  - A. Waa dhaqaa malee waa gala hinbeekan
  - B. Hima diddu, du’a hindiddu.
5. Waraabessi inni afraffaan maaliif deddeebi’ee warra qilee bu’e ilaala?

**B. Himoonni kanaan gadii sheekkoo dubbiste keessaa bahan. Cimdiin ta’uun ergaa isaan hawaasa keessatti qaban qaaccesaa.**

1. Garbi nigu’a,  
Arbi nidu’a.
2. Itti lallabe,
3. Arbi dhume.  
Garbis gu’e,  
Ka jette ga’e.
4. Warri isin hingorsin isin haagorsan.
5. Isaa galaana keessaa ciisu waraabeyyi warri qoonqa’oon argan.

- C. Gaaffiiwwan armaan gadittiif dhiyaataniif hunda caalaa deebii ta'a kan jettu filannoowwan dhiyaatan keessaa addaan baasi.
1. Osoo akka waraabessa isa afraffaatii kan ta'u kanneen keessaa isa kami?
    - A. Allaattiin waraabeyyii sana hinyaatu.
    - B. Waraabessi waraabessa akka isaa hinyaatu.
    - C. Waraabeyyiin qilee hinbu'an.
    - D. Arbi bokokee hindu'u.
    - E. 'D' malee hunda.
  2. Arbi maaliif bokoke?
 

A. Waan bishaan guuteef	B. Waraabeyyii eeguuf
C. Waan qilee bu'eef	D. Waan du'eef
  3. Waraabeyyii sadanirraa isa afraffaa maaltu adda taasisa?
 

A. Isa darbe yaadachuu	B. Isa har'aa hawwu
C. Isa boodaa tilmaamuu	D. Quufuu isaa
E. Hunda.	
  4. "Qilicha keessaa karaa kam yaanaa?" kan jedhe.
 

A. Waraabessa isa afraffaa	B. Waraabessa isa lammaffaa
C. Waraabessa isa tokkoffaa	D. Arba isa bishaan dheebote
E. Hunda 'D' malee	
  5. Waraabessi inni afraffaan si'a meeqa warra qileetti deebi'e?
 

A. Si'a 3	B. Si'a 4	C. Si'a 2	D. Si'a 5
-----------	-----------	-----------	-----------
- D. Afaan Oromoo keessa sheekoon bineensotaa hedduudha. Atis, sheekoo kana maatii kee gaafattee dhiyeessuun ergaa isaarratti daree keesatti barattoota waliin mari'adhu.

## Barannoo 7: Barreessuu



### Gilgaala 11:

### Shaakala Tuqlameefi Waraabbii

Himoota kanaan gadii keessatti bakka tuqlameefi waraabbiin galuu qabu jettee yaaddu galchuun himicha irra deebi'uun barreessi.

Fkn.

1. Ani waa laman jaalladha: dhugaafi lammii kooti.
  2. Kan namoota bineensotarraa adda taasisan waa lama: yaaduufi dubbachuu
  3. Hojii jaallachuu ilaalchisee Gamtaan yoo dubbatu, “Hojiin kabaja, kabajjis hojjiidha,” jedha.
  4. Kan amma nuti irratti dubbachaa jirru “Hojii jaallachuu” kan jedhudha.
1. Waqtiin bonaa ji'oota armaan gadii qaba Muddee, Amajjiifi Guraandha la nuun jedhe barsiisaan.
  2. Aniifi hiriyaan koo saa'atii 530 beellama qabna
  3. Reeshoon barattoota dhiiraafi dubartii mana barumsaa Baddallee 2 1 ta'a.
  4. Barattoonni ogummaa adda addaa qabu dubbachuu, barreessuu, dubbisuufi dhaggeeffachuu,
  5. Hawwiin ishee waa sadii barumsa, dhirsaa konkolaataa argachuudha.
  6. Akka Maarkis jedhutti nama kan nama taasise hojiiidha.
  7. Ani hinrafne, boqqolloon hinhafne jedhe namichi booyeen fixnaan
  8. Arbis dhume; garbis gu'e, kan ati jette sunis ga'e, jedhanii sagalee gaabbiitiin deebisaniif.
  9. Waraabessi inni afraffaan, arbaafi galaana ilaalee qileetti dhumuu hin qabnu jedhe.
  10. Manichi cimina qaba dhagaa, sibiilaafi simmintoorraa ijaarame.



## Gilgaala 12: Shaakala Keeyyata Barreessuu

Yaada waan dubbistan, waan dhaggeeffattaniifi sheekkoo kanaan olitti shaakaltan cuunfuun keeyyata sadii barreessuun dareef dubbisaa. Sirna tuqaalee barbaachisaa ta'anittis fayyadamaa. Himni ijoo keeyyattootaa armaan gadiitti isiniif dhiyaatee jira.

1. Namni bineensotarraa adda

---



---

2. Bineensota namarraa wantoonni adda taasisan hedduudha. \_\_\_\_\_

---



---



---



---

3. Gabaabumatti namoonniifi bineensonni waan adda isaan taasisan ni qabu. \_\_\_\_\_

---



---



---



---

## Boqonnaa 4: Hirmaannaa Dubartootaa

### Kaayyoo: Xumura barnoota boqonnaa kanaatti:

- ergaa dubbisaa himta.
- hiika jechootaa haala galumsaatiin addaan baafatta.
- seera loojikiitiin himoota waliin makaman sirreessita.
- hima ijoo keeyyata keessaa baasta.
- dhamjechoota addaan baasta.


### Barannoo 1: Dubbisuufi Dubbachuu



#### Gilgaala 1:

#### Shaakala Dubbisuun Duraa

A.



B.



C.



A. Gaaffiiwwan kanaan gadiirratti cimdiin mari'achuun dareedhaaf gabaasaa.

1. Fakkii kanaan olitti dhiyaateraa maal hubattu?
2. Hojiin naannoo keessanitti dubartoonni qofti hojjetan maal fa'i?
3. Hojii dhiirri qofti hojjetu sadii maqaa dha'i

B. Jechoonni armaan gaditti dhiyaatan hubannoo keessanitti gufuu ta'uu malu jechuun barreeffama dubbisuuf deemtan keessaa ba'an. Dubbisuu keessaniin dura hiika isaaniirratti barsiisaa keessan waliin mariyadha.

- |                            |             |
|----------------------------|-------------|
| 1. Harka keessaa qabaachuu | 2. Bobba'uu |
| 3. Tumuu                   | 4. Dhiibbaa |



### Gilgala 2:

### Shaakala Yeroo Dubbisuu

A. Dubbisa armaan gadii keessaa keeyyata seensaafi goolabaa ariitiin dubbisuun gaaffiiwwan itti aananii dhiyaatan deebisi.

1. Uumamaan dhiiraafi dubartiin wal-hincaalan. Maaliif?
2. Wal-qixxummaa dhiiraafi dubartiitti kan gufuu ta'u maali?

### Hirmaannaa Dubartootaa

1. Dhiiraafi dubartii ta'uun adda addummaa uumamaan jirudha. Bu'uurri kun mallattoo adda addummaa kana mirkaneessan dhiyeessuun ala wal-caalmaa isaanii hinagarsiisu. Lamaanuu guddina hawaasa tokkootiif barbaachisoodha. Barbaachisummaan hirmaannaa dhiiraaf dubartii hawaasa hunda biratti wal-qixa hubatamaa jiraa? kan jedhu garuu gaaffii bu'uuraati. Hawaasa tokko keessatti bakki dubartoonni qaban guddisa maatiirraa eegalee hanga fiixaan ba'iinsaafi fooyya'iinsa dinagdeefi siyaasaatti guddaadha. Bakka hundattuu dalagaaleen dubartiin harka keessaa dhabde hinjiru. Qooda fudhannaa isaanii malees jijjiiramaafi guddinni hawwamu hinjiru. Hojiin qorannoo tokko tokko akka mul'isutti biyyoota Sahaaraa gad jiran keessaa maatiin

30% ta’an dubartootaan kan hoogganaman yammuu ta’u, bal’inaan hojii qonnaafi horii horsiisuurratti bobba’anii argamu. Kunis, ijoollee da’uufi guddisuu cinaatti kan isaan hojjetanidha. Midhaan gabaafis ta’ee nyaataaf oomishamaniif itti gaafatamummaa guddaa kan qaban dubartoota. Hojii qonnaa adda addaa kanneen akka lafa oomishaa qulqulleessuu, qotuu, biqiltuu dhaabuu, aramuu, tumuu, galchuufi wkf irra caalaa dubartootaan geggeeffamu. Hojiiwwan bakka biraatti dhiira qofaan hojjetaman kanneen akka qonnaa kan hojjetan dubartoota yammuu ta’an, dhiira caalaa oomishuu akka danda’an qorannoon biraa ga’amee jira. Fakkeenyaaf, Afrikaa gara Lixaatti dubartootaafi dhiirri hojii wal-fakkaaturratti akka bobba’an taasifamee, dubartoonni 7%’n caalmaa agarsiisan.

2. Haata’u malee, osuma ga’een isaanii guddaa ta’ee jiruu, jireenyi dubartootaa biyyoota Sahaaraa gad jiran hedduu keessatti kan dhiiraa waliin wal-bira qabuun yoo ilaalame, gadaanaadha. Dhiibbaan kunis, gama hawaasummaa, dinagdee amantiifi barmaatileetiin bal’inaan mul’ata. Qabatuma dubartii ta’aniif hawaasa biratti akka gadaanaatti lakkaa’amuu, qabeenyaarratti aboo dhabuufi mirga filatamuun siyaasa keessatti qooda fudhachuu dhabuun dhiira jalatti akka bulan taasifamanii jiru. Dhiibbaa barmaatileefi ilaalcha hawaasaarraa ka’een, carraan dubartootaa dhiiraan kan murtaa’u ta’ee argama. Bu’aan beekumsaafi hojiisaanii akka ifa hinbaanes gaaddidduu dhiiraatu golga. Hojiin isaan irratti bobba’uu qabanis warra dhiiraatiin murtaa’ee argama. Fakkeenyaaf, “Yoo midhaan facaasan callaan gaariin hinargamu,” amantaa jedhuun akka hinfacaafne taasifamu. “Mootummaan dubartii karra cufaatti oolchaa,” kan jedhuunis akka isaan siyaasaafi bulchiinsa keessatti hinhirmaanne gufuu ta’anii turan.
3. Karaa biraa ammoo, kanneen akka milkii raajachuu, daa’imummaatti heerumuu, dhaqna qabaafi nyaataan hubamuun qaamaa, fayyaafi

sammuu jaraarratti dhiibbaan inni qabu laayyoo miti. “Mataan manaa abbaa warraa waan ta’eef, maatiin dhiiraan hogganamuu qaba,” kan jedhus dubartoonni jireenya gadaanaa akka geggeessan taasisuurratti shoora guddaa taphatee jira. Gama barumsaatiin yoo ilaalle, dubartoonni 80% ol ta’an biyyoota guddachaa jiran keessatti carraa kana hinarganne. Carraa kana dhabuun ammoo, akka isaan barnoota ammayyaafi beekumsa natoo wal-simsiisuun jijjiiramaaf hin-qophoofne taasisuun gahee isaanii gulantaa olitti daangesse. Bakka tokko tokkotti, ilaalcha dhuunfaafi barmaatileerraan kan ka’e “Dubartiin yoo baratte nicaaphanoofti; aadaa balleessiti,” jedhu. Bakka biraatti ammoo, “Dubartiin barattee eessa geessi?” kan jedhuun barumsarraa dhorkamaa turan. Carraa barachuu kanneen argatan ammoo, sababa hojii mana keessaa, fageenya mana barumsaafi sirna barnootaafi haala naannoo mana barumsaatiin, akka addaan kutan taasisamaa turan. Akka fakkeenya cimaatti hojiin ka’u kan warraa dhiiraa yoo ta’u, kan warra dubartii ammoo akka yaraatti ka’a. Kun ammoo, caalaatti abdiin kutachiisuudhaan manatti deebise.

4. Jireenya dubartootaa jijjiiruuf hawwii jirurraa kan ka’e, biyyoota hedduu keessatti wal-qixxummaan dhiiraafi dubartii seeraan yoo tumamellee, dubartoonni wal-qixa qooda fudhachaa hinjiran. Muuxannoo yeroo dheeraa qabaniifi amantii “Dubartiin dhiiraaf uumamtee,” jedhuurraa kan ka’e ofiin murtee kennuu, jireenya isaanii akka fedhii isaaniitti geggeessuun bal’inaan hinmul’atu. Mirgi dubartootaa gaaffii mirga dhala namaa ta’ee fudhatama argachaa deemullee haalaafi caasaan baroota dheeraaf diriire hojiirra oolmaa isaatti gufuu ta’anii turan.
5. Yeroo ammaa kana garuu, biyya keenyaafi kanneen biroo keessatti mirgi dubartootaa xiyyeeffannoo argachaa dhufee jira. Adeemsuma kanaan dubartoonni baay’een ilaalcha duraanii kan daa’ima guddisuufi hojii mana keessaa qofaan daangeffamuu jijjiiruun siyaasa, amantii, barnootaafi dinagdee keessatti qooda fudhachaa dhufan. Kun ammoo,

mirga isaaniif falmachaa, siyaasni haala mijeessaa dhufuurraa madde. Qixa dhiiraa bu’anii filachuufi filatamuu, qabeenyaa irratti abbooma qabaachuu, barnoota keessatti haalaan hirmaachuufi qooda fudhachaa dhufuu dubartootaatiif, haalli qabatamaan biyya keenyaafi addunyaarratti mul’atu ragaadha. Wal-qixxummaa koorniyaatti kan gufuu ta’e ilaalchiifi illaanyi jijjiiramaa dhufee jira.

6. Walumaa galatti, wal-caalmaa dhiiraafi dubartootaatiif ka’umsa kan ta’e caasaa hawaasaa malee uumamaa miti. Wal-caalmaan kun ammoo, qooda fudhannaa dhiiraafi dubatiirratti dhiibbaa gochuun warra dhiiraatiif loogaa ture. Haata’u malee, yeroo gabaabaa asitti haalli kun jijjiiramuun hirmaannaan dubartootaa fooyya’aa, biyyoota hedduu keessatti hojiin hubannoo horachiisuu geggeeffamuu eegale. Dubartoonnis mirga isaanii falmachuu eegalan. Kanarraan kan ka’e, siyaasa, dinagdee, amantiifi aadaa keessatti hirmaatan.

#### B. Gaaffiiwwan kanaan gadii ‘Soba’ ykn ‘Dhugaa’ jechuun deebisi.

1. Ilaalchiifi illaanyi hawaasa Oromoo keessa ture dubartootaaf iddoo guddaa kenna.
2. Akka qorannoon mul’isutti biyyoota guddachaa jiran keessatti dubartoonni 80% ta’an carraa barnootaa argachaa turan.
3. Sirna barnootaa keessatti iddoo guddaa argachuun dhiiraa xiqqaachuu hirmaannaa dubartootaatiif qabata.
4. Milkii raajatamuufi daa’imummaatti heerumuun dubartootaa carraa isaanii manatti deebise.
5. Akkuma mirgi dubartootaa mirga dhala namaa ta’uun fudhatama argateen, hojiirra oolmaan isaas mirkanaa’e .

C. Gaaffiiwwan kanaan gadii akkaataa dubbisichaatti gareen irratti mari'adhaatii deebisaa.

1. Dhiibbaa dubartootarra ga'aa tureefi rakkoo inni qaqqabsiise tarreessi.

dhiibbaa

rakkoo inni qaqqabsiise

A. \_\_\_\_\_

\_\_\_\_\_

B. \_\_\_\_\_

\_\_\_\_\_

C. \_\_\_\_\_

\_\_\_\_\_

2. Mammaaksotaafi ibsoota (expressions) wal-caalmaa dhiiraafi dubartii

mul'isuuf dubbisa keessatti dhiyaatan tarreessi.

mammaaksoota

ibsoota

A. \_\_\_\_\_

\_\_\_\_\_

B. \_\_\_\_\_

\_\_\_\_\_

C. \_\_\_\_\_

\_\_\_\_\_

3. Akka dubbisichaatti bakki guddaan maaliif dhiiraaf kenname?  
4. Wantoonni akka dubartoonni barnoota isaanii addaan kutan taasisan maal fa'ii?

A. \_\_\_\_\_

B. \_\_\_\_\_

C. \_\_\_\_\_

5. Tooftaalee ittiin beekumsaafi ogummaan dubartii ukaamamaa ture maal fa'ii?

A. \_\_\_\_\_

B. \_\_\_\_\_

C. \_\_\_\_\_

D. Gaaffiiwwan kanaan gadiitiif hundarra deebii ta'a kan jette filannoowwan dhiyaatan keessaa fo'i.

1. Hunda keessaa tokko gad-aantummaa dubartootaa hinmul'isu
  - A. Qabeenyaarratti aboo dhabuu
  - B. Hojii manaa qofaan daangeffamuu
  - C. Hirmaannaa siyaasaa dhabuu
  - D. Kabajamuu dubartootaa
2. Gochaawwan dubartootarraan dhiibbaa ga'aa turan kan hintaane,
  - A. Daa'imummaatti heerumuu
  - B. Milkii raajatamuu
  - C. Dhaqna qabachuu
  - D. Dubartootaa ooguu
  - E. Hunda
3. Wal-Caalmaa dhiiraafi dubartiitiif ka'umsi,
  - A. Ilaalcha dhuunfaa
  - B. Illaanya
  - C. Amantii
  - D. 'A', B' fi 'C'n deebiidha
4. Dhiibbaan dubartootarra ga'aa ture kanneen keessaa kallatti isa kam hin- ilaallatu ?
  - A. Dinagdee
  - B. Siyaasa
  - C. Barnoota
  - D. Aadaa
  - E. Deebii hinqabu
5. Akka qorannoon Afrikaa gara Lixaatti geggeefame mul'isutti,
  - A. Oomisha callaa keessatti ga'een dubartoanni qaban ol aanaa ta'uu
  - B. Ilaalchi warri dhiiraa dubartootaaf qaban gaaffii ta'uu
  - C. Hojiin dubartootaa caaluu isaa warri dhiiraa amanuu
  - D. Loogiiin guddaan warra dubartiitiif ta'uu isaa.
  - E. Hunda.

E. Jechootaafi gaaleewwan kanaan gadiitiif akkaataa dubbisichaatti hiika kenniif.

- |                                 |                               |
|---------------------------------|-------------------------------|
| 1. dhiibbaa                     | 2. aboo                       |
| 3. gufuu                        | 4. milkii                     |
| 5. laayyoo                      | 6. beekumsa natoo             |
| 7. gulantaa olitti daangeffamuu | 8. gaaddidduu dhiiraatu golge |
| 9. manatti deebi'uu             | 10. fiixaa ba'uu              |

F. Jechoonni haala wal-fakkaatu keessatti tajaajilan Afaan Oromoo keessa hedduudha. Fakkeenya siif kenname faana bu'uun kan itti aanu hojjedhu.

Fkn.

dhiibbaa – cunqursaa, miidhaa, loogii, gadi qabaa

- |             |                   |
|-------------|-------------------|
| 1. qabata   | 2. calaqqisiifame |
| 3. oomishuu | 4. bira ga'ame    |
| 5. hori'e   |                   |



### Gilgaala 3:

### Shaakala Dubbisuun Boodaa

A. Gaaffiiwwan kanaan gadii ergaa dubisicharraa argattee muuxannoo keetiin walqabsiisuun ibsi.

1. Hawaasa ati keessa jiraattuufi aadaa ati beektu tokko keessatti.
  - A. Wal-caalmaan dhiiraafi dubartii nimul'ataa? Attamitti?
  - B. Ilaalchi dubartoonni ofiif qaban maal fakkaata?
  - C. Ilaalchi warrii dhiiraa dubartootaaf qabanhoo? Ofii hoo?
  - D. Hirmaannaan dubartoonni qonna, siyaasaafi amantaa keessatti qaban maal fakkaata?

2. Dhiibbaan dubartootarra ga'u baraa-baratti garaagara. Kan waggoota 20 duraafi isaa asii wal-bira qabuun dorgomsiiisuun ibsi. Jijjiiramaafi itti fufiinsa baroottan kana keessatti mul'ataanis ibsi.
3. Namoota ati waliin jiraattu biratti irra caalaa hojii mana keessaa eenyutu hojjeta? Isa alaahoo?
4. Dhiirri hojii mana keessaa yoo dubartii gargaare, dubartiinis isa alaa yoo gargaarte maal sitti fakkaata?

**B. Bineensotaafi sagalee isaanii addaan baafachuuf fakkeenya siif kenname hordofi.**

Fkn.

jaldeessi \_\_\_ niduta, nibuukumsa

weenniin \_\_\_ nikorrisa

1. sareen \_\_\_\_\_
2. booyyeen \_\_\_\_\_
3. bosonuun \_\_\_\_\_
4. qamaleen \_\_\_\_\_
5. simbirroon \_\_\_\_\_
6. leenci \_\_\_\_\_
7. waraabessi \_\_\_\_\_
8. indaanqoon \_\_\_\_\_
9. mar'ataan \_\_\_\_\_
10. qeerransi \_\_\_\_\_

## C. Gaaffiiwwan kanaan gadii akkaataa gaafatamtetti deebisi.

1. Looniif gaana yoo jenne;
  - waraabessaa \_\_\_\_\_
  - gaalaaf \_\_\_\_\_
  - sareef \_\_\_\_\_
2. Kormi horii qabate yoo jenne kormi gaalaa \_\_\_\_\_
3. Kan dhala dhabeen maseena, yoo jenne,
  - Kan dhalaa jirtuun \_\_\_\_\_
  - Kan dhala fixatteen \_\_\_\_\_
4. Re'ee hindhalleen goromtii yoo jenne,
  - Indaanqoo hinhanqaaqiniin \_\_\_\_\_
  - Sa'a hindhaliniin \_\_\_\_\_
  - Nama hinda'iniin \_\_\_\_\_
5. Ilmoo sa'aaf jabbii yoo jenne,
  - Ilmoo gaalaatiif \_\_\_\_\_
  - Ilmoo hoolaaf \_\_\_\_\_
  - Ilmoo namaatiif \_\_\_\_\_
  - Ilmoo harreetiif \_\_\_\_\_
  - ilmoo gafarsaatiif \_\_\_\_\_
  - ilmoo leencaatiif \_\_\_\_\_
  - ilmoo sattawwaatiif \_\_\_\_\_
  - ilmoo bosonuutiif \_\_\_\_\_
6. Harkaaf gumee yoo jenne,
  - Qubaaf \_\_\_\_\_
  - Mormaaf \_\_\_\_\_
  - Gurraaf \_\_\_\_\_
  - Miillaaf \_\_\_\_\_

## Barannoo 2: Dubbachuu



### Gilgaala 4:

### Shaakala Gabaasa Dhiyeessuu

- A. Barannoon kun akka isin mata duree dhiyaaterratti mari'atanii yaada keessan dareedhaaf gabaastan haala mijeessa. Kanaaf gaaffiiwwan dhiyaatan irratti daree guutuun mari'adhaa. Sana booda darichi bakka lamatti qoodamuun afaaniin gabaasa dhiyeessaa.
1. Dhiirriifi dubartiin wal-qixa.
  2. Hojii dhiiraa dubartiin, hojii dubartii ammoo dhiirri hojjechuu danda'a
  3. Abbaafi haati intalaafi ilma isaaniitiif carraa wal-qixa kennuu qabu.
  4. Dubartiin akkuma dhiiraa, biyya bulchuu waan dandeessuuf filatamuu qabdi.
  5. Sodaachuun dhiibbaa hawaasarraa kan ka'e malee dubartoonni uumamaan kan argatan.
- B. Mammaaksota kanaan gadiirratti gareen mariyachuun afaniin dareedhaaf gabaasaa. Dhiibbaa inni dubartootarratti qabuufi yoomessa isaa addaan baasaa .
1. Dubartiin mala hinwallaaltu.
  2. Abbaan manaa mataa manaati.
  3. Dhiirriifi uleen, ulaa achiin tola.
  4. Dubartiin utubaa manaati.
  5. Namoota ciccimoo duuba, dubartoota ciccimootu jira.

## Barannoo 3: Caasluga



### Gilgaala 5: Shaakala Dhamjechootaa

- A. Fakkeenya armaan gaditti kennamerratti hundaa'uun dhamjecha, hundee, fufii (hortee fi yaasaa/ uumamtee/) addaan baasi.

Fkn

Qabame {qab-} dhamjecha hundee  
 {- am-} fufii yaasaa  
 {-e} fufii hortee

Gargaarsisan {gargaar-} hundee jechaa  
 {sis-} fufii yaasaa  
 {-n} fufii hortee

- |             |                 |
|-------------|-----------------|
| 1. deeman   | 2. gulufame     |
| 3. qarate   | 4. qochisiise   |
| 5. horate   | 6. nama         |
| 7. horii    | 8. gaangeedhaan |
| 9. diimesse | 10. diimaa      |
| 11. kute    |                 |

- B. Fufiilee hortee fi uumamtee waliin makamani armaan gaditti dhiyaatan gabatee itti aanee jiru keessatti addaan baasiitti barreessi.

- maata	-am-	- oota	-aa
- e	-n	-lii	-a
- an	-t-	-lee	- uummaa

fufii hortee	fufii yaasaa
- e	- maataa
-	-
-	-
-	-
-	-

- C. Jechoota kanaan gadirraa fufii hortee fi uumamtee baasi.

1. namoonni \_\_\_\_\_
2. gamnummaa \_\_\_\_\_

3. manneen \_\_\_\_\_
4. milkaa'ina \_\_\_\_\_
5. jal'ina \_\_\_\_\_
6. bukaa'e \_\_\_\_\_
7. namoome \_\_\_\_\_

Fufii hortee fi fufii yaasaan garaagarummaa qabu. Fufii horteen tajaajila caasulgaa kanneen akka lakkoofsa, haala raawwii, maayii (case), kooriyaafi wkf agarsiisa. Fufii uumamteen (yaasaan) garuu, garee jechoota ykn hiika jijjiiruurratti xiyyeeffata.

## Barannoo 4: Barreessuu



### Gilgaala 6:

### Shaakala Keeyyata Barreessuu

- A. Himoonni kanaan gadii yoo dimishaasharraa gara murtaa'aatti ykn murtaa'aarraa gara dimishaashaatti qindaa'an keeyyata tokko ijaaru. Gareen ta'uun himoota kana sirreessuun ykn kanneen wal-keessa makaman duraa duuba isaanii eeguun sirreessa.
1. Ijoolleen dubaraa yoo baratte garuu bu'aa guddaa qaba.
  2. Kun ammoo, dubartoonni akka dhimma siyaasaafi dinagdee biyya tokkoo keessatti qooda hinfudhanne taasisa.
  3. Fakkeenyaaf dubartiin akka dhiirri bulchutti buluu qabdi amantaa jedhuun dubartoonni jireenya isaanii hojii mana keessaafi ijoollee guddisuurratti akka dabarsan taasisa.
  4. Ijoollee seeraan guddisuun ammoo, dhaloota dhufuuf bu'uura gaarii buusuudha.

5. Hawaasa mirga dubartootaa hineegne keessatti karaa adda addaatiin miidhaa garaagaraatu dubartootarra ga'a.
6. Fakkeenyaaf, ijoollee guddisuufi barsiisuuf itti gaafatamummaa guddaa kan qaban dubartoota waan ta'aniif, ijoolleen seeraan akka guddataniif bu'aa qaba.
7. Kan biroo, dubartiin yoo dhiira wajjiin oolte nicaaphanoofti; aadaa balleessitti; dandeettii hinqabdu ilaalchaafi illaanya jedhuun mana barumsaa deemuun hineeyyamamuuf.

**B. Himoota ijoo armaan gaditti siif dhiyaatan bu'uura taasifachuun keeyyata ijaari.**

1. Dhiibbaan dubartootarra gahaa ture karaa garaagaraatiin mul'ata.
2. Wantoonni jireenyaaf barbaachisan gurguddaan sadii.
3. Wal-caalmaa dhiiraafi dubartirraan kan ka'e carraan dubartootaa hedduun cufamee ture.

## Boqonnaa 5: Eenyutu Haafuudhu?

### Kaayyoo: Xumura barnoota boqonnaa kanaatti:

- ergaa durdurii dhiyaatee himta.
- yaada rarra'ee hafe xumurta.
- jechoota dhiyaataniif hiika kennita.
- wal-simannaa matima, aantimaafi gochimaa addaan baafatta.
- malleen dubbiifi gosoota isaa balballoomsita.
- caasaa keeyyataarratti hundaa'uun keeyyata barreessita.
- geerarsa gootaa qaaccessita.

### Barannoo 1: Dubbisuufi Barreessuu




#### Gilgala 1:

#### Shaakala Dubbisuun Duraa

A.




B.



C.



D.



E.



- A. Gaaffiiwwan kanaan gadiirratti gareedhaan mari'achuun karaa durabu'aa garee keessanii dareedhaaf gabaasaa.
1. Fakkiin (A- E) irratti mul'atan maal akka agarsiisan tokko tokkoon ibsaa.
  2. Namoonni waan tokkorratti wal-didanii murteedhaaf nama biroo barbaadan isin mudatanii beekuu?
  3. Murteen jaraaf kenname maal akka ta'eefi osoo isin ta'ee maal akka murteessitan irratti yaada keessan dhiyeessaa.
- B. Hiika jechootaa ykn gaaleewwanii kanaan gadii tilmaamaa.
1. adamoo
  2. biliq! godhe
  3. daneessuu
  4. dhadhaa ibidda bu'e



### Gilgaala 2:

### Shaakala Yeroo Dubbisuu

- A. Dubbisa 'Eenyu Haafuudhu' jedhu keessaa keeyyata seensaa ariitiin dubbisuun gaaffiiwwan itti aananii dhiyaatan deebisi.
1. Dubbisichi waa'ee maalii ibsa?
  2. Namoonni sadan maaliif wal-didani?

### Eenyutu Haafuudhu?

Dur dur namoota sadiitu turan jedhama. Namoonni kunis imaltota yoo ta'an hundinuu ogummaa garagaraa qabu. Sadan keessaa inni tokko bishaan daakuu danda'a. Inni biraan ammoo, qiyyaafatee rasaasaan rukutuu itti beeka. Inni sadaffaan ogummaa ximboo rukutuu qaba. Inni duraa daaktuu, inni 2<sup>ffaa</sup>n adamsituufi inni 3<sup>ffaa</sup>n sirbituu jechuudha. Sadan isaaniyyuu akka carraa gaaf tokko waliin karaa deemuu turan. Osuma haasa'aa deemanii, intalli bareedina isheetiin achitu hafee hinqabne tokko osoo qarqara bishaaniitti uffata miiccituu argan.

Intalattiin kuullee ilkaan cabbii tarree galanii baddeessatti suuqaman fakkaatu, kan yeroo seeqqattu onnee nama keessatti baksitu yoo gara isaaniitti garagaltu, wal-ilaalanii wal-wallaalan. Rifeensi mataa ishee dugda isheerra dhangala'ee qalbii namaa booji'a. Mudhiin ishee kan mootii kanniisatiin adda hinba'u. Ijji bungullii bonaa, maddiin ammoo, goraa diimatee alaalatti nama hawwatu fakkaatu. Kun marti waliin ta'anii bareedina ishee aduu birraa ganamaatiin wal-dorgomsiisaa naannoo ishee waan biraa fakkeessanii jiru.

Imaltonni sadanis dhaabatani waa'ee bareedina ishee ajaa'ibsiifachaa, "Anatu fuudha; anaaf taati," jechuun wal-mormuu jalqaban. Kanuma keessa naachi guddaan tokko bishaan keessaa ol utaalee ishee qabatee bishaanitti gaddeebi'e. Jarris naasuun hadoodanii xis,ximbis hinjenne; ija keessa wal- ilaalu eegalan.

Battaluma sanatti inni sirbituun gadda itti dhaga'ame ibsachuuf, ximboo isaa rukutaa boo'uu eegale. Naachichis sagaleen ximboo itti tollaan daawwachuuf bishaan keessaa mataa ol baafate. Carraa kanatti gargaaramuun adamsituun sun qiyyaafatee naachicha rasaasaan biliq! godhe. Battaluma sanatti ammoo, daaktichi utaalee bishaan keessatti lafa dha'uun osoo isheen du'uuf dhidhiitattuu dugda isaatti baatee bakkeetti baase. Bakkeetti baatee erga isheen of bartee booda, akka itti lubbuu ishee baraaran itti himan.

Namoonni sadanuu fedhii ishee waan qabaniif, fayyaa ta'uu ishee erga mirkaneeffatanii booda, eenyu akka fuudhurratti mari'achuu eegalan. Hundinuu fedhii qabaachuufi lubbuu intalattii baraaruuf gumaachuu isaanii himatan. Aadaa hawaasa isaanii keessatti abbaan warraa tokko haadha warraa tokkoo ol fuuchuu malee haati warraa tokko abbaa warraa tokkoo oliif hineyyamamu. Eenyu haafudhu?

- B. Gaaffiiwwan armaan gadii akkaataa dubbisichaatti ‘soba’ ykn ‘dhugaa’ jechuun deebisi.**
1. Intalli miidhagduun sun imaltoota sadan sana jaallatte.
  2. Naachichi bishaan keessaa kan ol bahe, imaltoota sadan nyaachuu barbaadeeti.
  3. Imaltoota sadan keessaa daaktuun hundarra intalattii jaallate.
  4. Yemmuu daaktuun sun bishaan seene intalattiin duutee jirti.
  5. Lubbuu intala sanaa oolchuuf, carraaqqiin namoonni sadan taasisan mareedhaan ture
- C. Jechoota armaan gadiitiif faallaa isaanii bakka duwwaa kennameeratti barreessi.**
1. akka carraa \_\_\_\_\_
  2. dugda \_\_\_\_\_
  3. battala \_\_\_\_\_
  4. dhokse \_\_\_\_\_
  5. baraarama \_\_\_\_\_
  6. suubii \_\_\_\_\_
- D. Kanneen armaan gadiitiif moggoo isaanii bakka duwwaa kennamerratti barreessi.**
1. imaaltuu \_\_\_\_\_
  2. gadde \_\_\_\_\_
  3. eegale \_\_\_\_\_
  4. hadoodan \_\_\_\_\_
  5. halaala \_\_\_\_\_
  6. bona \_\_\_\_\_

E. Fakkeenya armaan gaditti kenname faana bu'uun jechoota waliin deeman barreessi.

- |                  |                 |
|------------------|-----------------|
| Fkn. 1. barii    | barii suubii    |
|                  | barii barraaqa  |
| 2. saafaa        | saafaa banbanaa |
| 3. bishaan       | bishaan guutuu  |
| 1. galgala _____ | 6. diimaa ----- |
| 2. waarii _____  | 7. ija -----    |
| 3. adii -----    | 8. ilkaan ----- |
| 4. ximboo -----  | 9. karaa -----  |
| 5. huccuu -----  | 10. daga -----  |



### Gilgala 3: Shaakala Dubbisuun Boodaa

Gaaffiiwwan kanaan gaditti dhiyaatan cimdiin irratti mariyachuun afaaniindareedhaaf gabaasaa.

1. Intalattii eenyu fuuchuu qaba? Maaliif?
2. Yaada ijoofi hima ijoo keeyyattoota dubbisichaa baasi.
3. Dhimmoonni durdurii dubbiste keessatti dhiyaatan hawaasa keessatti nimudatu jettee yaaddaa?

## Barannoo 2: Caasluga



### Gilgaala 4:

### Shaakala Wal-simannaa Matima, Aantimaafi Gochimaa

A. Himoota armaan gadii keessaa matima, aantimaafi gochima baasuun bakka duwwaa kennamerratti barreessi.

1. Jaarsaafi jaartiin gorsa laatan.

matima \_\_\_\_\_

aantima \_\_\_\_\_

gochima \_\_\_\_\_

2. Tufaan Kitaaba barreesse.

matima \_\_\_\_\_

aantima \_\_\_\_\_

gochima \_\_\_\_\_

3. Bishaan mukaa nutti yaabe.

matima \_\_\_\_\_

aantima \_\_\_\_\_

gochima \_\_\_\_\_

4. Ijoolleen warri jajjaboon sun maatii quubsan.

matima \_\_\_\_\_

aantima \_\_\_\_\_

gochima \_\_\_\_\_

5. Obseen, intalli obbo lbsaa, qoraan cabsite.

matima \_\_\_\_\_

aantima \_\_\_\_\_

gochima \_\_\_\_\_

B. Himooni armaan gadii dogoggora wal-simannaa garaagaraa qabu. Bakka duwaa kennamerratti dogoggoricha baasuun barreessi. Himni jalqabaa hojjetamee jira.

1. Barattooni kudhan bishaan waraabe
  - Dogoggora lakkoofsaa qaba.
  - Barattooni kudhan bishaan waraaban (isa sirrii).
2. Caalaan obboleettii isaa wajjin waamaman.
 

dogoggora \_\_\_\_\_

hima sirrii \_\_\_\_\_
3. Barsiisaa keenya hojmanee nuuf kenne.
 

dogoggora \_\_\_\_\_

hima sirrii \_\_\_\_\_
4. Mucaan harma hodhan.
 

dogoggora \_\_\_\_\_

hima sirrii \_\_\_\_\_
5. Osoo ijji isaa ilaalan wayyaa bitte.
 

dogoggora \_\_\_\_\_

hima sirrii \_\_\_\_\_
6. Tolaan gaangee deeme.
 

dogoggora \_\_\_\_\_

hima sirrii \_\_\_\_\_

## Barannoo 3: Afoola



### Gilgaala 5:

### Shaakala Malleen Dubbii

A. Himoonni armaan gadii gosa malleen dubbii keessaa isa kam akka bakka bu'an addaan baasi.

1. Guddinarraa kan ka'e mataan isaa hamma gaanii ga'a.
2. Dhiitichi tafkii mana isaanii cinaacha nama cabsa.
3. Obboleessi Tolaa du'aa jiraata.
4. Ijji Tolanii bunqulli bonaa ta'e.
5. Qabeenyi fixeensa.
6. Akka baraan osoo hintaane, akka baraa bulu.
7. Jabanaan isaanii hamma okkotee ga'a.
8. Mucaa amma injijjii tokko qabdi.
9. Haati bokkaa qacaca; malaan nama quubsiti.
10. Namichichi rirma. Karaa inni nama seenu hinbeekamu.

B. Malleen dubbii roga 'A' jalaatiif hiika isaanii roga 'B' jalaa filachuun walitti firoomsi. Tokko ol walitti firoomsuun nidanda'ama.

- |              |                                    |
|--------------|------------------------------------|
| 1. akkasaa   | A. faallaadhaan waan tokko ibsuu   |
| 2. eemiti    | B. garmalee guddisuu ykn kineessuu |
| 3. nameessaa | C. amala namaa gonfachiisuu        |
| 4. arbeessaa | D. waan tokkoon wal-bira qabuu     |
| 5. habalaka  | E. bakka waan tokkoo buusuu        |
| 6. iddeessaa | F. hi'eentaafi eeyyentaan ibsuu    |

## Yaadannoo

- **Iddeesaa**

Akaakuun malleen dubbii kan tokkummaa wantoota lamaa fudhachuun isa tokko iddoo isa biraa buusuun keessootti wal-dorgomsiiisuudha. Jechichis kan uumame jechoota ‘iddoofi isaa’ jedhaniirratti.

Fkn.

Oromoon kanniisa.

Mudhiin ishee sonsa.

Ilkaan ishee baddeessaadha.

- **Akkasaa**

Akkasaan mala ittiin wantoota lama wal-cina qabuun isa tokko isa biraatiin ilaalanidha. Kunis jechoota ‘akka, fakkaata, gaha’ jedhanitti dhimma baha.

Fkn.

Akka garaa harki surree hinmuru.

Tolaan akka abbaa isaa cimaadha.

Gurraachinarraan kan ka’e cilee fakkaate.

- **Nameessaa**

Nameessaan mala ittiin amala namaa lubbu- maleeyyii ykn lubba-qabeeyyii biroo gonfachiisuun haala salphaatti akka hubatamu taasisanidha.

Fkn.

“Kan garaa keenyaa malee kan maqaa keenyaa yoom nu dhibe,” jedhan waraabeyyiin.

“Isa haati kee si gorsiste, haati koos na gorsiteetti” jettee,” ilmoon hantuutaa ilmoo adurreetiin.

Dukkanni ija baasee nu liqimsuuf.

- **Eemitii**

Wantoota walii faallaa ta’an lamaan yaada keenya ibsuu yoo barbaanne mala nu gargaarudha.

Fkn.

Inni qotaa deega.

Tufaan kolfaa boo’a.

- **Habalaka**

Dhaamsa tokko faallaa isaatii gargaaramuun akka salphaatti hubatan taasisuudha.

Fkn.

Miidhaginni isaa laphee nama hata ( namicha godeessaan waan jedhamu fakkaata).

Si jaalladhee du’uufan ( yoo kan jibbu ta’e).

Gurbaa faranjii kanatu dide ( gurbichi gurraacha).

- **Arbeessa**

Malli dubbii kun waan tokko garmalee arbeessuun ykn kineessuun dhiyeessuu ilaallata.

Fkn.

Gurbaa dheeraa waaqa ga’u tokkon arge.

Mucayyoo qalloo hanxaxii tokko qaba.



### Gilgaala 6:

## Shaakala Geerarsa Gootaa

Geerarsa gootaa kanaan gadii qalbeeffannoon dubbisuun ergaa isaa qaaccessi.

1. Leenca anfaaroo fixeensaa  
Baalabbaata bineensaa  
Baqachuuf bakkee keessaa  
Dhokachuuf nadheen keessaa  
Maal abbaa isaafan dheessaa  
Fuula daanyaattan geessaa.
2. Gurree maal itti godhu  
Gaafa du'aa fannisuu  
Dura dilbii qotannaa  
Ittiin birrii horannaa  
Isa du'a fayyisuu  
Kan fagaara dhiitessuu  
Kan ija boollaa baasuu
  1. Ergaan geerarsa (1)n bakka bu'ee maali?
  2. Ergaan geerarsa (2)n bakka bu'e maali?
  3. Yoomessa geerarsichaa addaan baasi.
4. Namichi geerarsa (1)n bakka bu'e sana geerare isa (2)n bakka bu'erraa maaliin adda ta'a?
5. Ergaan geerarsi lakkoofsa (1) fi (2)n dhiyaate maal akka ta'e keeyyata lamaan hololootti deebisuun dhiyeessi.
6. Geerarsa naannoo keessanitti gootummaa ilaalchisanii  
geeraraman dhiyeessuun ergaa isaarrattii barsiisaa keessan waliin mari'adha.

## Barannoo 4: Barreessuu



### Gilgaala 7:


### Shaakala Caasaafi Qaamolee Keeyyataa

- A. Keeyyata armaan gadii keessaa hima ijoo, himoota gargaartuufi hima goolabaa addaan baasi.

Tartiiba armaan gadii yoo hordofte xaafii facaasuu dandessa. Jalqaba lafa siif ta'u filattee qulleeffatta. Itti aansuun, gindii (nooyyee), ciisaa maarashaafi babatee dhumoon ija keessa ilaaltee baqaqsita. Hanga si ga'u erga baqaqsitaa booda, bukoo isaa eegdee galagalchita. Sana booda, maarashaafi babatee haaraadhaan osoo bira hindarbiin besselta. Qonnaan sadarkaa kanaa, haalaan qotame yoo qophaa'u sadarkaa isa dhuma guyyaa meesaatiif haala mijeessa. Si'a kana ammoo, akkuma jirutti gadi haadhuu malee lafti osoo hinbuqqa'in hafee nama rakkisuu hinjiru. Adeemsawwan armaan olii haalaan hordoftee yoo facaafatte xaafii fincaan fardaa fakkaatu galshaachuu dandeessa.

Keeyyanni kun caasaa kanaan gadiitiin dhiyaachuu danda'a

hima ijoo jalqabarra



1. Hima ijoo \_\_\_\_\_
2. Himoota gargaartuu( callaa)  
\_\_\_\_\_
3. Hima goolabaa \_\_\_\_\_

- B. Hima ijoo kanaan gadii faana bu'uun keeyyata barreessi.

1. Tartiiba kana yoo hordofte buna danfifta
2. Gosoorni manaa gurguddaan sadiidha.
3. Namni bu'aa ba'ii adda addaa keessa darbee geerara.

C. Keeyattoonni caasaa garaagaraa qabaachuu danda’u. Akkuma akaakuun isaanii garaagaraa, caasaan isaaniis garaagara jechuudha. Fakkeenyaaf keeyyanni adeemsa mul’isu tokko, keeyyata waan tokko adeessuraa caasaa adda qaba. Kana malees, bakki himni ijoo keeyyata tokkoo itti argamu jalqaba, gidduufi dhumarra ta’uu danda’a. Fakkii bakka hima ijoo agarsiisan kanaan gadii faana bu’uun keeyyata barreessuun dareedhaaf dubbisaa.

1. Hima ijoo  
dhumarra



2. Hima ijoo  
jalqabarra



3. Hima ijoo  
gidduutti



### Hubachiisa

Xiyyi kallattii hima  
ijoo agarsiisa

D. Yaanniifi caasaan keeyattoota kanaan gadii hinxumoramne. Ka’umsa isaaniirratti hundaa’uun xumuri.

1. Dhiibbaan dubartootarra ga’aa ture kallattii gurguddaa sadiini. Inni tokko gama barmaatileeitiin yoo ta’u, dubartiin dhiira waliin oolla’an nicaaphanoofti; aadaa balleessiti jechuun hojii manaa qofaan daangeffamti. Kallattiin inni biraan ammoo, amantiidha...

Akka falaasama amantiitti \_\_\_\_\_

Inni sadaffaan, \_\_\_\_\_

Dimshaashumatti, \_\_\_\_\_

## Boqonnaa 6: Addunyummaa

### Kaayyoo: Xumuraa barnoota boqonnaa kanaatti:


- ergaa dubbisa dhiyaatee himta.
- jechoota dubbisa keessaa bahaniif hiika laatta.
- gaaleefi gosoota isaa addaan baafatta.
- ciroofi gosoota isaa balballoomsita.

### Barannoo 1: Dubbachuufi Dubbisuu



#### Gilgaala 1:

#### Shaakala Dubbisuun Duraa



A. Fakkiwwan armaan oliirratti hundaa’uun gaaffiwwan itti aanan gareen mariyachuun deebisaa.

1. Fakkiwwan dhiyaatan irraa maal hubattu?
2. Harki namoota hedduu kaartaa addunyaa baatee dhaabatuu maal agarsiisa?
3. Cancala kaartaa addunyaatti maramee jirurraa maal hubatta?
4. Waa’ee addunyummaa (globalization) maal beektu ?

B. Hiika jechoota kanaan gadii tilmaamaa.

- |             |            |
|-------------|------------|
| 1. coollige | 2. si’ate  |
| 3. qummuude | 4. rincice |



### Gilgaala 2:

### Shaakala Yeroo Dubbisuu

A. Gaaffiwwan armaan gadii keeyyata seensaafi goolabaa dubbisichaa ariitiin dubbisuun deebisi.

1. Addunyummaan maali?
2. Bu’aan addunyummaa maal fa’i?
3. Addunyummaan miidhaa akkamii qaba?

### Addunyummaa

Jechi ‘addunyummaa (globalization) ‘ jedhu dhala namaatiif ilaalcha waliinii qabaachuu,’ yaadrimee jedhuun eegale. Hiikni isaas namoota aadaa, siyaasa, dinagdeefi amantaa adda addaa qaban karaa wal-quunnamtii, geejjibaafi daldalaatiin walitti fiduun ilaalcha tokko akka qabaataniifi sirna tokkoon akka bulan taasisuudha. Achii-as dhufa isaa yoo ilaalle, yeroo yerootti kan jijjiiramu, bu’aafi miidhaa isaarratti falmiin garaagaraa geggeeffamaa kan tureefi kanneen addunyummaan mormaniifi kanneen deggeran akka jiran hubanna.

Addunyummaan yaadrimee seenuufi ba'uutiin (ebbs & flaws) hidhata qaba. Kun ammoo, daangaa tokko keessaa gara isa birootti bilisaan socho'uu danda'uu ilaallata. Haata'u malee, sochiin kun yeroodhaa yerootti jijjiiramaa deemuu isaa ragaaleen adda addaa ni'ibsu. Fakkeenyaaf, sochiin bilisaan Waraana Addunyaa I dura akka tureefi erga waraanichi eegalee akkasumas, Waraana Addunyaa 1<sup>ffaa</sup> fi 2<sup>ffaa</sup> gidduu danqaa akka godhate Rangarajan (2006) ni'ibsa. Waraana Addunyaa I dura bara 1870-1914 gidduutti qabata daldalaa, godaansaafi kuufama qabeenyaa sochoosuutiin wal-simannaa dinagdeefi hawaasa addunyaa yeroo itti daran dabaleefi ilaalcha addunyummaa uumurratti shoora guddaa taphate ture. Ilaalcha uumame kanas kan si'achiise teeknooloojii, geejjibaafi wal-quunnamtii waan ta'aniif, akka namoonni ittisa malee biyyaa biyaatti socho'uun daldalan haalli mijaawaan uumamee ture. Hayyamni daangaa qaxxaamuruuf fayyadu 'Passport' fi biyya ormaa keessa jiraachuuf barbaachisu 'visa' 'waan hinbarbaachisneef sochiin bilisaa ture jechuudha.

Haata'u malee, Waraana Addunyaa 1<sup>ffaa</sup> fi 2<sup>ffaa</sup> gidduutti sochiin bilisaan taasifamaa ture daangaa godhachaa, ittisi garaagaraas taasifamuu eegale. Qabata kanaan namoonni biyyaa biyyatti akka garaa isaanii socho'uufi meeshaalee isaanii sochoosuurratti gufuun uumamaa dhufe. Kun ammoo, ilaalcha addunyummaa duraan qummuudee ture collagsuun sochiin gama guddina dinagdeetiin taasisamu harka warra aangoo qabeeyyiirratti kufe. Waraana Addunyaa 2<sup>ffaa</sup> booda garuu biyyoonni aangoo siyaasaafi dinagdeetiin sochii bilisaatti gufuu ta'an dogoggora hojjetanitti gaabuu, qalbiis jijjiiraachuun ilaalcha addunyummaa duraan namoota keessatti dhaamsan qabsiisuu jalqaban. Haata'u malee, bakka duraan turetti deebisuuf dhamaatee hedduu taasisanillee hamma bara 1970tti % 11 isa duraa ol darbuu hindandeenye. Qabanni isaa, biyyoonni waraanicha booda bilisummaa isaanii argatan, meeshaaleefi tajaajila adda addaa kan isa biyya alaatii galu bakka bu'u biyyuma isaanii keessatti oomishachuun harka ormaa ilaaluurraa oolan. Kana malees, biyyoonni waraanicha keessatti gartuu Ruusiyaa turan ammoo, dinagdee addunyoommaa keessatti qooda fudhachuurraa of qusatan.

Waggoota digdamman darbanii asitti ammoo, waa'een addunyummaa isa duraanii caalaa lallabamuun warri duraan irraa dheessan kanneen akka Ruusiyaafi gartuu isheefaas dinagdee addunyoomaa keessatti hirmaachaa, kaanis akka hirmaatan ga'ee guddaa taphaachuu itti fufan. Haaluma kanaan jijjiiramaa deemee yeroo ammaa teeknooloojii, odeeffannoofi tajaajila qulqullina qabuufi qabatamaa ta'e haala wal-fakkaatuun hawaasa addunyaa biraan ga'uun guddachaa, walitti dhufeenya hawaasaafi ilaalcha waliinii cimoon ittuma fufe. Achii-as dhufa kana keessatti bu'aa addunyummaan qabuufi miidhaan inni geessisu bu'uura taasifachuun kanneen deggeraniifi mormanis nijiru.

Bu'aaleen addunyummaarraa argamuun deggaruuf qabata ta'an kallattii daldalaa, kallattii sochii qabeenyaafi kallattii baasii faayinaansiitiin ilaalamu danda'a . Gama daldalaatiin yoo ilaallu, biyyoota hedduu keessaa naanna'uun oomisha industiriifi warshaalee biyyoota adda addaarra argaman gurguruun isa biyyoota muraasa keessatti murta'anirra caala. Daldattoonni mi'a biyyoota hedduu, oomishaafi hawaasa garaagaraarraa argaman dhiyeessanis hawaasaafi aadaa wal-quunamsiisuun walitti dhufeenyi akka cimuu taasisuurra taranii daangaa fayyadama oomisha sanaa baay'ina galii argamuufi sochii diimokiraasii bilisa ta'e uumu. Sochiin daldalaa daangaa murtoofte keessatti taasiifamu garuu , achummee waan ta'eef harka hiikfatanii hojjechuufi daangaa bal'ifatanii guddachuutti gufuu ta'a. Meeshaafi tajaajila akaakuu garaagaraa dhiyeessuufis nirakkisa. Haguma kana ilaalchi addunyummaarratti jirus dhiphachaa deema.

Bu'aan addunyummaa inni biraan ammoo, gama sochii qabeenyaatiin ilaalamuu danda'a. Abbootiin qabeenyaa biyya tokko keessa jiran gara biyyoota garaagaraatti qabeenya isaanii sochoosuun hojii Investimentiirratti hirmaachuu, maallaqni biyyoota soressa ta'anirraa gara warraa iyyeeyyiitti dhangala'uun, bifa liqaatiin namoonni daangaa adda addaa keessa jiraatan walii tumsuu akka danda'aniifi haala mijeessa. Kana malees, addunyummaan hawaasa aadaafi dinagdee garaagaraa qaban gidduutti

dorgommii uumuun “Ani eenyuu gadi? maaliifan akka abaluu hinta’u? gaaffiin jedhan namoota keessatti akka uumaman taasisa. Hawwiin akkasii ammoo, hojiitti geeddaramuun addunyoomaa deema.

Haa ta’u malee, miidhaa addunyummaan dhufu balaaleffachuun kanneen mormaniis jiru, Miidhaan kunis wal-caalmaa aadaafi hawaasaatiif bu’uura ta’uu , eenyummaa naannoo golguufi aangoo harka namootaa muraasaatti galchuu kanneen jedhanidha. Biyyootaafi namoota aadaafi muuxannoo adda addaa qaban akkaafi sirna tokkoon bulchuun rakkisaadha. Hunda kana bulchuunis qabeenyaafi ogummaa barbaada. Kun ammoo osoo hinjaallatin biyyoota dinagdeefi beekumsa saayinsiifi teeknooloojiitiin guddatanitti dabarsee nama kenna. Yeroo akkasii olaantummaafi gadaantummaa ni’uumama. Dhumni bulchiinsa akkasii eenyummaa naannoo (local identity) balleessuun eenyummaan warra dinagdeefi beekumsaan sooreyyii akka dagaagu taasisa. Kunis, dhawaata aadaafi afaan akkasumas, qajeelfama gartuu murtooftee addunyaatti haguuga. Aangoon harka namoota qubaan lakkaa’amaniis seennaan, inni jedhame kun ta’uun isaa hinhafu yaada jedhuun sodaa isaanii kanneen ibisan jiru.

Gabaabumatti, addunyummaan ilaalchaafi haala hunda gartokkotti fidu uumuuf sirna qophaa’uudha . Haalli akkasii kun ammoo, jalqabuun isaa bubbuluuyyuu, qabata garaagaraatiin takka si’achaa, takkas rincicaa, har’a ga’ee jira. Yeroo ammaa kana gartuun addunyummaa morman naannoofi harka aangoo qabeeyyitti galuu bulchiinsaa bu’uura yoo taasifatan, kanneen deggeran ammoo bal’ina daangaa sochiilee hawaasaa, wal-jijjirraa aadaafi muuxannoo, sochiilee qabeenyaa, guddina ilaalcha tokkummaafi wkf bu’uura taasifatu.

#### B. Gaaffiiwwan armaan gadii akkaataa dubbisichaatti deebisuu yaali.

1. Gartuuwan addunyummaan morman sababoota akkamii dhiyeessu?
2. Bu’uurri gartuuwwan ilaalcha addunyoomaa deggeranii maali?

3. Addunyummaan akkamitti ilaalcha tokkummaa uuma?
4. Achii-as- dhufa addunyummaa Waraana Addunyaa 1<sup>ffaa</sup> dura, yeroo Waraana Addunyaa booda waraanichaatti qooduun dhiyaatee jira.
  - 4a. Waraana Addunyaa dura attam ture?
  - 4b. Yeroo Waraana Addunyaa hoo?
  - 4c. Waraana Addunyaa 1<sup>ffaa</sup> booda haalli addunyummaa attam ture?
5. Waraana Addunyaa isa 2<sup>ffaa</sup> booda sochiin addunyumaarratti ture bakka waraanicha dura tureetti deebisuu kan dadhabame maaliifi?

C. Himoondi kanaan gadii sirrii yoo ta'an 'Dhugaa' dogoggora yoo ta'an ammoo 'Soba' jechuun deebisi.

1. Daldaalli daangaa murtaa'e keessatti geggeeffamu achumaadha jechuun bakka tokkotti argamuu wantootaa agarsiisa.
2. Addunyummaan eenyummaa naannoo golguurratti miidhaa qabaatullee, faayidaan isaa waan caaleef mormiin irratti hindhiyaanne.
3. Waraana Addunyaa 1<sup>ffaa</sup> duraa bilisaan biyyaa biyyaatti socho'uun kan ture guddinni saayinsiifi teeknooloojii gadaanaa waan tureef.
4. Aangoon dinagdeefi siyaasaa harka namoota murtaa'anii keessa galuun bu'aa addunyummaa mormuuti.
5. Waraana Addunyaa 1<sup>ffaa</sup> fi 2<sup>ffaa</sup> booda biyyoonni bilisummaa isaanii argatan bayyaanachuuf jechaa hakra warra ollaa ilaalaa turan.

D. Jechoota kanaan gadiitiif kan isaan waliin deemuu danda'an garee nama sadii sadii qabuun irratti mar'achuun barbaadaa.

- |                   |                     |
|-------------------|---------------------|
| 1. cooma _____    | 6. qoraan _____     |
| 2. booka _____    | 7. buna _____       |
| 3. sijaaraa _____ | 8. foon _____       |
| 4. damma _____    | 9. boqqolloo _____  |
| 5. xaafii _____   | 10. jaldeessa _____ |

E. Himoota armaan gadii keessatti jechoota jala muramaniif moggoota isaanii barbaadi.

1. Biqiltuun yoo bishaan dhabee coollage.
2. Ilaalchi addunyummaa duraa gummuudee ture Waraana Addunyaa I booda nicoollage.
3. Boqqolloo gummuudee jirurraa murtuu eeguun barbaachisaadha
4. Horii gurraattiin qarxaasaa sodaatti
5. Obbo Tufaan gurraattii koo jechuun mucaa isaa ol fuudhee hammate.



**Gilgaala 3:** Shaakala Dubbisuun Boodaa

Gaaffiiwwan armaan gadii muuxannoo keessaaniin waliin qabsiisuun barsiisaa keessan waliin irratti mari'adha.

1. Addunyummaan maaliini?
2. Akka keetti addunyummaa nideggerta moo nimormita? Maaliif?
3. Ga'een addunyummaa misoomaa naannoo tokkoo keessatti maal sitti fakkaata?
4. Daangaa murtaawaa tokko keessa daldaluufi daangaa bal'aa tokko keessaa hojii daldalaatiif socho'uun wal-buusa. Kun maaliif sitti fakkaata?
5. Hawaasa aadaafi dinagdeen garaagara ta'an giddutti dorgommii uumuun bu'aa addunyummaa keessaa isa tokko. Attamitti?

## Barannoo 2: Dubbachuu



**Gilgaala 4:**

Shaakala Falmii

Garee lamatti qoodamuun yaada gabatee keessaarratti falmii geggeessaa.

garee A	garee B
Addunyummaan barbaachisaadha.	Addunyummaan hinbarbaachisu.

## Barannoo 3: Caasluga



**Gilgaala 5:**

Shaakala Gaaleefi Ciroo

A. Himoota armaan gadii keessaa gaalee addaan baasi.

1. Gulummaan konkolaataa fe'umsaa qaba.
2. Oromiyaan qabeenya uumamaatiin badhaatuudha.
3. Barattoonni warri jeeqan adabaman.
4. Sangaa diimaa guddaan kaleessa argine sun kuma shanitti gurgurame.
5. Barumsaan tokkoffaa ba'e.
6. Abdiisaan mana barumsaa ijaare.
7. Barnoonni Afaan Oromoo duudhaa Oromoorratti hundaa'a.
8. Mana kitaabaa ijaare.
9. Gale
10. Hamma manaatti geggeesse.

B. Kanneen keessaa gaaleefi ciroo addaan baasi . Maalirratti hundooftee akka addaan baafte hiriyoota kee waliin irratti mariyadhu.

1. Dargaggeeyyiin waan seexaa qabaniif, da'oo biyyaati .
2. Bosona kunuunsuun balaa faalama qilleensaarraa ilaalaa nama baraara.
3. Addunyummaan bu'aa saayinsiifi teeknooloojiiti.
4. Erga waraabessi darbee sareen dutti.
5. Jabaattee yoo qo'atte barumsa keetiin nicimta.

C. Armaan gaditi gaaleewwan roga 'A' jalaatiif fakkeenyi isaanii roga 'B' jalatti dhiyaatanii jiru. Fakkeenyi inni kam gaalee isa kamiif akka ta'u filadhuutii walitti firoomsi

**A**

1. Gaalee maqaa
2. Gaalee maqibsaa
3. Gaalee gochimaa
4. Gaalee durduubee

**B**

- A. Mana dhugaatii jibbe
- B. Waa'ee barnootaa
- C. Firarratti
- D. Laga bunaa
- E. Sangaa foonii furdaa sana
- F. Guddina biyyaatiif gaarii
- G. Lafa

D. Himoota armaan gadii gaalee maqaafi gaalee gochimaatti addaan qoodi.

1. Qabeenyi biyyaa kunuunfamuu qaba.
2. Barsiisaafi barataan waliin hojjechuu qabu.
3. Naamusni gaariin hawwii hawaasa keenyaati.
4. Hambaaleen aadaa kunuunfamuun dhalootaaf darbuu qabu.
5. Barnoonni bu'uura guddinaati.

E. Himoota armaan gadii keessaa mataa, miiltoowwaniifi murteessitoota gaalee addaan baasi.

1. Caaltuun ashaboo quroo tokko na gaafatte.
2. Hellaan akka Daraartuu fiigichaan cimtuudha
3. Bishaan fayyaaf gaariidha.
4. Marabbaafi Marartuun warri barumsaan ciccimoo ijoollee abbaa tokkooti.
5. Intala qalloo magaalli booseettiin koottuu.

**F. Himoota armaan gadii keessaa ciroo addaan baasi.**

1. Oyiruun barana nuugiin irraa gale, bara dhufu xaafii gaarii baasa.
2. Gammachuun biyyarraa diina qolate.
3. Huccuun jirbiiraa dha'ame, qorraaf qoricha.
4. Oromiyaan qilleensa gaarii waan qabduuf jireenyaaf gaariidha.
5. Misoomarratti waliin hirmaachuun guddina biyyaatiif gumaachuudha.

**G. Himoota 1-5 kanaan olitti dhiyaatan keessaa akaakuu ciroo addaan baasi.**

- |                      |                    |
|----------------------|--------------------|
| 1. Ciroo guutuu      | 2. Ciroo firoomsee |
| 3. Ciroo of danda'aa | 4. Ciroo hirkataa  |

**Yaadannoo**

Gaaleen wal-hammannaa jechootaati. Baay'inni gaalee Afaan Oromoos baay'ina garee jechoota isaa bu'uureffata. Gareen jechoota afaanichaas maqaa, maqibsa, durduubeefi gochima yoo ta'u, gaaleewwan afaanichaas gaalee maqaa, gaalee maqibsa, gaalee durduubeefi gaalee gochima ta'u. Gaaleen tokko mataa, miiltoofi murteessituu qabaachuu danda'a. Mataan caasicha keessaa hafuu kan hindandeenyedha yoo ta'u, miiltoon garuu odeeffannoo dabalataa waa'ee gaalichaa kan nuuf kennu ta'ee kan mataa waliin hidhata cimaa qabuufi kan hidhanni isaa laafaa ta'e jechuun qooduu dandeenya. kanaanis miiltoo sadarkaa tokkoffaafi miiltoo sadarkaa lammaffaa ta'u jechuudha. Murteessituun ammoo, caasaa sana lakkoofsaan, hangaan, akeekuun, qabeenyaafi wkf daangessu. Ciroon tuuta jechootaa ta'e, yoo xiqqaate gochima kan ofirraa qabudha. Akaakuu isaatiinis ciroo of danda'aa, ciroo hirkataa, ciroo firoomseefi ciroo guutuu jechuun qooduu dandeenya. Ciroo of danda'an of danda'ee kan dhaabatuu, gaalee gochimaafi hima salphaan qixa. Ciroo hirkataan garuu of danda'ee kan dhaabatu miti. ciroo firoomseen gaale maqaatti hirkatee kan argamu yoo ta'u, ciroo guuttuun garuu qaama gaalee gochima ta'uun argama (Addunyaa 2010, 2011).

## Boqqonnaa 7: Industiriifi Sochii Tuurizimii Addunyaa

### Kaayyoo: Xumura barnoota boqonnaa kanaatti:

- gaaffiiwwan hubannoo dubbisa keessaa bahaniif deebista.
- hiika jechootaa haala galumsaatiin tilmaamtee barreessita.
- gosoota himaa addaan baastee barreessita.
- jechoota dubbisa keessaa bahaniif himoota ijaarta.
- gosoota keeyyataa barreessita.

### Barannoo 1: Dhaggeeffachuufi Dubbachuu



#### Gilgaala 1:

#### Shaakala Dhaggeeffachuun Duraa

Gaaffiiwwan armaan gadii gareen irratti mari'achuun deebisaa.

1. Namoonni maaliif biyya tokko irraa biyya biraa deemu?
2. Sochii tuurizimii Oromiyaa akkamiin madaalta?
3. Bu'aa holqi Soofumar Oromiyaaf qabu maali jettee yaada?



#### Gilgaala 2:

#### Shaakala Yeroo Dhaggeeffachuu

Gaaffiiwwan armaan gadii dubbisa barsiisaan kee siif dubbisu dhaggeeffachuun 'dhugaa' yookiin 'soba' jechuun deebisi.

1. Oromiyaan bu'aa guddaa tuurizimii irraa argachaa jirti.
2. Oromiyaan qabeenya uumamaan yoo badhaatuu taatullee, bakkeewwan tuuriistootaan daawwatamuu dandaa'an garmalee muraasa.

3. Ilaalchi ummanni tuurizimiif qabu sirraa'uu qaba.
4. Tuurizimii Oromiyaa keessatti dagaagsuuf mootummaan tarkaanfii quubsaa fudhatee jira.
5. Kaffaltiin ummanni bakkeewwan adda addaa daawwachuuf kennu gadi-aanaadha.



### Gilgaala 3:

### Shaakala Dhaggeeffachuun Boodaa

Gaaffiiwwan armaan gadii gareen deebisaa.

1. Akka namoonni bakkeewwan seena-qabeessaafi qabeenya uumamaan daawwatan maaltu godhamuu qaba?
2. Bakkeewwan seena-qabeessaafi qabeenya uumamaa daawwachuu ilaalchisee muuxannoon kee maal fakkaata?
3. Babal'ina tuurizimii Oromiyaatiif ga'ee akkamii taphachuu qabda?
4. Yaadawwan dhaggeeffachuu keessatti dhiyaatan akka hubattetti keeyyata lamaan gabaabsii barreessi.

## Barannoo 2: Dubbisuufi Dubbachuu



### Gilgaala 4:

### Shaakala Dubbisuun Duraa

A. Osoo dubbisa armaan gadii hindubbisin, gaaffiiwwan dhiyaatan irratti mari'adhaa.

1. Waa'ee industiriifi tuurizimii maal beektu?
2. Fakkiin armaan gadii maal agarsiisa?



3. Bakkeewan tuuristootaan daawwataman keessaa fakkeenya sadii kenni.
4. Jechoota armaan gadiif hiika kennaa.  
(a) tuurizimii      (b) tuuristii      (c) imaltuu      (d) babal'ina



### Gilgaala 5: Shaakala Yeroo Dubbisuu

Gaaffiiwwan armaan gadii dubbisa dhiyaaterratti hundaa'uun deebisi.

1. Tuuristiifi imaltuu gidduu garaagarummaa akkamiitu jira?
2. Gosoondi tuurizimii meeqatu jiru? Maqaafi amala jaraa addaan baasii barreessi.
3. Tuurizimiin addunyaa Waraana Addunyaa Lamaffaa booda guddina agarsiiseera. Maaliif ?
4. Lakkoofsi kanaan gadii dubbisa keessatti maal agarsiisu?  
A. 24(keeyyata 2)    B.1924(keeyyata 3)  
C. 1975(keeyyata 3)
5. Bara 2010 galii tuurizimii irraa argameen biyya kamtu tokkoffaa ture?
6. Bara 2010 tuuristoota hedduun biyyi daawwatamte kami?
7. Tuuristoonni sababiiwwan hedduuf bakka tokkorraa bakka biraa deemu ni malu. Sababiiwwan kana addaan baasii barreessi.

### Industiriifi Tuurizimii Addunyaa

Jechi 'tuurizimii' jechoota Laatiiniif Giriik 'tornare'fi 'tornos' jedhamanu irraa dhufe. Jechoonni kunis 'geengoo' ykn 'qabxii giddu galeessaatti marsuu' jechuudha. Jechi 'geengoo' jedhu bakka jalqabaafi dhumaa sochii yookiin adeemsa agarsiisa. Kanaafuu, tuurizimiin 'iddoo tokko irraa iddoo biraa' hiika jedhu qaba. Akka Dhaabbata Mootummoota Gamtoomanitti tuurizimiin bakka tokkorraa bakka biraatti gaggeessamu karaa sadiin ta'uu danda'a. Inni jalqabaa tuurizimii biyya keessaati . Kun daawwannaa namoonni bakkeewwan yookiin iddoowan adda addaa biyyuma jaraa keessatti argamanu ittiin daawwatanuudha. Inni lammaffaan lammiwwan biyya alagaa biyya keessa jiraachaa jiranu yemmuu daawwannaa gaggeessanuudha. Goosni tuurizimii inni saddaffaa ammoo yeroo lammiin biyya tokko biyya biraa daawwatanuudha.

Turistoonni biyya tokkorraa biyya biraatti yookiin achuma biyya jaraa keessatti sababaiwan adda addaatiif bakka tokko irraa bakka biraa deemuu danda'u. Namoonni kun yoo sa'aatii 24 oliif bashanannaan, fira dubbisuuf, daldaluuf, walgahiif, yaalaaf, amantiif yookiin dhimma kkf bakka deeman turan tuuriistoota jedhamu. Haa ta'u malee, yoo namni tokko sa'aatii 24 gadiif bakka biraa deemee turtii godhe tuuriistii hinjedhamu. Kun imaltuu jedhama. Akka hiika Dhaabbata Mootummoota Gamtoomaniitti, turistoonni sa'a 24 hanga ji'a 6 bakka daawwatanu turuu danda'u.

Tuurizimiin sadarkaa addunyaa kan dagaagaa dhufe Lola Addunyaa Lammaffaa booda . Kunis kan ta'uu danda'e babal'ina tajaajila daandii lafaafi qilleensaa, bakka ciisichaafi tajaajila nyaataatiin. Kana malees, babalinni qunnamtii kan akka bilbilaa, hojii irraa eeyyama boqonnaa argachuu , hundeeffamni dhaabbilee tuurizimii, daawwachistoonni bakka hedduutti argamuun jaraa qooda guddaa taphataniiru. Guddina tuurizimii addunyaa keessatti Dhaabbanni Gamtaa Tuuristootaa Addunyaa bara 1924 hundeeffameefi Dhaabbanni Tuurizimii Addunyaa bara 1975tti hundaa'e iddoo guddaa qabu.

Tuurizimin guddina dinagdeefi hawaasummaa keessatti gahee akkamii qaba? Namoonni bakkeewwan daawwanaatti argamanu karaa adda addaattiin qindaa'uun madda galii uumanii jireenya jaraa fooyyeeffachuu danda'u . Bakka qonnaan, industiriifi hojiin daldalaa hinbabal'annetti hojiin tuurizimii kutaalee dinagdee armaan olii walitti qindeessuu yookiin bakka bu'uu danda'a. Industiriwwan xixiqqaafi giddu-galeessaa akkasumas interpiraayizoota ogummaatiif haala gaarii uumuun hojii isaanii jajjabeessa.

Sadarkaa addunyaatti biyyoonni 10 caalaa daawwataman akka armaan gadiitti dhiyaataniiru.

	Magaalaa	Biyya	Baay'ina Tuuristootaa miliyoonaan	Bara Daaw'ii
1.	Paarisii	Faransaayii	15.1	2010
2.	Landanii	Ingiliizii	14.6	2010
3.	Niiw Yoorkii	Ameerikaa	9.7	2010
4.	Antaaliyaa	Turkii	9.2	2010
5.	Singaapoorii	Singaapoorii	9.2	2010
6.	Kuwaalalam-puurii	Maaleesiyaa	8.9	2010
7.	Hoong Koongii	Hoong Koongii	8.4	2010
8.	Dubaayii	Emireetii Arabaa	8.3	2010
9.	Baankookii	Taayilaandii	7.2	2010
10.	Istaanbulii	Turkii	6.9	2010

Baasii gidduu galeessa gochuun sadarkaan tuuristootaa biyyaatti haala itti aanuun dhiyaateera. Kun tuuristoonni biyyoota kana keessaa biyyoota biraa deemanii baasi jarri baasan agarsiisa.

Sadarkaa	Biyya	Bakka Daawwatan	Baasii (Doolara Ameerikaa biliyoonaan)
1.	Jarmanii	Awurooppaa	777
2.	Ameerikaa	Ameerikaa	75.5
3.	Chaayinaa	Eeshiyaa	54.9
4.	Ingiliizii	Awurooppaa	48.6
5.	Faransaayii	Awurooppaa	39.4
6.	Kaanadaa	Ameerikaa	24.5
7.	Jaappaanii	Eeshiyaa	27.9
8.	Xaaliyaanii	Awurooppaa	27.1
9.	Ruusiyaa	Awurooppaa	26.5
10.	Awustiraaliyaa	Ooshiiniyaa	22.5

Walumaa galatti, tuurizimiin guddina dinagdee addunyaafi fooyyaa'ina jireenya hawaasaa keessatti qooda guddaa taphachaa ture. Gara fuulduraas kun irra caalaa akka itti fufu ni'eegama. Ragaawwan armaan olii dhiyaatanis kanuma mul'isu. Kanaan alas, ummata addunyaa karaa adda addaatiin walitti fiduun walitti dhufeenya biyyootaafi hawaasaa giddu jiru bu'uura cimaarratti ijaara.



### Gilgala 6:

### Shaakala Walta'iinsa Yaadaa

Jechoonni kun dubbisa keessatti maal agarsiisu yookiin bakka bu'u ?

1. Kun (keeyyata 1)
2. Namoonni kun ( keeyyata 2)
3. Kunis (keeyyata 3)
4. Jaraa (keeyyata 4)
5. Kutaalee diinagdee armaan olii ( keeyyatta 4)
6. Kanuma (keeyyata 5)



### Gilgaala 7: Shaakala Hiika Jechootaa

1. Hiika jechoota armaan gadii akka galumsa jaraatti kenni.
 

A. daawwannaa (keeyyata 1)	B. alagaa (keeyyata 1)
C. dagaagaa (keeyyata 3)	D. Madda (keeyyata 4)
E. bu'uura (keeyyata 5)	
2. Jechoota hiikte kanaaf himoota ijaari.



### Gilgaala 8: Shaakala Dubbisuun Boodaa

- A. Gaaffiiwwan armaan gadii irratti gareen mari'adhaa.
  1. Afriikaan sadarkaa galiifi baasiin dubbisa keessatti hinkaafamne. Maaliif sitti fakkaata?
  2. Guddina tuurizimii Itoophiyaa akkamitti madaalta?
  3. Guddina tuurizimii naannoo atti jiraatuuf maaltu godhamu qaba?
- B. Hiriyyaa kee lama waliin gaaffiiwwan armaan gadiif hojjetoota Biiroo Aadaafi Tuuriizimii naannoo yookiin bakka jireenya kee argamanu gaafachuun gabaasa daree keessatti dhiyeessi.
  1. Bakkeewwan daawwannaa akkamiitu naannoo sanatti argama?
  2. Waggaatti tuuristoota meeqatu iddoowwan kana daawwata?
  3. Guddina tuurizimii ilaalchisee rakkoowwan akkamiitu mul'ata?
  4. Daawwannaa iddoowwan kanatti gaggeessamu keessatti hirmaanaan ummataa naannoo kanaa maal fakkaata?
  5. Rakkoowwan kana furuuf maaltu godhamuu qaba?

## Barannoo 3: Caasluga

### Gosoota Himaa(Tajaajilaan)

#### Yaadannoo

Faayidaa kennanu giddu-galeessa gochuun, himoonni akka armaan gadiitti addaan ba’u.

#### A. Hima Himamsaa

Himoonni kun waan dhugaa ta’ee tokko ibsuuf gargaaru. Kun karaa lamaan ilaalamuu danda’u. Inni jalqabaa eeyyentaa yammuu ta’u, inni lammaaffaa ammoo hi’eentaadha.’

#### Fkn

1. Lammeessaan laga bu’e.
2. Garasuun jabbii bite.
3. Magartuun fira hinqabdu.
4. Shaantameen torbaan kana dhufi.
5. Lalisaan qonnaan bulaa cimaadha.

Himoota armaan olii keessaa kamtu eeyyentaa agarsiisa? Kamtu hi’eentaa agarsiisa?

#### B. Hima Ajajaa

Gosni himaa kun akka namni tokko waa hojjetuuf ajaja dabarsa.

#### Fkn

1. Karra bani.
2. Laga bu’i.
3. Bishaan waraabi.

Hima ajajaa haala lamaan ilaalu dandeenya. Gareen tokko gorsa kennu.

#### Fkn

Qoricha kana liqimsi.

Warri kaan ammoo yaada dirqama hojiirra oolu agarsiisa .

Himoota armaan gadii haaluma kanaan addaan baasi.

1. Utuu kitaaba hinfidin akka hindhufne.
2. Bishaan dhugi.
3. Gonkumayyuu sana hinyaadin.
4. Sanatti akka itti hinbuune.
5. Ogeessa fayyaa haasofsiisi.

### C. Hima Iyyaaffannoo/Gaafii

1. Gosni himaa kun gaafii gaaffachuun deebii barbaachisaa ta'e argachuuf gargaara.

Fkn

1. Maaliif dhufte?
  2. Kitaaba sana bittee?
  3. Obboleessi kee eessa jira?
2. Gaaffiiwwan shan kana fakkaatanu barreessi.

### D. Hima Raajeffannoo

1. Himni akkasii dinqisiiffannaa yookiin raajeeffannaa arginee, dhageenye yookiin nu qaqqabe ittiin ibsinuudha.

Fkn

1. Kun raajiidha !
  2. Maal wanti akkasii !
  3. Ani badeera !
2. Himoota raajeffannoo agarsiisan shan barreessi.



### Gilgaala 9:

### Shaakala Gosoota Himaa

A. 1. Rakkoowan armaan gadii namoota adda addaatiin dhiyaataniif gorsa barreeffaman kenni.

- A. Ani barataa kutaa 11tti . Yeroo hedduu bakka namni baayyee jirutti haasa'uu yookiin yaada koo ibsuu nan sodaadha. Dandeettii yoon qabaadhullee ofitti hinamanu. Maal gochuun qaba?
  - B. Abbaan koo galgala galgala dhugaatii garmalee dhugee dhufa. Yommuu mana ga'u ulee fudhatee hunda keenya reeba. Maal gochuu qabna?
  - C. Yeroo hedduu kitaaba dubbisuu utuu hinta'in, fiilmii ilaaluun jaaladha. Kun ammoo barumsa koo irratti akka dhiibbaa gochaa jiru yoon beekellee, gocha kana dhaabuu hindandeenye. Maal naawayya?
  - D. Halkan hirribni dafee na hinfudhatu. Ganama ammoo yeroodhaan ka'uu hindanda'u. Maal gochuun qaba?
2. Hiriya kee waliin rakkoo qabdanu walitti himuun gorsa walii kenaa. Jalqaba rakkoo keessaan barreeffamaan ibsaa. Achii walii dubbisuun gorsa walii kenaa.

B. Gosoota himaa keessaa gaaffiin isa tokkodha. kana qalbeeffachuun deebiiwwan dhiyaataniif gaaffiiwwan sirrii bakka duwwaa irratti barreessi.

1. Maammoo: \_\_\_\_\_?
- Dabalaa : Waggaa sadii harraa.
2. Barsiisaa : \_\_\_\_\_?

Amartii: Harmeeetu dhukkubsate.

3. Leencoo:- \_\_\_\_\_?

Lalisee: Torbanitti guyyaa lama.

4. Gadaa : \_\_\_\_\_?

Abdii: Yeroo hunda ganama ganama.

5. Fiixee : \_\_\_\_\_?

Galataa: Ogeessa fayyaa.

6. Leensaa : \_\_\_\_\_?

Yaadatee: 150 hanga 250.

7. Toleeraa : \_\_\_\_\_?

Moosisaa : Barsiisaadha.

8. Bilisee: \_\_\_\_\_?

Feenaan : Aannaniifi marqaa.

9. Damboobaa : \_\_\_\_\_?

Gammachuu : Qananiisaafi Daraartuu.

10. Badhaasaa: \_\_\_\_\_?

Ibsaa: Busaafi daraanyoo sonbaa.

## Barannoo 4: Barreessuu



### Gilgaala 10: Shaakala Gosoota Keeyyataa

- A. 1. Dubbisni 'Industiriifi Sochii Tuuriizimii Addunyaa' keeyyata meeqaa qaba?
2. Jechoonniifi gaaleewwan armaan gadii keeyyata kam keessatti ka'ani?
  - A. Yaada golabaa \_\_\_\_\_
  - B. Hiika Tuuriizimii \_\_\_\_\_
  - C. Tuuristoonni maaliif akka bakka tokko irraa bakka biraa deeman \_\_\_\_\_
  - D. Seenaa tuuriizimii addunyaa \_\_\_\_\_
  - E. Faayidaa tuuriizimii \_\_\_\_\_

#### Yaadannoo

Keeyyattoonni hundinu yaada ijoo adda addaa kaasanii ibsu. Kanaafuu, keeyyata tokko keessatti dhimma tokko qofaa kaasne ibsina. Himoonni yemmuu walitti dhufanu keeyyata uumu. Keeyyanni tokko yaada ijoo, himoota gargaartuufi yaada xumuraa/golabaa qaba. Keeyyanni haala kanaan qindaa'ee keeyyata gaariidha jechuu dandeenya.

3. Himoonni armaan gadii tartiiba isaanii eeggatanii hinbarreeffamne. Duraa- duuba isaanii eeguun keeyyata tokko barreessi.
  - A. Dinagdee biyyaa keessatti madda galii ta'uun carraa hojii namoota adda addaatiif uuma.
  - B. Hunda caalaa, seenaa, qabeenya uumaafi bakkeewwan seena – qabeessa ta'an namoota biyya biraatiif beeksisuuf gargaara.
  - C. Tuuriizimii dagaagsuun faayidaa hedduu qaba.

- D. Karaa biraatiin, tuuriizimiin walitti dhufeenya namootaafi biyyoota gidduu jiru bu'uura cima irratti ijaara.
- E. Biyyootni tuurizimii madda galii godhatan, kunuunsa naannootiif gumaachaniiru.
- F. Karaa carraa hojii kanaan, namoonni hedduun jireenya jaraa fooyyessuu danda'aniiru.
- G. Walumaa galatti, yoo tuuriizimiin sirriitti dagaage meeshaa guddina biyya tokkoo ta'a.

**B. Gosoota keeyyataa armaan gadiitti ibsa"1-4" jalatti kenname waliin walitti firomsi.**

- A. Ibsaa
- B. Addeessaa
- C. Mormaa/Amansiisaa
- D. Seenessaa

1. Jechoota fayyadamuun waa'ee namaa, wantootaa, iddoowwan adda addaafi kkf suuraa sammu keessatti uumuudha.
2. Maalummaa waan tokkoo ibsa; dhimma tokkorrattis odeeffannoo kenna;akkamitti waa akka hojjetamu qajeelfama kenna
3. Ragaa adda addaa fayyadamuun dhimma tokko irratti nama amansiissu yaala.
4. Waan kanaa dura raawwatame haala seenatiin kan ittiin dhiyeessinuudha.

**1. Mata –dureewwan armaan gadii fayyadamuun keeyyata gosa kamtu barreeffama?**

- A. Oolmaa koo Kaleessaa
- B. Faayidaa Bishaan Qulqulluu
- C. Bareedina Caaltuu
- D. Miidhaa Jimaa Qama'uu

**2. Keeyyatoota armaan gadii haalaan erga dubbiste booda, gosa isaanii addaan baasi.**

- A. Bareedinni Magartuu namoota hedduu ajaa'ibsiisa. Dheerinni rifeensa ishee qalbii nama hawwata. Nyaarri ishee uutuu hin kulamiin

uumaan sirraa'ee hojjetame. Dheerinni hojjaa ishiifi uffannaan ishee gar malee walsimachuun bareedina dabalataa kennaniiruuf. Magartuun haadha amala dansaa ta'uu ishee namoonni baayyee ragaa ba'uuf. Haalli isheen nama wajjin ittii haasoftu, nama rakkate gargaaruuf carraaqqii isheen gootu, hirmaannaan ishiin hojii hawaasummaa keessatti gootu akka fakkeenyaatti ka'uu danda'u. Walumaa galatti, bareedinniifi amalli ishee akka ishiin namoota ganda isheetiin jalaatamtu godheera.

- B. Barumsa gareen qo'achuun faayidaa adda addaa qaba. Barattoonni gareen hojjetanu yaada wal jijjiiruun hubannoo jaraa bal'iffachuufi wal-irraa barachuu danda'u. Kana malees, dandeettii afaanii fooyyeeffachuu danda'u. Yeroo barattoonni gareen hojjetanu hojii jiru qixxeetti qooddachuun tokkoon tokkoon jaraa ga'ee isaanii taphatu. Kun ammoo jireenya jaraa keessatti hojiiwwan gareen hojjetamanu yemmuu jiraatan akka dandeettii horatan kana itti fayyadamuu danda'u. Yeroo barattoonni gareen hojjetanu yaadaafi qooda miseensota garee kabajuu baratu. Kun jireenya guyyaa guyyaattis faayidaa wal kabajuu barsiisaan. Kanaafuu, barattoonni carraa gareen hojjechuu yemmuu argatanu, haalaan itti fayyadamuu qabu.
- C. Tamboo xuuxuun rakkoowwan adda addaatiif nama saaxila. Hunda caalaa, namoonni kun araada jaraa qabaneessuuf guyyaa tokko keessatti tamboo hedduu xuuxu. Kun ammoo dhibeewwan sonbaatiif saaxilaan. Dhibeewwan kana wal'aanuuf qarshii baayyee baasuuf dirqamu. Haala kanaan jireenya maatii jaraa irratti dhiibbaa godhu. Daa'imman jaraa haalaan barsiisuu yookiin guddisuu dadhabu nimalu. Baasii guyyaa guyyaa mana jaraa haala quubsaan dhiyeessuu hindanda'an. Karaa biraan, qunnamtii jarri miseensota hawaasa keessa jirraatanu waliin qabanu miidhamuu

danda'a. Akka muuxannoon namoota tamboo gar malee xuuxanu agarsiisutti,hawaasa jiraatanu keessatti amantaa yookiin fudhatama jarri qabanuxiqqaadha. Namoonni kun of qofaa utuu hinta'in namoota naannoo jaraatti argamanu irrattis miidhaa geessisu. Aarri tamboo keessaa ba'u namoota kaan dhibeewwan armaan olitti ibsamaniif saaxiluu danda'a. Rakkoowwan kana irraa bilisa ta'uuf, namoonni tamboo gara malee xuuxanu gocha kana dhiisuu qabu. Warreen hinjalqabnes kana hubachuun murtii jaraa sirreeffachuu qabu.

- D. Jireenyi Gammachuu bu'aa – ba'iin kan guutame ture. Waggaa kudhan harr'aa, haati warraa isaafi daa'imman isaa sadii bal'aa konkolaataan du'an. Waggaa lama booda ammoo, haati isaafi abbaan isaa utuu laga ce'aa jiranu riqichi isaan baachuu dadhabee laga keessa bu'uusaatiin lubbuun lamaanuu darbuu danda'eera. Gaddi hundi kun walitti daddabalamuusaatiin, Gammachuun dhukkuba onneetiif saaxila ba'e. Waggaa harraa, mana yaalaa deemuudhaan walaansa argachuu yaalii yoo godhee illee , milkaa'uu hin dandeenye. Ogeessooni fayyaa attattamaan biyya alaatti yaalamuu akka qabu itti himan. Haa ta'u malee, kaffaltii wal'aansaa waan kaffaluu hin dandeenyeef ji'a ja'a dura lubbuun isaa darbeera.

## Barannoo 5: Gosoota Himaa (Caasaan)

### Yaadannoo

Caasaa irratti hundaa'uun gosoota himaa haala armaan gadiitti qooduu dandeenya.

1. Hima leexaa (Leexima)
2. Hima dachaa(Dachima)

3. Hima walxaxaa(Xaxima)
4. Hima dachaa walxaxaa

Maalummaa tokkoon tokkoon jaraa osoo hinibsin dura, waa'ee ciroo ilaaluu qabna.

### Fkn

1. Dalasaan waan dhukkubsateef wal'aaname.

Fakkeenya kana keessatti 'Dalasaan' matima ykn kan gocha himichaa raawwatu jechuudha. Jechoonni 'waan dhukkubsateef wal'aaname' walitti kutima jedhamu. Ciroomni tuuta jechootaa matimaafi kutima qabuudha. Ciroomwan tokko tokko of danda'aanii hiika guutuu kennuu danda'u. Fakkeenya armaan olii keessatti 'Dalasaan wal'aaname' inni jedhu ciroo of danda'aa dha. Karaa biraatiin 'Dalasaan waan dhukkubsateef' inni jedhu ciroo hirkataadha. Waan hiika mataasaa hinqaqbneef hiika guutuu kennuuf ciroo of danda'aa irratti hirkata.



### Gilgaala 11:

### Shaakala Gosoota Himaa(Caasaan)

- A. Himoota armaan gadii keessaa ciroomwan of danda'aafi ciroomwan hirkataa addaan baasii barreessi.

1. Ol'aanaan waan dhufeef, dhiyana keenya nyaachuu qabna.
2. Taliileen waan dheeboteef, bishaan dhugde
3. Yoo ariifatta ta'e, konkolaataa isa kanaan deemi.
4. Jireenya kee yoo fooyyeeffachuu barbaadde, cimtee hojjechuu qabda.
5. Maalummaa kee waan hinbeekneef, ragaa kana sitti hinkennu.

### Hima salphaa

- B. 1. Himoota armaan gadii maaltu wal fakkeessa?

1. Tolaan sangaa bite.

2. Gammadaafi Sanbatoon mana barumsaa deeman.
3. Biqiltuun na bira jiraatti.
4. Lammiin obboleessa kiyya.
5. Barsiisaan nagaa nu gaafate.

Himoonni kun hunduu gochima tokko qofaa of keessaa qabu.

bite

deeman

jiraatti

kiyya

gaafate

#### C. Himoota leexaa shan barreessi.

##### Hima Dachaa

Himni dachaa ciroo of danda'aa lamaafi isaa ol of keessaa qaba.

1. Dabalaan farda bite; Badhaasaan garuu harree bite.
2. Nyaata gaariin nyaadhe; kanaafuu, nagaatu natti dhagaa'ama.
3. Tolaan mana yaala deemee deebi'e.
4. Shantamaan Jimmaatti dhalate; Booruun ammoo, Mattuutti dhalate.

#### D. Cirowwan of danda'aa himoota armaan olii keessa jiranu addaan baasii barreessi.

#### E. Himoota dachaa shan barreessi.

##### Hima Xaxamaa

Himni xaxamaa ciroo hirkataa tokkoofi isaa oliifi ciroo of danda'aa tokko qofa ta'a.

1. Yoo yaada kee jijjiirte, garee kana keessaa hari'ama.
2. Ganamaafi galgala yoo hojjette, kutaa isa itti aanutti dabarta.
3. Maalummaa kee waan hinbeekneef, amantaa sirraa hinqabu.

1. Ciroowwan hirkataa himoota armaan olii keessa jiranu addaan baasii barreessi.
2. Ciroowwan of danda'aa himoota armaan olii keessa jiranu addaan baasii barreessi.
3. Himoota walxaxaa shan barreessi.

### Hima Dachaa Xaxamaa

Himni akkasii ciroo hirkataa tokkoofi isaa oliifi ciroo of danda'aa lamaafi isaa ol ta'a.

1. Bishaan hinuma dhugna, nyaata hinuma nyaanna, yoo gabbachuu dhabnellee.
2. Teenyes, dhaabbanes, waan haaraa hinarginu.
3. Yeroon achi geenyee gabaasa goonu illee, milkaa'uu hindandeenye.
  - a) Ciroowwaan hirkataa himoota armaan olii keessaa addaan baasii barreessi.
  - b) Ciroowwan dhaabbataa himoota armaan olii keessaa addaan baasii barreessi.
  - c) Himoota dachaa xaxamaa shan barreessi.

F. Keeyyatoota 'Gilgaala 10' jala jiranu keessaa gosoota himaa addaan baasii barreessi.

## Boqonnaa 8: Barumsa Addaan Kutuu

### **Kaayyoo: Xumura barnoota boqonnaa kanaatti,**

- dhaamsa dubbisaa addaan baastee barreessita.
- hiika jechootaa haala galumsaatiin tilmaamtee barreessita.
- odeeffannoo hololoon kenname gara gabateetti seeraan jijjiirtee barreessita.
- yaada gabateen kenname fayyadamtee keeyyata barreessita
- himoota kennaman keessaa hennaa ammeennaafi raawwima ammenna addaan baastee barreessita.
- faaruu ateetee faarfatta.

## Barannoo 1: Dhaggeeffachuufi Dubbachuu



### **Gilgaala 1: Shaakala Dhaggeeffachuun Duraa**

Gaaffiiwwan armaan gadii gareen irratti mar'adhaa.

1. Nama barumsa addaan kute beektuu? Yoo beektu ta'e maaliif akka barumsa addaan kute/kutte walitti himaa.
2. Dhiiraa moo dubartiitu yeroo hedduu barumsa addaan kuta? Maaliifi?



### **Gilgaala 2: Shaakala Yeroo Dhaggeeffachuu**

Dubbisa barsiisaan isniif dhiyeessu dhaggeeffachuun yaadannoo dhimmoota armaan gadiirratti fudhadhu.

1. Barreeffamni dhaggeeffatte waa'ee eenyuuti?

2. Jalqaba seennichaatti maaltu uumame?
3. Gidduu seennichaatti maaltu uumame?
4. Gara dhuma seennichaatti maaltu uumame?
5. Dhumarratti maaltu uumame?

**Gilgaala 3:****Shaakala Dhaggeeffachuun Boodaa**

Gaaffiiwwan armaan gadiirratti gareen mari'adhaa.

1. Akka barattoonni barumsa isaanii addaan hinkunne maaltu godhamuu qaba?
2. Dhimma kana ilaalchisee waan manni barumsaa keessan hojjetaa jiru gaafachuun daree keessatti dhiyeessaa.

**Barannoo 2: Dubbisuufi Dubbachuu****Gilgaala 4:****Shaakala Dubbisuun Duraa**

Dubbisa dhiyaate osoo hindubbisin dura gaaffiiwwan armaan gadii irratti gareen mari'adhaa.

1. Barattoonni maaliif barumsa jaraa addaan kutu?
2. Barattoota dhiira moo dubartiitu kanaan irra caalaa miidhama? Maaliif?
3. Hiika jechoota armaan gadii tilmaamaa.

kutuu

qulqullina

fiixaan ba'uu

dhiibbaa

**Gilgaala 5:****Shaakala Yeroo Dubbisuu**

A. Gaaffiiwwan armaan gadii dubbisa suuta dubbisuun deebisi.

1. Tamsa'inaafi fooyya'ina barumsaa keessatti qoodni Baankii Addunyaafi dhaabbilee kan biraa maali?

2. Kaayyoo ‘Barumsa Hundaaf’, jedhu galmaan ga’uuf maaltu hojjetamuu qaba?
3. Barumsa gidduutti addaan kutuun maaliif biyyoota guddachaa jiranu keessatti irra caalaa mul’ata?
4. Sababiiwwan akka barattoonni barumsa addaan kutan taasisanu keessaa warra ijoo dubbisa keessaa addaan baasii barreessi.
5. Barumsi oolmaa daa’immanii akka babal’atu kan godhe maal?

### Barumsa Addaan Kutuu

Rakkoon barumsa addaan kutuu biyyoota addunyaa adda addaatti mul’atu illee, irra caalaa barattoota Biyyoota Addunyaa Sadaffaa keessa jiranu ilaallata. Barattoonni hedduun osoo barumsa marsaa duraa hinxumurin sababiiwwan adda addaarraan kan ka’e barumsa gidduutti dhiisuuf dirqamu.

Sababiiwwan barattoonni barumsa ittiin dhiisanu yoo ilaalle, wantoota humna jaraa ol ta’aniin waliin walqabatu. Fakkeenyaaf, hedduun isaanii maatiin jaraa hojii qonnaafi hojiiwwan mana keessaattiin gargaaruu qabu. Akkasumas, barattoonni dubartii dirqamaan walqunnamtii saalaa of eeggannoo hinqabaanne gochuun ulfa hinbarbaachisneef saaxilamuu danda’u. Rakkoo kanaafi dhiibbaa manneen barnootaatti isaan qaqqabu baqa barumsa dhiisuuf nimurteessu. Karaa biraatiin, barattoonni tokko tokko hojiiwwan barumsi barbaadu hojjechuu nuuffuurraan kan ka’e barumsa addaan kutuu danda’u. Amalli barattootaafi barsiisotaa murtii barumsaa addaan kutuu keessatti ga’ee taphatu qaba. Kun keessattuu barattoota dubartii ilaallata.

Rakkoo barumsa addaan kutuu furuuf Biyyoonni Addunyaa Sadaffaa keessatti argamanu tarkaanfiiwwan adda addaa fudhataniiru. Fakkeenyaaf, biyyoonni adda addaa baajata barumsaaf ramadan giddu galeessaan guddisaniiru. Biyyoonni Laatiin Ameerikaa keessatti argamanu jijjiirama qabatamaa fidaniiru. Gara Afriikaatti yammuu dhufnu, Itoophiyaa,

Bootiswaanaafi Gaanaan qabeenya jaraarraa harka caalaa barumsa babal'isuufi fooyyessuurra oolchaniiru, oolchaas jiru. Kana kan fiixaan baasuu danda'an gargaarsaafi liqii Baankii Addunyaa, Dhaabbata Mootummoota Gamtoomaniifi dhaabbilee gargaarsaa adda addaa irraa argataniin yeroo ammaa ilaalchi ummanni barumsaaf qabu fooyya'aa dhufeera. Waggoota muraasaan dura, wantoonni dubartoonni akka baratana jajjabeessanu quubsaa hinturre. Bara 1990 irraa jalqabee, barumsi oolmaa daa'immanii babalachaa dhufeera. Karaa kanaan, lakkoofsi daa'imman barumsa oolmaa daa'imaniif galmaa'an dhibbeentaa 40 oliin guddachuu danda'eera.

Akka kaayyoon Dhaabbata Mootummoota Gamtoomanii agarsiisutti, bara 2015 barnoonni hundaaf qaqqabuu qaba. Haala amma mul'achaa jiru yoo ilaalle garuu, kana guutummaatti fiixaan baasuuf rakkootu jira. Kun kan ta'eef dhiibbaa lammii yookiin sanyii irra ga'uun, amantii, aadaa, dinagdee fi fageenya manneen barumsaatiin, daa'imman hedduun carraa barumsaa argachuu hindandeenye.

Akka waliigalaatti, barumsa addaan kutuun rakkoo biyyoota Addunyaa Sadaffaa keessajiran irratti caalaa mul'ata. Rakkoo kana furuun daa'immaan barataniin dinagdeefi guddina biyyaa jaraa keessatti qooda akka fudhatanuuf, tarkaanfiiwwan fudhatamaa jiranu ilaalleera. Warreen armaan olitti ilaalleen ala, leenjiin barsiisotaa, meeshaalee barumsaaf barbaachisanuufi dhimmoota qulqullina barumsaa eeguuf barbaachisanu guutuun murteessaadha.

**B. Jechoota dubbisa keessaa baa'aniif hiika jaraa haala galumsa isaanittiin kenni.**

- |            |            |
|------------|------------|
| 1. Nuffuu  | 2. Baajata |
| 3. Ramadan | 4. Ga'ee   |
| 5. Lammii  |            |



### **Gilgaala 6:** Shaakala Jechoota Waliin Deemanii

Jechoota lamaafi lamaa ol walitti fiduun fayyadamuu dandeenya.

Fkn

- A. Tarkaanfii fudhachuu
- B. Fiixaan baasuu

Jechoota kan yoo waljala qaxxamursine, hiika fudhatama hinqabne arganna:

Tarkaanfii baasuu

Fiixaan fudhachuu

Jechoota haala kanaan dubbisa armaan olii keessatti faayidaarra olan addaan baasii barreessi.Hima keessattis fayyadami.

## **Barannoo 3: Caasluga**



### **Gilgaala 7:** Shaakala Henna Ammeennaa

A. Himoota armaan gadii hiika kennaman waliin walitti firoomsii.

Himoota

1. Gammadaan ni utaala.
2. Hiriyaan koo magaalaa keessa jiraata.
3. Caaltuun ganamaan gara mana barumsaa deemti.
4. Ibiddi ni guba.

Hiika

- A. Gocha yeroo mara dhugaa ta'e
- B. Gocha gara fulduraa raawwatamuuf jedhu
- C. Gocha amma raawwatamaa jiru
- D. Gocha yeroo maraa raawwatamu

B. Gochoota ammaa amma irra deddeebi'uun hojjetu yaaduun, gabatee armaan gadii guuti.

Itti'aansuun himoota fudhatama qabanu ijaari.

Yeroo Hunda	Gocha
1. Ganama ganama	
2. Gaafa waggaa haaraa	
3. Galgala galgala	
4. Sanbata Sanbata	
5. Waaree booda	

C. Gochoota yeroo maraa ta'an himoota shan ijaaruun agarsiisi.

Fkn

- 1. Ibiddi ni guba.
- 2. Namni jiraachuuf bishaan dhuga.

D. Gochoota gara fuulduraatti raawwatamanu himoota shan ijaaruun agarsiisi.

Fkn

Magartuun bariidhaan gara gabaa deemti

E. Ammeennaan gochoota yeroodhaan daangeffaman agarsiisuuf ni fayyada.

Fkn

Ayyaanni Irreechaa waggaa waggaan Fulbaana keessa kabajama.

Haaluma kanaan himoota shan ijaari.

**Gilgaala 8:****Shaakala Raawwimma Ammeennaa****A. Hiika himoota armaan gadii barreessi.**

1. Sanbatoon sirbeera.
2. Magartuun raafteetti.
3. Galaanaan geeraree nu gammachiise.
4. Biiftuun aannan raaftee dhadhaa baaftte.
5. Dirriibaan sirbee hedduu nu gammachiise.

**Yaadannoo****Raawwimma Ammeennaa**

Hiika hennaa kanaa karaa lamaan ilaaluu dandeenya:

Fkn

1. Magartuun raafteetti.

Gochi “raafteetti” jedhu xumuramu illee, bu’aan wanti isheen hojjetee amma mulachuu danda’a. Kanaafuu, yeroo ammmaa tarii dhadhaan inni keessaa bahe akka ragaatti fudhatamu danda’a.

2. “Dirriibaan sirbee hedduu nu gammachiise” isa jedhu haaluma walfakkaatuun ilaaluu dandeenya. Dirriibaan gocha sirbuu kanaan dura raawate, garuu gocha inni godhe sanaan amma gammachuun nutti dhagaa’ameera jechuun ni dandaa’ama.

**B. Himoota kana fakkaatanu shan ijaaruun hiika jaraa barreessi.**

## Barannoo 4: Afoola



### Gilgaala 9: Shaakala Faaruu Ateetee

Hiriyoota kee sadii waliin gaaffiiwwan armaan gadiirratti mari'adhaa.

1. Faaruun Ateetee maaliif faarfatama?
2. Garee barattoota afur qabuun qindaa'uun nama faaruu ateetee faarfachuu danda'u barbaadaa. Akkamitti akka Ateeteen faarfatamu gaafachuun yeedaloofi walaloo isaa qalbeeffachuun daree keessatti dhiyeessaa. Fkn

#### Aayyolee Nooraa

Yaa 'aayyole nooraa,  
 abdi tiyya nooraa,  
 'eessaa galta reefuu,  
 kan reebaan si 'eeguu.

*yaa 'aayyole nooraa,  
 abdi tiyya nooraa,  
 'eessaa galta reefuu,  
 kan reebaan si 'eeguu.*

*abdi tiyya nooraa,*

*'aayyoo tiyya 'aayyoo,  
 'aayyoo adda naannoo.*

*yaa 'aayyolee nooraa,  
 yaa sabole nooraa,  
 'aayyoo tiyya 'aayyoo,*

*'aayyoo adda naannoo...(Afoola Oromoo; Jildii II; 1999)*

## Barannoo 5: Dubbachuufi Barreessuu



### Gilgaala 10:

### Shaakala Dubbachuufi Barreessuu

- Itti gaafamtoota manneen barumsaa naannawwa keessanitti argamanu waa'ee barumsa addaan kutuu gareen haasofsiisuun gabatee kana guutaa. Gaaffiiwwan akkamii akka gaafattanu marii gaggeessuun murteessaa. Yaadawwan gabatee gajjallaa A-D jiranutti fayyadamaa.

Bara_____	Baay'ina Barattoota barumsa addaan kutanii	Sababiiwwan jarri barumsa ittiin addaan kutan

- Dhimmoota kana irratti gaaffiiwwan dura bu'aa mana barumsaa keessan gaafatanu qopheessaa.
  - Baay'ina barattootaa bara baraan barumsa addaan kutan
  - Baay'ina barattoota barumsa addaan kutan saalaan (dhiiraafi dhalaa)
  - Sababiiwwan barattoonni barumsa addaan ittiin kutan
  - Rakkoo kana furuuf maaltu akka hojjetame
- Odeeffannoo gabatee keessatti guutte fayyadamuun gabaasa keeyyattoota lamaan barreessi.
- Yaada gabateen dhiyaate seera keeyyanni ittiin barreeffamu eeguun keeyyata tokko barreessi. Walqabsiistoota fayyadamuu hindagatiin.

Mata duree: Faayidaa Karoora Maatii

Caasaa keeyyataa	Yaada
Hima ijoo	- Karoora maatii fayyadamuun bu'aa adda addaa qaba.
Yaadawwan Callaa/ yaadawwan gargaartuu	- Daa'imman wal-irraa fageessanii godhachuuf - Daa'imman haala gaariin guddisuuf - Fayyaa haawwanii eeguuf - Baasii maatii qusachuuf
Hima goolabaa	Namoonni gorsawwan kana hojiirra oolchuun jireenya gaarii jiraachuu danda'u.

5. Mata duree armaan gadii fayyadamuun keeyyata tokko barreessi. Jalqaba caasaalee keeyyataafi yaada caasaalee kana keessatti gabatee armaan gadiitti galuu malan guuti.

Faayidaa Bishaan Qulqulluu

Caasaa keeyyataa	Yaada
Ijoo himaa	_____
Yaadawwan Callaa/Yaadawwan gargaartuu	1. _____ 2. _____ 3. _____ 4. _____ 5. _____
Yaada goolabaa	_____

## Boqonnaa 9: Injifannoo Walmorkii Olompikii

### Kaayyoo: Xumura boqonnaa kanaatti:

- dhaamsa dubbisaa addaan baastee barreessita.
- hiika jechootaa haala galumsaan tilmaamuun barreessita.
- yaada hololoon dhiyaate gabateetti dabarsitee barreessita.
- jechoota tishoo ta’an addaan baastee barreessita.
- waa’ee atileetii beekamaa keeyyata barreessita.
- hennaa keessa amsiiqaa himaan barreessita.

### Barannoo 1: Dhaggeeffachuufi Dubbachuu



#### Gilgaala 1: Shaakala Dhaggeeffachuun Duraa

Osoo dubbisa dhiyaate hindhaggeeffatiin dura gaaffiiwwan armaan gadiirratti gareen mari’adhaa.

1. Atileetota beekamoo ltoophiyaa keessaa shan hiriya keetti himi.
2. Atileetoonni faayidaa akkamii biyyaaf buusu?
3. Dorgoommiiwwan atileetiksii Olompikii keessaa fakkeenya sadii kenni.



#### Gilgaala 2: Shaakala Yeroo Dhaggeeffachuu

Dubbisa waa’ee atileetii beekamaa dhiyaate dhaggeeffachuun gaaffiiwwan armaan gadii deebisi.

1. Dubbisichi waa’ee enyuuti?
2. Atilleetiin kun Olompikii irratti si’a meeqa hirmaate?
3. Atilleetiin kun hirmaannaa kanaan al meeqaa injifate?
4. Dorgommii atileetikisiin ala atilleetiin kun hojii kan biraa irratti hirmaannaa gochaa jira. Fakkeenya kenname barreessi.
5. Kaayyoon gara fuulduraa atileetii kanaa maali?



### Gilgaala 3: Shaakala Dhuggeeffachuun Booda

Gaaffiiwwan armaan gadii hiriyaa kee waliin deebisi.

1. Muuxannoo atileetii kana irraa maal baratte?
2. Atileetii kanaaf atileetoota Itoophiyaa warra kaan gidduu garaagarummaa akkamiitu jira?
3. Osoo ati atileetii taatee hojiiwwan akkamiirratti bobbaata?






### Barannoo 2: Dubbisuufi Dubbachuu



### Gilgaala 4: Shaakala Dubbisuun Duraa

Dubbisa armaan gadii osoo hindubbisin dura gaaffiiwwan dhiyaatan deebisi.

1. Suuraawwaniifi maqaa atileetotaa walitti firoomsi.



- a. Abbabaa Biqilaa
  - b. Qananiisaa Baqqalaa
  - c. Maammoo Waldee
  - d. Miruuts Yifxar
  - e. Daraartuu Tulluu
  - f. Xurunash Dibaabaa
  - g. Haayilee Gabrasillaasee
  - h. Masarat Daffaar
2. Atileetota armaan olii keessaa kamtu Olompikii irratti dorgomee injifate?
  3. Umrii jaraa tilmaamuun, atileetota kana duraa duubaan tarreessi.



### Gilgaala 5: Shaakala Yeroo Dubbisuu

- A. Dubbisa dhiyaate saffisaan dubbisuun gabatee armaan gadii guuti.

Atileetii	Olompikii Irratti Injifate/tte
1.	
2.	
3.	
4.	
5.	
6.	

- B. Keeyyattoota dubbisa armaan olii qalbiin dubbisuun yaada ijoo isaanii gabatee armaan gadii keessatti barreessi.

Keeyyata	Yaada Ijoo
1.	
2.	
3.	
4.	
5.	
6.	

- C. Dorgommiiwwan ispoortii Olompikii irratti dhiyaatanu keessaa fakkeenya shan barreessi.

D. Jechoonni dubbisa keessaa ba'an kun maal agarsiisu?

1. Kanaan ala ( keeyyata 2) \_\_\_\_\_
2. Isa ( keeyyata 3 ) \_\_\_\_\_
3. Kunis ( keeyyata 4) \_\_\_\_\_
4. Kana ( keeyyata 5 ) \_\_\_\_\_

### Injifannoo Walmorkii Olompikii

Walmorkiin Olompikii waggaa afuritti kan gaggeeffamu ta'ee, gosoota ispoortii adda addaa of keessaa qaba. Gosoota Ispoortii kana keessaa, kan hedduu jaalatamaafi daawwannaa irra caalaa qabu atileetiksiidha. Atileetiksiin ispoortiiwwan kan akka fiigichoo, utaalchoofi darbannaa/ darbachoo of keessaa qaba. Kanaan ala Olompikiin gosoota ispoortii kan akka kubbaa miillaa, kubbaa saaphanaa, kubbaa harkaa, sigigoo, fiinqilaachoo, bishaan daakuufi farda gulufuu of keessaa qaba. Gosoota ispoortii kana keessaa Itoophiyaan irra caalaa atileetikisiin beekanti.

Olompikiwwan kanaan dura gaggeeffaman keessatti atileetoonni Itoophiyaa hedduun hirmaatanii injifataniiru. Osoo atileetoota kanaafi injifannoo jaraa hinilaalin dura , waa'ee Olompikii dhimmoota tokko tokko haa qalbeeffanu. Olompikiin bara 1896 A.L.A. magaalaa Ateensi keessatti jalqabame. Olompikiin dorgommiiwwan ispoortii jiranu keessaa baay'ina hirmaattotaafi gosoota ispoortiitiin isa dureedha. Biyyoota addunyaafi ummata jaraa walitti fiduun walqunnamtii namootaafi biyyoota gidduu jiru cimsuu keessatti shoora guddaa taphateera.

Seenaa Olompikii keessatti atileetoonni Oromiyaa iddoo guddaa qabu. Yeroo jalqabaa Itoophiyaan Olompikiirratti kan hirmaatte bara 1960 Magaalaa Roomitti. Olompikii kanarratti Abbabaa Biqilaan miila duwwaa fiiguun dorgommii Maaraatoonii sa'aatii 2:15:16-2 galmeessisuun injifateera. Kunis riikoordii haaraa ta'ee galmaa'ee ture. Bara 1964 Olompikii Tookiyootti Abbabaan injifateera. Kan kana adda godhu wal'aansi garaa baqaqsa,

taasifameef bultii 36 booda moo'achuun atileetii seena-qabeessa ta'uu isaati.

Maammoo Waldeen Olompikii Meeksikootti gaggeessametti Maaratooniin injifachuu danda'eera. Injifannoon kun yeroo sadii walitti aanee dhufuu isaatiin seenaa keessatti bakka addaa argachuu danda'eera. Olompikii Baarseelonaatti gaggeeffametti meetra 10,000 Daraartuu Tulluu injifachuun atileetii dubartii ishii jalqabaati. Olompikii Beejingiitti gaggeessameen Qananiisaa Baqqalaa meetra 10,000 fi 5000 injifateera. Injifannoon kun Qananiisaa atileetii beekamaa akka ta'uufi biyyi keenyas beekumsa dubalataa akka gonfatu taasiseera.

Atileetoonni kan akka Xirunash Dibaabaa , Mahaammad Kadir, Isheetuu Turaa meetira 5000 fi 10,000 dorgomanii injifachuu danda'aniiru. Atileetoonni kunneen bu'aa-ba'ii darbuun hojii seena-qabeessa ta'e hojjetaniiru. Yeroo ammaa, atileetikisiidhaan Keeniyaa caalmaa nurraa fudhachaa akka jirtu argaa jirra. Haata'u malee, yoo atileetoonni amma mul'achaa jiranu deeggersa barbaachisaa argatan iddoo seenaa keessatti qabnu deebisnee argachuu dandeenya.

#### E. Jechoota dubbisa keessaa bahan kanaaf hiika isaanii barreessi.

- A. Daawwannaa ( keeyyatta 1) \_\_\_\_\_
- B. Haa qalbeeffannu ( keeyyata 3) \_\_\_\_\_
- C. Dureedha ( keeyyata 3) \_\_\_\_\_
- D. Shooraa ( keeyyata 3) \_\_\_\_\_
- E. Riikoordii ( keeyyata 4) \_\_\_\_\_
- F. Wal'aansa ( keeyyata 4) \_\_\_\_\_
- G. Gonfattu ( keeyyata 5) \_\_\_\_\_

**Gilgaala 6:****Shaakala Dubbisuun Boodaa**

Gaaffiiwwan armaan gadii hiriyaa kee waliin deebisi.

1. Itoophiyaan maaliif ispoortiiwwan kan biraatiin Olompikiin milkaa'uu dadhabde?
2. Atileetoonni dubbisa keessatti dhufan maaliif milkaa'uu dandaa'an?
3. Olompikii Landanii bara 2012 gaggeessamutti Itoophiyaan qabxii akkamii galmeessisuu dandeessi jetta?

**Barannoo 3: Dubbachuu****Gilgaala 7:****Shaakla Gabaasa Dhiyeessuu**

Hiriyoota kee sadii waliin dhimma armaan gadii irratti mari'achuun gabaasa daree keessatti dhiyeessaa.

1. Rakkoowwan atileetiksii ilaalchisee amma Itiyooophiyaatti mul'achaa jiranu maal maal fa'i?
2. Rakkoowwan kana furuuf maaltu godhamuu qaba?
3. Rakkoowwan kana furuu keessatti qoodni kee maal?

**Barannoo 4: Caasluga****Gilgaala 8:****Shaakala Jechoota Tishoo**

Dubbisa armaan olii keessatti jechoonni seena-qabeessaafi bu'aa-ba'ii jedhamanu faayidaa irra oolaniiru. Jechi seena-qabeessa jedhu jechoota lama, seenaafi qabeessa irraa ijaarame. Haaluma walfakkaatuun jechi bu'aa-ba'ii jedhu jechoota lama, bu'aafi ba'ii irraa hundeeffame. Jechoonni haaraa hundeeffaman kun jechoota tishoo yookiin diigala jedhamu.

1. Jechoota armaan gaditti kennamanitti jechoota biraa dabaluun tishoo/diigala uumi. Hiika jaraas barreessi.
  - A. Gad-
  - B. Ol-
  - C. Irraa-
  - D. Duraa-
  - E. Jala-
  - F. Fuula-
  - G. Gar-
  - H. Dhaqna-
2. Jechoota tishoo hundeessite fayyadamuun himoota ijaari.

## Barannoo 5: Barreessuu



### Gilgaala 9: Shaakala Keeyyata Barreessuu

1. Keeyyata jechuun maal jedhuudha? Mee fakkeenya kana ilaali.

Namoonni tamboo xuuxan rakkoowwan adda addaatiif saaxilamu. Fakkeenyaaf, namoonni guyyaa guyyaatti araada tamboo xuuxuun qabaman rakkina fayyaa kan akka daranyoo sonbaatiin miidhamuu danda'u. Kun kan uumamu keemikaalli tamboo keessa jiru sonbarratti dhiibbaa waan geessisuuf. Kana malees, namoonni kun qarshii hedduu baasuun tamboo bituuf dirqamu. Kun ammoo galii jaraa irra caalaa fudhachuun jireenyaafi bultii jaraarratti rakkina uuma. Daa'imman jaraa sirriitti guddisuu dadhabuus ni malu.

Karaa biraatiin, namoonni tamboo xuuxanu fudhatamni isaan hawaasa keessatti qabanu xiqqaa ta'uu nimala. Qunnamtiin namaa waliin qabanu rakkina qaba. Fakkeenyaaf, namoonni foolii tamboo jibbanu jaratti dhiyaachuu hinfedhan. Kana irraan kan ka'e tamboo xuuxuun jireenya waliigalaa nama tokko irratti dhiibbaa adda addaa qabaata.

Fakkeenya kana keessaa wantoota armaan gadii hubachuu dandeessa.

- A. Keeyyanni garee himootaati. Kana jechuun himoonni walitti yemmuu dhufanu keeyyata uumu.
  - B. Keeyyanni dhimma tokko irratti xiyyeeffata. Fakkeenya armaan olii keessatti 'Rakkoowwan Tamboo Xuuxuu' irratti akka xiyyeeffate ilaaluu dandeessa.
  - C. Keeyyanni caasalee sadii qaba. Jarris hima ijoo (jalqaba irratti kenname), himoota gargaartuufi hima goolabaa (hima yaada ibsame walitti qabaan agarsiisu) dha.
2. Odeeffannoo waa'ee Xirunash Dibaabaa bakka adda addaarraa sassaabuun gabatee armaan gadii keessatti guuti. Odeeffannoo kanatti fayyadamuun keeyyata tokko barreessi.

Dorgommii	Qabxii Galmeessiste
1	
2	
3	
4	
5	
6	

Hima Ijoo

Xirunash Dibaabaa atileetii cimtuu dorgommiiwwan sadarkaa addunyaatti gaggeessaman injifattedha...

## Barannoo 6: Caasluga



### Gilgaala 10: Shaakala Henna Amsiiqaa

1. Himoota armaan gadii maaltu walfakkeessa?

- A. Qaama kiyya dhiqachaan jira.
- B. Magarsaan utaalaa jira.
- C. Ijoolleen kubbaa miillaa taphachaa jiru.
- D. Laliseen ciree ishee nyaachaa jirti.
- E. Tolaan qotaa jira.

Hundi jaraa waan amma gaggeessamaa jiru agarsiisu.

2. Himoota armaan gadii keessaa kamtu waan amma godhamaa jiru agarsiisa?

- A. Barsiisaan nagaa nu gaafate.
- B. Barattoonni tokko tokko gilgaala hojjechaa jiru.
- C. Hiriyaan koo kan daree kana keessa jiru rafeera.
- D. Barattoonni alaa tapha adda addaa taphachaa jiru.
- E. Ani amma Afaan Oromoo barachaan jira.

3. Gochaawwan amma gaggeeffamaa jiranu nutti mul'achuufi mul'achuu dhiisuu ni malu.

Fakkeenyaaf,

- A. “Barsiisaan Afaan Oromoo nu barsiisaa jiru” isa jedhu qabatamaatti mul'achuu danda'a.
- B. “Namoonni lagaa bishaan waraabaa jiru” inni jedhu waan daree keessa jirtuuf arguu hindandeessu. Haa ta'u malee, kun bakka ta'etti akka gaggeessamaa jiru tilmaamuu dandeessa. Yaada kana qalbeeffachuun himoota kudhan gochaawwan amma gaggeessamaa jiranu barreessi.

4. Himoota jalqabaman armaan gadii yaada fudhatamaa itti dabaluu guuti. Himoonni ijaaraman hunduu waan amma gaggeessamaa jiran agarsiisuu qabu.
- A. Namoonni gabaa keessaa.....
  - B. Loon dirree irraa .....
  - C. Namoonni mana sagadaa .....
  - D. Ijoolleen lagatti .....
  - E. Abbaan Dirribaa gara .....
  - F. Jiraattoonni ganda keenyaa .....
  - G. Miseensonni Waldaa Qonnaan Bulaa .....
  - H. Qananiisaa Baqqalaan amma .....
  - I. Bulchitoonni keenya galma keessatti .....
  - J. Harmeen amma .....

## Boqonnaa 10: Kan Mana Baasan Manaa Nama Baasa

### Kaayyoo: Xumura boqonnaa kanaatti:

- ergaa sheekkoo addaan baastee barressita.
- hiika jechootaa haala galumsaatiin hiikta.
- hiika mammaaksa garaagaraa himta.
- darbeennaafi raawwima darbeenna himoota keessatti fayyadamta.

## Barannoo 1: Dhaggeeffachuufi Dubbachuu



### Gilgaala 1: Shaakala Dhaggeeffachuun Duraa

Osoo dubbisa dhiyaate hindhaggeeffatin dura gaaffiiwwan armaan gadii irratti gareen mari'adhaa.

1. Fuudhaafi heeruma keessatti namoonni ulaagaalee akkamii fayyadamu?
2. Nama akkamii waliin bultii hundeeffachuu barbaadda?



### Gilgaala 2: Shaakala Yeroo Dhaggeeffachuu

Dubbisa dhiyaate dhaggeeffachuun gaaffiiwwan armaan gadii deebisi.

1. Dubbisni dhiyaate waa'ee maaliiti?
2. Tariiba gochawwan dubbisa siif dubbisame hordofuun gaaffiiwwan armaan gadii deebisi
  - A. Jalqabatti maaltu uumame?
  - B. Itti aansuun hoo?
  - C. Dhumarratti hoo?
3. Osoo si ta'ee murtii akkamii dabarsita?

**Gilgaala 3:****Shaakala Dhaggeeffachuun Boodaa**

Gareen ta'uun gaaffiiwwan armaan gadii deebisaa.

1. Murtiin dhuma seenaa irratti kenname sirriidhaa? Maaliif?
2. Osoo filannoon siif kennamee namoota seenaa sana keessa jiran keessaa isa kam ta'uu barbaaddaa? Maaliif?
3. Seenaa kana fakkaatu namoota gaafachuun hiriyyoota keetti himi.

**Barnoo 2: Dubbisuufi Dubbachuu****Gilgaala 4:****Shaakala Dubbisuun Duraa**

Sheekkoo dhiyaate osoo hindubbisin dura gaaffiiwwan armaan gadii irratti mari'adhaa.

1. Afoola jechuun maal jechuudha?
2. Gosoota afoolaa hiika jaraa waliin barreessi.
3. Sheekkoon faayidaa akkamii qaba?

**Gilgaala 5:****Shaakala Yeroo Dubbisuu**

A. Gaaffiiwwan armaan gadii dubbiisa 'Beekumsa Seeraan fayyadamuu Dhabuu' jedhu dubbisuun deebisi.

1. Sheekkoo kana keessatti qooda fudhattoota meeqatu jira? Qooda akkamii taphatu?
2. Qooda fudhattoonni muraasni maaliif biyya dhiisanii deemuuf murteesan?
3. Qooda fudhattoota sheekkoo keessa jiranu keessaa kamtu beekumsaancaala? Maaliif?
4. Sheekkoo kana irraa maal baratte?

### Kan Mana Baasan Manaa Nama Baasa

Yeroo duriitti namoota beekumsaan beekamoo ta’an lamatu ture. Addunyaa kanarratti namni hamma isaanii beeku hinjiru ture. Gaaf tokko ka’anii, “Biyya wallaaltuu kana keessa hinteenyu,” jedhanii baduuf qajeelan. Osuma lama ta’anii deemanii qonnaan bulaa beekumsa qabu tokkotti dhufan. Namicha wajjinis nagaa walgaafatanii wajjin deemuu jalqaban. Osuma deemanii bosona guddaa tokkotti ba’an. Bosona keessa osoo deemanii leenci du’ee foon isaa tortoree lafeen isaa caccabee faffaca’e argan.

Beekaan inni tokko, “Kun lafee leencaati,” jedhee jennaan inni tokko, “Ani lafeesaa walittan qabsiisa,” jedhe. Beekaan inni lammaffaa, “Yoo ati kana goote animmoo foon itti godhee, gogaa isaa itti godha,” jedheen. Beekaan inni sadaffaa, “Yoo isin kana gootan animmoo lubbuun itti ‘uuma,” jedheen.

Osuma kanarra jiranuu namichi wallaalaan tokko isaanitti ba’e. Innis nagaa isaan gaafatee maal akka hojjechaa jiran gaafannaan lafee leencichaa walqabsiisanii kaasuu akka qophaa’an itti himan. Innis, “Mee jedhaakaa isin ilaalaa,” jedhee achirraa siqee taa’ee ilaaluu calqabe.

Akkuma jedhe beekaan inni duraa lafeesaa funaane walitti qabsiise. Beekaan inni lammaffaan akkuma jedhetti fooniifi gogaa itti godhe. Inni sadaffaanis, “Eega sin kana gootanii anis lubbuun itti ‘uuma,” jedheen.

Osuma kanarra jiranuu namichi inni afraffaan, “Isin asitti nu nyaachisuufii?” jedheen. Beekaan inni tokko, “Maal inni wallaalaan kun! Ofii keenya kaasnee nu nyaata jettaa?” jedheen. Beekaan inni lammaffaas, “Wallaalaan kun harka keenyaan kaasnee nu nyaataa?” jedheen. “Haata’u kaa, yoosimmoo ani dhaqeen muka yaabbadheen taa’a,” jedheen. “Dhaqi kaa!” jedhanii yoo inni dhaqee muka yaabbatu beekaan inni sadaffaan lubbuu itti hore.

Leencichi yoo ka’u waan beela’eef isuma lubbuu itti ‘uume sana dura qabee liqimse. Itti ‘aansee isa tokko nyaate. Sadaffaatti leencis waan bayyanateef isa sadaffaa ajjeesee irra dhaabbate. Warri beekaan sadeenuu dhumanii inni wallaalaan mukarraa bu’ee galee odeesse jedhama.

B. Caasaa sheekkoo armaan olii bakka sadiitti qoodnee ilaaluu dandeenya. Jalqaba sheekkoo, gochaawwan gidduu sheekkootti uumamaniifi dhuma sheekochaa jennee. Kana qalbeeffachuun gaaffiiwwan armaan gadii deebisi.

1. Akka seenaan kun uumamuuf jalqaba sababa kan ta'e maal?
2. Jalqaba sheekkoochaatti maaltu uumame?
3. Gochaawwan gidduu sheekkoochaatti uumaman tarreessuun barreessi.
4. Sheekkoochi haala akkamittiin xumurame?
5. Deebii gaaffiiwwan 1-4 kennite fayyadamuun sheekkoocha keeyyata tokkoon barreessi.



### Gilgaala 6:

### Shaakala Dubbisuun Boodaa

Gareen ta'uun gaaffiiwwan armaan gadiif deebii kennaa.

1. Mata-dureen sheekkichaa maaliif 'Beekumsa Seeraan fayyadamuu Dhabuu' jedhame?
2. Sheekkoo dhaamsa walfakkaataa qabu yoo beekta ta'e hiriyoota keetti himi. Yoo hinbeekne ammoo maanguddoota naannawaa kee jiranu gaafachuun daree keessatti dhiyeessi.
3. Sheekkoowwan kan biraa walitti sassaabuun daree keessatti dhiyeessi. Maal akka irraa baratte hiriyoota keetti himi.

## Barannoo 3: Afoola



### Gilgaala 7:

### Shaakala Mammaaksa

A. Osoo makammaaksota armaan gadii hinhiikin dura gaaffiiwwan kennaman deebisi.

1. Mammaaksa jechuun maal jechuudha?
2. Faayidaan mammaaksa maal fa'i?

B. Hiika mammaaksota armaan gadii barreessi.

1. Dhirsaafti niitiin laga tokkoo waraabamu.
2. Ijji baddus bakki ijaa hinbaddu.
3. Osoo ollaa jirruu wal hinagarru jette ijji ijaan.
4. Akka malee ejjetanii maal lafti dabaan kun jedhu.
5. Baddu baddi malee saree ija hindiqan.
6. Baraafi furguggee gadi jedhanii dabarfatu.
7. Kan beekaa rafee waamichi hindhageessisu.
8. Dhugaan niqal'atti malee hincittu.
9. Aak jedhanii waa tufu, mammaakanii waa himu
10. Kan ganama jaarsi jedhe ijoolleen galgala fudhatti jedhani.

C. Mammaaksonni armaan gadii guutummaan hinbarreeffamne. Bakka duwwarratti kan irraa citee hafe fayyadamuun mammaaksota guutuu uumi. Itti aansuun hiika jaraa barreessi.

1. Boolla hattuun \_\_\_\_\_

2. Jarjaraniif abbaa dura \_\_\_\_\_
3. Reeffa firaa \_\_\_\_\_
4. Galgaalli harree \_\_\_\_\_
5. Kan sangaan iyyuu malu \_\_\_iyyiti

## Barannoo 4: Caasluga

### Yaadannoo

#### Hennaa Darbeennaafi Raawwima Darbeennaa

Hennaan dabreennaa maal agarsiisa? Fakkeenya armaan gadii ilaaluun faayidaa isaa barsiisaa keetti himi.

- |                    |                        |
|--------------------|------------------------|
| 1. Dabalaan ciise. | 2. Magartuun kufte.    |
| 3. Aduun baate.    | 4. Barattoonni dhufan. |
| 5. Adurreen duute. |                        |

Yoo hubattee ilaalte fakkeenyi hundinuu gocha darbe yookiin gocha raawatame agarsiisu. Kanaafuu, hennaan dabreennaa gochoota raawwataman ibsuuf gargaara.



### Gilgaala 8: Shaakala Darbeennaafi Raawwima Darbeenna

- A. 1. Dubbisa “Beekumsa Seeraan Fayyadamu Dhabuu” irra deebi’uun dubbisi. Keeyyatoota dubbisicha keessa jiranu keessaa fakkeenya dabreenaa lama lama barreessi.
2. Kaleessa waan hojjette yaadachuun gabatee keessatti guuti. Yaadawan kana fayyadamuun himoota ijaari. Fakkeenya dhiyaate ilaali.

Gocha	Yeroo itti raawwatame
1. Mana barumsaa deemuu	Ganama
2.	
3.	
4.	
5.	
6.	
7.	
8.	
9.	

Fkn – Kaleessa ganama mana barumsaan deeme.

3. Himoota armaan olitti ijaarte fayyadamuun keeyyata tokko barreessi. Mata-dureefi hima ijoo armaan gaditti kennaman fayyadami.

Mata- duree: Oolmaa koo kaleessaa

Hima ijoo: Kaleessa waan adda addaa hojjechuun dabarse.

4. Raawwimaa Darbeenna

Fakkeenya armaan gadii ilaaluun faayidaa raawwima darbeenna himi.

- |                          |                       |
|--------------------------|-----------------------|
| 1. Ani sirbeetan ture.   | 2. Nu binneeti turre. |
| 3. Jarri fiigani turan.  | 4. Inni eegeeti ture. |
| 5. Ishiin fiigdee turte. |                       |

B. Jechoota kennaman fayyadamuun himoota raawwima darbeennaa agarsiisan ijaari.

- |    |        |         |    |        |           |
|----|--------|---------|----|--------|-----------|
| 1. | Ani    |         | 2. | Ani    |           |
|    | Nuti   |         |    | Nuti   |           |
|    | Ati    |         |    | Ati    |           |
|    | Isin   | ilaaluu |    | Isin   | taphachuu |
|    | Ishiin |         |    | Ishiin |           |
|    | Isaan  |         |    | Isaan  |           |
|    | Inni   |         |    | Inni   |           |
| 3. | Ani    |         |    |        |           |
|    | Nuti   |         |    |        |           |
|    | Ati    |         |    |        |           |
|    | Isin   | gadduu  |    |        |           |
|    | Ishiin |         |    |        |           |
|    | Isaan  |         |    |        |           |
|    | Inni   |         |    |        |           |

## Boqonnaa 11: Og-walaloo

### Kaayyoo: Boqonnaa kana erga barattee booda:

- ergaa walaloo dhiyaatee himta.
- walaloo dhiyaate qaacceessita.
- hiika jechamootaa adda baastee barreessita.
- ciigoo keessaa soorgoofi sookoo addaan baasta.
- akkaataa hibboon itti taphatamu addaan baafatta.
- henna tarsiiqaa fayyadamuun himoota ijaarta.

## Barannoo 1: Dubbisuufi Dubbachuu



### Gilgaala 1:

### Shaakala Dubbisuun Duraa

Osoo walaloo dhiyaate hindubbisin dura gaaffiiwwan armaan gadiirratti gareen mari'adhaa.

1. Walaloo jechuun maal jechuudha?
2. Walaloofi gosoota barreeffamaa warra kaan gidduu garaagarummaa akkamiitu jira?
3. Gosoota walaloo beektu barsiisaa keetti himi.



### Gilgaala 2:

### Shaakala Yeroo Dubbisuu

Walaloo mata-dureen isaa 'Akkamiin Horii Horu' jedhu dubbisuun gaaffiiwwan walaloo booda dhiyaatan deebisi.

### Akkamiin Horii Horuu

Akkamiin horii horuu?

Bajjii buqqisan malee,

Hojii hojjetan malee,

Deega balleessan malee,

Beela balleesan malee.

Deega koo yaa farrisaa,  
Tur ammaan si fannisaa,  
Muka arbaa daraareettii,  
Dhala abbaan abaareettii.

Deega koo sin faarsaa,

Kana maalan cal'isaa,

Tattaafachuudha malee,

Hobbaafachuudha malee,

Deegni nama salphisaa,  
Isa guddaa xiqqeessaa  
Sanyii namaa rakkisaa,  
Gadi nama deebisa.

Kana maalan jedha?

Dhaqeen lafatti odeessaa,

Qotiyoo cimdii godhee,

Ofirraan si balleessaa.

Surree jilbarraan citte,  
Abbaatu waraannata,  
Deega ijoollummaan dhufte,  
Abbaatu tattaafata.

1. Walaloon kun yaada akkamii kaasa?
2. Walaloo kana kan seenessu eenyu?
3. Namni kun eenyu waliin haasa'a?
4. Namni kun gaddeera moo gammadeera? Maaliif?
5. Namni waan kaasu ilaalchisee waan injifatu sitti fakkaata? Maaliif?

**Gilgaala 3:****Shaakala Dubbisuun Boodaa**

Gaaffiiwwan armaan gadii irratti gareen mari'adhaa.

1. Walaloo armaan olii akka fakkeenyaatti fudhachuun faayidaalee walaloo addaan baasii barreessi.
2. Walaloon armaan olii geraarsa. Faayidaan geraarsa kanaa maali? Geraarsi faayidaalee kan biraa akka qabu beekamaadha. Faayidaalee kana addaan baasii barreessi.

**Barannoo 2: Walaloo Qaacceessuu****Gilgaala 4:****Shaakala Walaloo Qaacceessuu**

- A. Yemmuu walaloon qaacceessamu caacculee armaan gadii fayyadamuu dandeenya. Caacculee kana fayyadamuun walaloo armaan olitti dhiyaate qaacceessi.
  1. Dhaamsa walaloo
  2. Gosa walaloo
  3. Seenessaa
- B. Walaloon gosoota adda addaa qaba. Gosoota walaloo armaan gaditti dhiyaatan fakkeenya sirrii ta'e barbaachuun daree keessatti dhiyeessi.
  1. Walaloo goota faarsu
  2. Walaloo miira barreessaa agarsiisuu (dhimma ta'e irratti)
  3. Walaloo rakkoo adda addaa kaasuun kan saaxilu
  4. Walaloo gaddaa
  5. Walaloo seenessaa (seenaa kanaan dura uumame kaasu)

## Barannoo 3: Afoola



**Gilgaala 5:**

**Shaakala Ciigoo**

- A. Gaaffiiwwan armaan gadii gareen deebisaa.
1. Ciigoo jechuun maal jechuudha?
  2. Soorgoo jechuun maal jechuudha?
  3. Sookoo jechuun maal jechuudha?
  4. Fakkeenya ciigoo shan barreessi.
- B. Osoo ciigoo dhiyaate hinhiikin dura dhimmoota ijoo waa'ee ciigoo hubadhu. Deebii gaaffiiwwan armaan olitti kennite ibsa armaan gaditti dhiyaate waliin walbira qabii ilaali.

### Yaadannoo

Ciigoon dubbii dachaati. Kana jechuun jecha, gaalee, hima yookiin walaloo yaada hiikaa dachaa ykn lama qabuudha.

Fakkeenyaaf, Nuti haa tolu jennee

Harree manaa ganne

Seenaa beekuun, sagalee ol kaasanii dubbisuun, sagalee gad buusanii dubbisuun ciigoo keessaa sookoofi sorgoo addaan baasuu dandeenya.

Fakkeenya kana keessatti 'harree manaa ganne' hiika dachaa qaba. Inni ifaan(sorgoon) 'beeyilada harree jedhamu manaa ariine'. Hiikni dhokataa (sookoon) isaa ammoo 'xurii haxoofne' jechuudha.

Ciigoon bakka adda addaatti maqaa adda addaa qaba. Bakka tokko tokkootti soorgoofi sookoo jedhama. Bakka kaanitti laafeefi dhuka jedhamuun beekama. Maqaalee adda addaa yoo qabate illee hiika lama yookiin hiika dachaa qaba. Akka fakkeenya armaan olitti ilaalle, hiika ifaafi hiika dhokataa.

- B. Ciigoowwan armaan gadii qalbiin xiinxaluun hiika ifaa (Soorgoo)fi hiika dhokataa (sookoo) keessaa baasuun barreessi.
1. Asis jenne godaas hinarganne.  
Ishee qarree gamaa gaafadhaa jedhamne.
  2. Hojjetee hin-nyaattuu duraan maaliif hatta  
Abbaan sangaa dhufee amma akkam kee taata?
  3. Yoo facaasuuf lafa babbaqse  
Balleessumaaf jedhee ija qabee cabse
  4. Yeroon ani xiqqoo hawwii koo kan ture  
Amma naaf guddattee magaalaa Naqamte
  5. Ishiin si jaalatti ati maa jibbita  
Intala ulfeessi yaa gurbaa ulfaataa
  6. Ani buna hindhugu garaa kutaadheera  
Buna kee lammaffaa egaa kakadheera.
- C. Ciigoowwan dabalataa naannawaa kee namoota adda addaa gaaffachuun daree keessatti dhiyeessuun akka hiriyooni kee hiikanu gaafadhuun.



### Gilgaala 6:

### Shaakala Hibboo

- A. Gaaffiiwwan armaan gadii irratti gareen mari'adhaa.
1. Hibboon maal?
  2. Hibboo taphachuun maal fayyada?
  3. Hibboon yeroo akkamii taphatama? Guyyaa moo galgala? Maaliif ?
  4. Seera hibboon ittiin taphatamu barreessi.
- B. Hibboo armaan gadii hiriyyaa kee waliin taphadhaa. Abbaan tokko hibbicha jedha; inni kaan ammoo hiika hibbichaa kenna.

Hibboo  
Hibbakka!

Miila afur qabaa garuu laga hin ce'u.  
 Konkolaataadha!  
 Hinbeekne  
 Looni !  
 Hinbeekne ! Lafa naa kenni  
 Nan qoradha  
 Qoradhu  
 Lubbuu qabaa?  
 Hinqabu  
 Ala moo mana gala?  
 Mana gala  
 jabbiidha  
 hinarganne.

Dhugi!  
 Dhugee kooti,  
 hundee lootii ,  
 fardi hindannabsu,  
 an si hinarrabdu,  
 deebiin sireedha

- C. Hiriyoota kee lama waliin yoo xiqqaate hibboowwaan 20 sasaabuun daree keessatti dhiyeessuun barattoota kaan hiika jaraa gaafadhaa.



### Gilgaala 7:

### Shaakala Jechamootaa

Jechoonni lamaafi lamaa ol hiika adda addaa qabanu yemmuu walitti dhufanu hiika dhokataa kennu. Jechoonni akkasii jechama jedhamanii waamamu.

#### Fkn

- Gurra na nyaate  
 Jechoonni 'gurra' fi 'na nyaate' qofaa jaraatti hiika adda addaa qabu.  
 Yemmuu walitti dhufanu garuu hiika biraa qabu. 'Gurra na nyaateen'

'Waan haar'aa dhaga'uufin jira hiika jedhu qabaachuu danad'a. Maqaa na balleessee ni ta'a.

- Garaa na nyaate  
Haala walfakkaatuun jechoonni 'garaa' fi 'na nyaate' qofaa jaraatti hiika ofii qabu. Walitti yemmuu dhufan hiika 'nan gaddeef' jedhu kennu.
1. Jechamoota armaan gadiitiin himoota ijaari. Hiika jaraas barreessi.
    - A. Garaa jabaata
    - B. Gaafa baase
    - C. Eeboo Waaqaa
    - D. Tulluu dhiiba
    - E. Mirgaan gale
    - F. Bitaa gore
    - G. Harkaan deema
    - H. Akkootu goobse
    - I. Fuula bade
  2. Jechamoota 10 sassaabuun daree keessatti dhiyeessi. Akka hiriyoonni kee hiika jaraa sitti himanu gaafadhu.

## Barannoo 4: Caasluga



### Gilgaala 8: Shaakala Henna Tarsiqaa

Himoota armaan gadii maaltu walfakkeessa?

1. Jaarraan kubbaa miillaa taphachaa ture.
2. Barattoonni barsiisaa jaraa waliin mari'achaa turan.
3. Jabbiin marga dheedaa turte.

4. Sanbatoon qoraan cabsaa ture.
5. Shantameen sirba sirbaa turte.

Himoonni hundu akka gochi ta'e kanaan dura haala walitti fufiinsa qabuun gaggeessamaa ture agarsiisu. Himoonni yaada kana ibsan yeroo gochichi itti raawwachaa ture of keessaa qabaachuu danda'u.

Fkn

1. Seenaan kaleessa guyyaa guutuu qo'achaa turte.
2. Kennaan halkan guutuu fiilmii ilaalaa turte.

Fakkeenya isa jalqabaa keessatti 'kaleessa guyyaa guutuu'n itti fufiinsa gocha gaggeessamaa ture agarsiisa. Haaluma walfakkaatuun fakkeenya isa lammaffaa keessatti 'halkan guutuun' itti fufiinsa gochichaa agarsiisa.

Fakkeenya armaan oliirratti hundaa'uun gaaffiiwwan kanaan gadii deebisaa

1. Wantoota torban darbe hojjechaa turte himoota ijaaruun agarsiisi. Himoonni kun walitti fufiinsa gochawwan ati raawwataa turte agarsiisuu qabu. Jechoota yeroo agarsiisan himoota kee keessatti fayyadami.
2. Hennaan tarsiiqaa henna dabareenna waliin faayidaa irra ooluu danda'a. Fakkeenya armaan gadii ilaali:
  - A. Yeroo hattuun mana cabse, Ayyaantuun kitaaba dubbisaa turte.
  - B. Yeroo Dachaasaan mana ga'u, abbaafi harmeensaa buna dhugaa turan.
3. Himoota fakkeenya armaan olii fakkaatan 10 barreessi.

## Boqonnaa 12: Bifa Jireenyaa Hawaasa Sirna Gadaa

### Kaayyoo: Xumura boqonnaa kanaatti:

- dhaamsa dubbisa dhiyaatee addaan baastee barreessita.
- dandeettii dubbisuufi dubbachuu gabbifatta.
- dubbisa dhiyaaterra yaadannoo fudhatta.
- hiika jechoota haarawaa akka galumsaatti tilmaamtee barreessita.
- gochaafi gosoota gochimaa addaan baasta.
- hennaa keessatti murannaa himaan barreessita.
- sirba yeroo Sirna Gadaa sirbamu walitti qabda.

## Barannoo 1: Dhaggeeffachuufi Dubbachuu



### Gilgaala 1:

### Shaakala Dhaggeeffachuun Duraa

Dubbisa dhiyaate dhaggeeffachuun dura gaaffiiwwan armaan gadiirratti gareen mari'adhaa.

1. Aadaa jechuun maal jechuudha?
2. Wantoota aadaan ittiin ibsamu keessaa fakkeenya muraasa kenni
3. Sabni aadaa hinqabne jira jettee yaadaa? Maaliif?



### Gilgaala 2:

### Shaakala Yeroo Dhaggeeffachuu

Barreeffama barsiisaan kee dubbisu dhaggeeffachuun gabatee armaan gadii guuti.

Mata duree	Yaadannoo
1. Hiika aadaa	_____

2. Fakkeenya aadaan ittiin ibsamu

A. \_\_\_\_\_

B. \_\_\_\_\_

C. \_\_\_\_\_

3. Fakkeenya dabalataa aadaan ittiin ibsamuu danda'u

A. \_\_\_\_\_

B. \_\_\_\_\_

C. \_\_\_\_\_

D. \_\_\_\_\_

E. \_\_\_\_\_

4. Yaada xumuraa/goolabaa

\_\_\_\_\_



### Gilgaala 3:

### Shaakala Dhaggeeffachuun Boodaa

Gaaffiiwwan armaan gadii irratti gareen mari'adhaa.

1. Dubbisa dhaggeeffatte keessatti akka aadaan karaa adda addaatiin ibsamuu danda'u hubattee jirta. Fakkeenya dabalataa aadaan ittiin ibsamuu danda'u barreessi.
2. Namoonni adda addaa maaliif aadaa karaa adda addaatiin hiiku?
3. Altokko tokko namoonni waa'ee 'gochawwan boodatti hafaa' kaasanii haasa'u. "Gochawwan boodatti hafaa" jechuun maal jechuudha? Fakkeenya muraasa kenni.
4. Hiika jechoota armaan gadii kenni.
 

a) akkaataa	b) gogeessa	c) siyaasa
d) sadarkaa	e) dhaloota	

## Barannoo 2: Dubbisuufi Dubbachuu



**Gilgaala 4:**

**Shaakala Dubbisuun Duraa**

Gaaffiiwwan armaan gadii osoo dubbisa dhiyaate hindubbisin deebisi.



1. Fakkiin armaan olii maal agarsiisa?
2. Sirna Gadaa ilaalchisee waan beektu hiriyyaa keetti himi ?
3. Sirni Gadaa yoom akka jalqabe yoo beekta ta'e hiriyyaa keetti himi.
4. Sirni Gadaa godinaalee Oromiyaa kam keessatti hojii irraa oolaa jira?


**Gilgaala 5:**
**Shaakala Yeroo Dubbisuu**
**A. Gabatee armaan gadii dubbisa irratti hundaa'uun guuti**

Sirna Gadaa	Yaadannoo
A. Turtii aangoo siyaasaa warra Gadaa tokkoo	
B. Gogeessa Gadaa Booranaa	
C. Miseensota Gadaa Ituu	a _____ b _____ c _____ d _____ e _____
D. Marsaa Gadaa Gujii	a _____ b _____ c _____ d _____ e _____
E. _____	a. Dabballee waggaa 0-8 b. Gaammee waggaa 9-16 c. Dargaggeessa waggaa 17-24 d. Kuusa-waggaa 25-32 e. Raaba waggaa 33-40 f. Gadaana Waggaa 41-8 g. Yuuba waggaa 49-56

### Jireenya Hawaasaa Sirna Gadaa

Hawaasa keessatti dhalli namaa kophaa hinjiraatu. Kophaa hindalagu. Namoota biraa wajjin jiraata. Hawaasa Sirna Gadaa Oromoo keessaa yoo fudhanne akkaataa jiruufi jireenyaafi akkaataa qoodama dalagaa hubanna. Hariiroo ummanni Oromoo hawaasummaa keessatti waliin qabu bifa jireenya hawaasa Sirna Gadaa ilaaluuf dhimmoota armaan gaditti dhihaatan hubachuun barbaachisaadha.

- Isaanis:
- Gogeessa /Miseensaafi marsaa Gadaa
  - Hiriyaa
  - Ilmaan jaarsaafi ilmaan kormaa
  - Sadarkaalee Gadaa

### Gogeessa /Miseensaa/fi Marsaa Gadaa

Gadaan tokko waggaa saddeet qaba. Waggaan saddeettan yeroo itti **aangoon** siyaasaa warra Gadaa tokkoo harka turu jechuudha. Kanaaf Gadaan waggaa saddeet saddeetiin waljijjiira. Waggaan saddeettan Gadaa tokko Booranatti, Gogeessaa Gadaa, Tuulamaa, Arsiifi Ituutti Miseensa Gadaa Gujiitti Baallii (Aangoo) Gada jedhamee beekkama.


Gogeessi Gadaa hawaasa Oromoo keessatti bakka garaagaraatti maqaa adda addaa qaba.

Qorannoo Gadaa Oromoo irratti bakka bakkatti godhameen Gogeessi Gadaa bakka shanitti qoodama. Kan kana irraa adda ta'es nijira. Fakkeenyaaf, Boorana keessatti gogeessa Gadaa torbatu jira.

Maqaan isaaniifi tartiibni isaanii kan bakka biraa faana walhira. Yemmuu Gogeessi Gadaa hundi **tartiibaan** deemee raawwatee gara isa jalqabaatti deebi'u marsaa tokko jedhama. Marsaan tokko Gadaa shan of keessaa qaba jechuudha.

Fakkeenyaaf, Ituu keessatti Gogeessi Gadaa (miseensi) jiran Horata, Sabbaaqa, Dibbeessaa, Fadataafi Daraaraadha. Kanneen tartiibaan

maqaa Gadaawwan waggaa saddeet-sadeetiin deeman ta’anii Daraaraan gaafa raawwate waggaa 40tti Hormaatatti deebi’a jechuudha. Yeroon kun itti raawwate deebi’ee marsuuf naanna’uu **marsaa** Gadaa tokko jedhama. Fakkeenyaaf kan Gadaa Gujii kan armaan gadii fakkaata.



Jireenya nama tokkoo keessatti marsaa Gadaa lamatu jira. Isaanis Gadaa Abbaafi Gadaa ilmaati. Marsaan duraa waggaa 40n Gadaa abbaa yeroo ta’u, inni lammaffaa Gadaa Ilmaati. Ilni marsaa tokko yemmuu fixu, Gadaa abbaati; kan itti aanu ammoo kan ilmaa ta’a jechuudha. Akkuma kanatti itti fufee darba.

Bakka hedduutti marsaan Gadaa waggaa 40 akka qabaatu asii oliitti ilaallee jira. Arsii keessatti garuu Gogeessi tokko waggaa kudha jaha qaba. Marsaan Gadaa, Arsiitti waggaa 80 ta’a jechuudha. Ammuma hawaasni Oromoo babal’ataa deemu Caffee adda addaatti waan qoqqoodameef lakkoofsi ifi gosooti Gadaa maqaa adda addaatiin waamamanii jiru. Marsaan Gadaas garaagarummaa agarsiisuu danda’ee jira. Garaagarummaa kanas mee asii gaditti haa ilaallu. Maqaawwan **gogeessota** Gadaa bakka garaa garaatti qoodama.

Tuulama	Gujii	Boorana	Ituu	Arsii
Birmajjii	Harmuufa	Moggisa	Horata	Birmajii
Muudana (Michillee)	Roobalee	Sabbaaqaa	Sabbaaqaa	Rooba-lee

Duuloo (Halchisa)	Muudana	Libaasa	Dibbeessaa	Bahara
Meelbaa (Horota)	Haalchisa	Daraaraa	Fadata	Horata
Roobalee	Dhallana	Mardiida	Daraaraa	Bultuma

## Hiriyaa

Hiriyaan warra gogeessi Gadaa isaanii tokko ta'e . Kana jechuunis hawaasa Oromoo keessatti warri waggaa Gadaa tokko keessatti dhalatan hundiifi kan yoo Gadaa tokko keessatti dhalachuu baatan illee, maqaan gogeessa Gadaa isaanii walirra bu'e ykn tokko ta'e hiriyaadha. Ijoolleen waggaa 1-8 tii gidduu jiraniifi ga'eeyyiin waggaa Gadaa 46-56 gidduu jiran yoo gogeessi Gadaa isaanii tokko ta'e hiriyaa tokko jedhamu. Marsaan Gadaa naanna'ee ijoolleefi jaarsolii walitti tokko jedhamu. Marsaan Gadaa naanna'ee ijoollee fi jaarsolii walitti fidee hiriyaa taasisa. Hawaasa Oromoo keessatti hiriyaan akka obbolaatti walilaalu. Ayyaana guddaafi beekkamaa irratti hiriyaan walargee waliin turuudhaan walfaarsa.

Jaalalli walamanuun, waliifi dhimmuun, walgargaaruun k.k.f. hiriyaa biraatti jabaadha. Aangoo siyaasaa keessattis paartii tokko keessa jechuudha. Kanaafuu, hiriyyummaan karaa hawaasaafi siyaasaa Oromoota walitti hidha. Namni kamiyyuu Gadaa isaa nifaarsa; nikabaja; akka ilaalcha siyaasaa baraattis waa'ee paartii laalu mara ni hubata. Gadaan shanan paartii shan kan ijoolleefi **maanguddoo** hiriyaa ta'anii keessatti hirmaatan jechuudha.

## Ilmaan Kormaafi Ilmaan Jaarsaa

Sirna Gadaa keessatti ilmaan kormaafi ilmaan jaarsaa yaadni jedhu jira. Qoodamni kun akkaataa qabannoo aangoo siyaasaa murteessa. Ilma kormaa ta'uufi ilma jaarsaa ta'uun waggaa Gadaa wajjiin walitti hidhata. Carraa aangoo siyaasaa keessaa qooda qabaachuufi dhiisuun nama tokkoo yeroo itti dhalate irratti hundeeffama. Kanaanis ilmaan Oromoo yeroo dhalatan irraa kaasanii ilmaan kormaafi ilmaan jaarsaatti qoodamu. Akkaataan qoodama kunis seera uumamaa hordofa.

Ijoolleen yemmuu abbootiin isaanii sadarkaalee Gadaa adda addaa keessa ba’anii aangoo siyaasaa qabaachuutti dhiyaatan ykn qabaatan dhalatan, ijoollee Gadooma keessa dhalatan ‘ilmaan kormaa’ jedhamu. Isaanis bara Gadooma abbootii isaanii keessaa (waggaa 40 abbootii isaanii eeganii) kan dhalatan waan ta’aniif sadarkaa Gadaa keessa seenuudhaan miseensa paartii ta’u. Kanaafis aangoo siyaasaa keessaa qooda fudhachuu danda’u. Ilmaan Gadoomaa abbootii isaanii (aangoo siyaasaa qabaachuun) dura ykn booda dhalatan hundi, ilmaan jaarsaa jedhamu. Ilmaan jaarsaa sadarkaalee Gadaa seenanii miseensa paartii ta’uu hindanda’an. Kanaafuu aangoo siyaasaa keessatti qooda fudhachuu hindanda’an. Ilmaan jaarsaa warra wajjiin dhalatan hundaan hiriya ta’uu danda’u. Ilmaan kormaa wajjiin illee hiriya waliin ta’uu danda’u jechuudha.

Egaa hawaasa keessatti Gadoomaaf carraa kan qaban ilmaan kormaa ta’uu isaanii hubanna. Ilmaan kormaa gaafa dhalatan irraa kaasanii sadarkaalee Gadaa seenanii guddataa adeemu. **Dalagaa** garaagaraa irraittis bobba’anii dirqama siyaasaatiifis qophaa’u. Kun dirqama isaaniiti.

Gadaa Booranaa, Maccaa, Tuulamaafi Gujiifaa keessatti goodamni kun jira. Qoodamni kun Gadaa Arsii, Ituufi Hambanaa keessatti waan jiru hin fakkaatu.

### Sadarkaalee Gadaa

Akkaataa waggaa dhalootatiin murni ilmaan kormaa tartiibaan keessa darban sadarkaa Gadaa jedhamu. Sadarkaan Gadaa maqaa gurmuu, waggaa dhalootaa ilmaan kormaati jechuudha. Sadarkaan Gadaa umrii adda addaa irratti dalagaawwan akkamii irratti **bobba’uu** akka qabu agarsiisa. Ilmaan kormaa dhimma siyaasaa ilaaluu irratti dirqama addaa haa qabaatan malee, ilmaan jaarsaas sadarkaalee kanaan ala hin ta’an. Sadarkaan Gadaa jireenyi siyaasaa, amantii, aadaa, dinagdee, waraanafi k.k.f keessatti maal akka fakkaatu mul’isa. Egaa, sadarkaan Gadaa jiruufi jireenya dhala Oromoo mara **calaqqisiisa**.

Sadarkaan Gadaa tokko waggaa 8 qaba. Waggaa saddeet-saddeet kanaa ilmi Oromoo tokko hamma gaafa dhulloomee du’uutti hawaasa keessatti

bakkaafi qooda dalagaa qabaata. Sadarkaan Gadaa ilmaan kormaa keessa darban bakka tokko tokkotti **bifa** adda adda qabaachuu danda’an illee walii galatti akka armaan gadiitti ilaaluu dandeenya. Isaanis:

1. Dabballee Waggaa 0-8
2. Gaammee Waggaa 9-16
3. Dargaggeessa “ 17-24
4. Kuusa “ 25-32
5. Raaba “ 33-40
6. Gadooma “ 41-48
7. Yuuba “ 49-56

**B. Gaaffiiwwan armaan gadii dubbisarratti hundaa’uun deebisi.**

1. Haalli jireenya hawaasa Sirna Gadaa maal akka fakkaatu ibsi.
2. Jireenya nama tokkoo keesatti marsaa Gadaa meeqatu jira? Maqaa jaraa barreessi.
3. Lakkoofsiifi gosoonni Gadaa maaliif maqaa adda addaatiin waamamu?
4. Hiriya jechuun maal jedhuudha?
5. Ilmaan Kormaafi Ilmaan Jaarsaa Sirna Gadaa keessatti maal agarsiisu?

**C. Jechoonni armaan gadii dubbisa keessaa fudhatman. Hiika isaanii akka galumsaatti tilmaami.**

1. aangoo (keeyyata 2)
2. tartiibaan ( keeyyata 3)
3. marsaa ( keeyyata 4)

4. gogeessota (keeyyata 5)
5. walfaarsaa (keeyyata 6)
6. maanguddoo (keeyyata 7)
7. dalagaa (keeyyata 10)
8. bobba'uu (keeyyata 11)
9. calaqqisiisaa (keeyyata 11)
10. bifa (keeyyata 11)

D. Jechoota armaan olii himoota keessatti fayyadamuun agarsiisi.



### Gilgaala 6: Shaakala Dubbisuun Boodaa

Yaadawwan 'Gilgala 5' gabatee keessatti guutteefi yaadawaan dubbisa keessa jiranu fayyadamuun keeyyatoota sadii waa'ee Sirna Gadaa barreessi.

## Barannoo 3: Dubbachuu



### Gilgaala 7: Shaakala Marii

Gaaffiiwwan armaan gadii irratti mari'adhaa. Qajeelfama marii barsiisaan isinitti himu hordofaa.

1. Ibsa Sirna Gadaa dubbisa keessatti kenname irraa maal baratte?
2. Sirni Gadaa kun amma hojii irraa oolaa jiraa? Yoo ta'e eessa faatti ?
3. Akka nama dhuunfaatti Sirna Gadaa keessaa maaltu si ajaa'ibsiise?
4. Garaagarummaa Sirna Gadaafi sirna jireenyaa naannoo kee gidduu jiru gabaabaatti ibsi.

## Barannoo 4: Jechama

Jechama jechuun maal jechuudha? Deebii kee barsiisaatti himi. Ibsa Boqonnaa 11 keessatti kenname irra deebi'uun dubbisi.

Fakkeenya dabaltaa armaan gadiis ilaali:

A. Bitaa + gore

Bitaa gore jechuun gara bitaa deeme jechuu osoo hin ta'in waan faallaa hojjete jechuudha.

B. tulluu+dhiibuu

tulluu dhiibuu jechuun waan hinyaalamne tokko yaaluu yookiin waan hindandaa'amne jechuudha.



### Gilgaala 8: Shaakala Jechamaa

A. Hiika jechamoota armaan gadii barreessi.

1. Mirgaan ooluu
2. Sabbata hiikachuu
3. Dubbii nyaachuu
4. Harka qalleessa
5. Bishaan taasisuu
6. Madaa jaldeessaa
7. Qalbii rarra'uu
8. Fuunyaan bira
9. Dugda galanii deemuu
10. Gaaddidduu dhabuu

B. Jechamoota armaan oliitiif himoota ijaari.

C. Jechamoota kudhan barreessuun hiika jaraa hiriyoota kee gaafadhu.

## Barannoo 5: Caasluga

Gochima jechuun maal jechuudha ?

Fakkeenya armaan gadii ilaali.

Ani nyaadhe.

Ati nyaate.

Nuti nyaanne.

Isheen nyaatte.

Inni nyaate.

Isaan nyaatan.

Isin nyaattan.

Jechoonni dhumarratti argaman gocha raawwatame agarsiisu. Jarri kun xumurtoota yookiin gochima jedhamu.

### Yaadannoo

#### Akaakuu Gochimaa

Gochimni gosoota adda addaa qaba. Ibsa armaan gadii dubbisi.

#### A. Gochima Darbeeyyii

1. Dabalaan marqaa nyaate.
2. Seenaan bidden tolchite.

Jarra kana yoo hubattee ilaalte gochi mathimni(subject) irraa gara antimaatti(object) darba.

#### B. Gochima Faaldarbeeyyii

1. Badhaatuun teesse.
2. Sanbattoon ciise.

Fakkeenya kana keessatti gochi mathima irraa gara antimaatti darbu hinjiru. Kana jechuun gochi hojjetamu matima irratti hafa.

#### C. Gochima Walqabsiituu

1. Dhaabaan abbaa ilmaa **ta'e**.
2. Ishiin barsiistuu **taate**.

Gochimoonni fakkeenya kana keessa akka walqabsiistuutti fayyadu.

**D. Gochima Ta'umsaa**

1. Daraartuun atileetiidha.
2. Ani barataadha.
3. Inni obboleessa kooti.

Gochimoonni kun wanti tokko maal akka ta'e agarsiisu.

**E. Gochima Gocha Agarsiisu**

1. Ishiin kitaaba dubbiste.
2. Inni kitaaba bite.
3. Isaan kitaaba barreessan.
4. Ani walaloon barreesse.

Gochimoonni fakkeenya kana keessaa gocha agarsiisu.

**Gilgala 9: Shaakala Gochimootaa**

A. Himoota armaan gadii keessaa gochimoota addaan baasii barreessi. Itti aansuun akaakuu gochimoota barreessi.

1. Barattoonni dhufan.
2. Harmeen dhufte.
3. Caalaan wayyaa bite.
4. Magartuun barsiistuu taate.
5. Jabbiin du'e.
6. Ati barataadha.
7. Feenaan qaama dhiqatte.
8. Nu hoolaa qalle.
9. Dhaabaan aanan dhuge.
10. Isaan rafan.

B. Akaakuu gochimootaa armaan olitti ibsamaniif fakkeenya lama lama barreessi.

C. Dubbisa 'Jireenya Hawaasa Sirna Gadaa' keessaa fakkeenya akaakuu gochimootaa addaan baasii barreessi.

**Gilgala 10: Shaakala Henna Murannaa**

1. Himoota armaan gadii maaaltu walfakkeessa ?

- A. Ani ciisuufan jira.
- B. Ati ciisuuf jirta
- C. Isheen ciisuuf jirti.
- D. Inni ciisuuf jira.
- E. Nuhi ciisuuf jirra.
- F. Isin ciisuuf jirtan.
- G. Isaan ciisuuf jiran.

Himoonni kun hundu gocha gara fuulduraa raawwatamuu danda'u agarsiisu. Haa ta'uu malee yeroo jarri itti raawwatamanu beekuun hindanda'amu. Yaada akasii ibsuuf hennaa murannaa fayyadamna.

2. Jechoota armaan gadii haala wal fakkaataan himoota keessatti itti fayyadami.

A. deemuu

B. utaaluu

## Barannoo 6: Afoola



### Gilgaala 11:

### Shaakala Sirba Sirna Gadaa

Hiriyoota kee shan waliin sirba yeroo Sirna Gadaa Oromoo Tuulamaa, Gujii, Boorana, Ituufi Arsiin sirbamu namoota naannoo keetti argamanu irraa yookiin Biroo Aadaafi Tuurizimii bakka jireenya keetti argamu gaafachuun daree keessatti dhiyeessi. Dhimma inni irratti xiyyeeffatus qaacceessi.

### Fkn

Foollee roobaa

Foollicha koo roobaa

Yaa foollee roobaa

Roobee misee

Gadaa kiyaa

Hayyuun eebbisee.

Foollee sorooroo

Yaa biyya corree

Aadaa deebisi

Yaa ijoollee duruu kanatti horree.

Roobileen lolee garagalee

Horani nidadhabee

Muran nyaachuu

Kutan kaachuu

Foollee roobaa

Foollicha koo roobaa...

## Boqonnaa 13: Intarpiraayizoota Daldaala Xixiqqaa (IDX)

### Kaayyoo: Dhuma barnoota boqonnaa kanaatti:

- dhaamsa dubbisaa barreessita.
- jechoota haar'aa dubbisa keessaa bahaniif hiika faallaa kennita.
- sirna tuqaalee barreeffama keessatti fayyadamta.
- walqabsiisoota barreeffama keessatti fayyadamta.
- hennaa murannalaa hima keessatti galchitee barreessita.

### Barannoo 1: Dhaggeeffachuufi Dubbachuu



#### Gilgaala 1:

#### Shaakala Dhaggeeffachuun Duraa

Osoo dubbisa dhiyaate hindhaggeeffatin dura gaaffiiwwan armaan gadii irratti gareen mari'adhaa.

1. Intarpiraayizoonni daldaala xixiqqaa hojiiwwan akkamii akka hojjetan ibisi.
2. Intarpiraayizoonni kun maaliif xixiqqaa jedhaman?
3. Intarpiraayizoonni daldaala xixiqqaa dinagdee biyya tokko keessatti bu'aa akkamii buusu?



#### Gilgaala 2:

#### Shaakla Yeroo Dhaggeeffachuu

Gaaffiiwwan armaan gadii erga dubbisa barsiisaan siif dubbisu dhaggeeffatte booda deebisi.

1. Yaadateen akkamitti interpiraayizii daldaala xixiqqaa keessatti hirmaachuu dandeesse?

2. Yaadateen jireenya ishee keessatti akka jijjiiramni qabatamaan dhufe ibsiteetti. Fakkeenya akkamii kennite?
3. Dhaabbileen Yaadateefi hiriyoota ishiin gaggeessaman bu'aa akkamii buusan?
4. Hojii Yaadateefi hiriyoonni ishee hojjetan keessatti rakkoowwan akkamiitu qunnameen?
5. Rakkoowwan kana furuuf tarkaanfii akkamii fudhatan?



### **Gilgaala 3:** Dhaaggeeffachuun Boodaa

1. Tartiiba gochawwan waa'ee Yaadatee dhiyaate hordofuun seenaa Yaadatee keeyyata tokkoon barreessi. Dhimmoota ijoo qofaa irratti xiyyeeffadhu.
2. Seenaa isa barreessite kan hiriyoota kee waliin walbira qabuun garaagarummaafi walfakkeenya gidduu jiru ilaali.

## **Barannoo 2: Dubbisuufi Dubbachuu**



### **Gilgaala 4** Shaakala Dubbisuun Duraa

Osoo dubbisa dhiyaate hindubbisin dura, gaaffiiwwan armaan gadii irratti cindiin mari'adhaa.

1. Interpiraayizoota daldaala xixiqqaa bakka jireenya keetti argaman hojii akkamiirratti bobba'an?
2. Faayidaan interpiraayizii daldaalaa xixiqqaa maal fa'i ?
3. Gurmaa'anii hojjechuun maal fayyada?
4. Hiika jechoota armaan gadii tilmaami.
 

a) dhuunfamuu	b) amala	c) maamiltoota	d) maddu
---------------	----------	----------------	----------



### Gilgaala 5: Shaakala Yeroo Dubbisuu

- A. Gaaffiiwwan armaan gadii sirriitti dubbisuun qalbeeffadhu. Itti aansuun dubbisicha saffisaan dubbisuun deebii kee laadhu.
1. Dhaamsi waliigalaa dubbisa kanaa maali?
  2. Keeyyatoota dubbisa kana keessa jiran dubbisuun yaada ijoo isaanii barreessi.

### Intarpiraayizoota Daldala Xixiqqaa (IDX)

Intarpiraayizoonni daldala xixiqqaa dhaabbilee daldaalaa namoota dhuunfaan yookiin namoota muraasaan hundeeffamaniidha. Intarpiraayizoonni kun nama tokkoon, nama lamaan yookiin dhaabbilee korporeeshinii jedhamanuun dhuunfamuu danda'u.

Intarpiraayizoonni daldala xixiqqaa biyyoota addunyaa bakka hedduutti argamu. Galmi gabaa, suuqqiiwwan xixiqqaa kan akka mana daabboo, manneen nyaataa, hojii harkaa, hojii sibiilaa, hojii mukaa, manneen rifeensa itti sirreeffatanuufi kkf akka fakkeenya intarpiraayizoota daldaala xixiqqaatti fudhatamuu danda'u.

Intarpiraayizoonni daldala xixiqqaa amala adda addaa qabu. Intarpiraayizoota kana qarshii xiqqaan ijaaruun ni danda'ama. Kana malees, gabaa keessa haala salphaan galanii dhaabbilee daldala gurguddaaf meeshaalee adda addaa dhiyeessuun madda galii jaraa cimsachuu danda'u.

Namoonni dhuunfaa hojii daldala xixiqqaa gaggeessan murtii dhimmoota adda addaa bilisaan dabarsuu danda'u. Maamiltoota bu'aa jaraa bittaadhaan fayyadaman waliin hariiroon jarri qaban amantaafi itti

gaafatamummaa ifa ta'e irratti hundaa'a.

Dinagdee biyya tokkoo keessatti intarpiraayizoonni kun ga'ee guddaa taphatu. Tokkoffaa, namoota adda addaatiif carraa hojii uumu. Kun ammoo dhiibbaa hojii dhabummaan biyya tokko irratti uumu xiqqeessuu keessatti ga'ee guddaa qaba. Intarpiraayizoonni daldala xixiqqaa warshaalee guruddaaf meeshaa adda addaa oomishanii dhiyeessuun qooda guddaa qabu. Kana malees, intarpiraayizoonni kun meeshaalee ummanni ammaa amma barbaadu oomishanii dhiyeessu .Kun ammoo fedhii ummataa guutuu danda'a.

Intarpiraayizoonni daldala xixiqqaa kaayyoo jaraa fiixaan baasuu keessatti rakkoowwan adda addaatu qunnaaman. Yeroo hedduu hanqinni qarshii hojii jaraa ittiin gaggeessanuufi babalisan qunnamuu danda'a. Kanarraan kan ka'e, gabaa keessaa ba'uu yookiin diigamuu danda'u. Karaa biraatiin, namoonni intarpiraayizoota kana gaggeessan waliigalteen hojii jaraa hojjechuu dhiisuu nimalu. Kun kan maddu seera ittiin bulmaataa sirriitti barreeffamee kaa'ame dhabuu irraa ta'uu danda'a. Dandeettiin daldaala xixiqqaa ittiin gaggeessuu kufaatii yookiin milkaa'ina hojii jaraa keessatti shoora guddaa taphata. Namoonni daldaala kana gaggeessan leenjii yeroo yeroodhaan argatanii yoo of fooyyessan malee fiixaan ba'iinsi hojii jaraa gaafii keessa gala.

Walumaagalatti , intarpiraayizoonni daldala xixiqqaa guddina biyya tokko keessatti qooda guddaa qabu . Biyya kanatti bu'aa jaraa irratti qorannoon haalaan gaggeessame jiraachuu baatullee, hojii uumuu keessatti bu'aa qabatamaa agarsiisaa jiru. Ameerikaa keessatti oomishni walakkaan biyyoolessaa karaa intarpiraayizoota kanaan dhufa. Bu'aa jarri dinagdeef

buusanu qalbeeffachuun, interpiraayizoonni kun karaa qarshii, leenjiifi karaa barbaachisaa ta'e hundaan gargaaramuu qabu

**B. Himoota armaan gadii 'Soba' yookiin 'Dhugaa' jechuun deebisi. Sababa soba yookiin dhugaa jetteef himi.**

1. Intarpiraayizoonni daldala xixiqqaa nama tokkoon gaggeessamu danda'u.
2. Intarpiraayizoota daldala xixiqqaa ijaaruuf kaapitaala guddaatu barbaachisa.
3. Ciminni intarpiraayizoota daldala xixiqqaa baay'ina hojjetootaa irratti hundaa'a.
4. Namoonni intarpiraayizoota daldala xixiqqaa gaggeessan barumsa ol'aanaa qabaachuu qabu.
5. Qoodni interpiraayizoonni daldala xixiqqaa diinagdee keessatti taphatan xiqqaadha.

**C. 1. Jechoonni armaan gadii hiika jechootaa dubbisa keessa jiranuudha. Kanaafuu, keeyyata tuqame ilaaluun jechootaa hiikni jaraa kenname barbaadi.**

- A. Baay'inni isaa kan murtaa'e ( keeyyata 2)
- B. Baay'ee ( keeyyata 1)
- C. Fooyyeeffachuu; guddiffachuu ( keeyyata 2)
- D. Rakkoo ( keeyyata 2)
- E. Qunnamtii ( keeyyata 2)
- F. Qooda ( keeyyata 3)
- G. Galmaan ga'uu ( keeyyata 4)
- H. Jiguu ( keeyyata 4)
- I. Cinaa ( keeyyata 5)
- J. Hubachuun ( keeyyata 5)

2. Jechoonni armaan gadii dubbisa keessaa fudhataman. Hiika faallaa jaraa barreessi.
- Xixiqqaa
  - Muraasa
  - Adda addaa
  - Galii
  - Ifaa
  - Hanqisuu
  - Salphaa
  - Bu'aa
3. Jechoota faallaa armaan olii barreessiteef himoota ijaari.



### Gilgaala 6: Shaakala Dubbisuun Boodaa

Gaaffiiwwan armaan gadiitiif dubbisa dubbisteefi muuxannoo qabdu wajjin walitti fiduun deebii jaraa barreeffaman kenni.

- Amala interpiraayizoota daldaala xixiqqaa dubbisa keessatti kennamerratti hundaa'uun, interpiraayizoota naannoo keetti argamanu daawwadhu. Amala dabalataa jarri qabanu gaafachuun gabaasa daree keessatti dhiyeessaa.
- Rakkoowwan interpiraayizoonni kun qabanus gaaffachuun gabaasa dhiyeessaa.
- Rakkoowwan interpiraayizoonni kun qabanu furuuf maaltu godhamuu akka qabu biiroo yookiin qaama mootummaa naannawaa keessanitti argamu gaafachuun gabaasa dhiyeessaa.

## Barannoo 3: Sirna Tuqaalee

### Hammattuufi Raajeffannoo



#### Gilgaala 7:

#### Shaakala Sirna Tuqaalee

A. Himoota armaan gadii sirna tuqaalee sirrii fayyadamuun irra deebi'ii barreessi.

1. Maal taatanii as dhuftan Obbo Badhaasaa
2. Gadaan Oromoo waggaa saddeetiin marsa
3. Booyeen waraabessi karkarooni leenci fakkeenya bineensoota daggalaati
4. Ani bade
5. Biiroo Barnoota Oromiyaa BBO Finfinnee keessatti argama
6. Walitti dhufeenyi keenya waan rakkoo qabu sitti hinfakkaatuu
7. Kun waan nama ajaa'ibsiisudha.
8. Waggaa baranaa sirriitti qo'achuu bakkeewwan seenaa qabeessa ta'an daawwachuu namoota rakkatan gargaaruufi yaada namaa dhaggeeffachuun kaayyoowwan kooti
9. Maaltu akkas si godhe
10. Shan taanee dhufuu dandeenyaa

B. Gaaffiiwwan armaan gadii irratti mari'adhaa.

1. Hammattuun yaada akkamii ibsuuf fayyada?
2. Mallattoon raajeffannoo yaada akkamii ibsuuf fayyada?

Fkn:

1. Intarpiraayiziin Daldala Xixiqqaa (IDX) faayidaa adda addaa qaba.
2. Kun ajaa'iba!

## Yaadannoo

**Fakkeenya 1** keessatti yaanni hammattuu keessa kaa'ame yaada isa dura ibsame waliin tokko jechuudha ,yoo gabaabatee barreeffame illee. Karaa biraatiin, hima sana akka armaan gadiitti irra deebinee barreessuu dandeenya.

IDX (Intarpaayizii Daldala Xixiqqaa) faayidaa adda addaa qaba.

Fakkeenya kana keessatti yaadni hammattuu keessa jiru akka ibsa dabalataatti fudhatama. Kana jechuun namoonni himicha dubbisan waan gabaajeen ( jechi gabaabaa IDX) bakka bu'u beeku yookiin yoo hin beeknes waan hammattuu keessa jiru dubbisanii hubannaa argachuu danda'u. Karaa biraatiin hammattuun hiikaa yookiin jedhu agarsiisa.

**Fakkeenya 2** keessatti yaadni raajeffannoo ( !) dura jiru dinqisiiffannaa yookiin rajeeffannoo dhimma tokkoof nu qabnu agarsiisa. Mallattoon raajeeffannoo, aarii, dinqisiiffannoo, gammachuufi kkf agarsiisuuf fayyadamna. Fakkeenya dabalataa haa'ilaalu:

- |                       |               |
|-----------------------|---------------|
| 1. Wayyoo miila koo ! | 2. Maal kun ! |
| 3. Kun korma !        | 4. Ani bade ! |

C. Himoota armaan gadii keessatti mallattoo hammattuufi raajeeffannoo fayyadami.

1. Atiifi bakka bu'aan kee walgahii irratti argamuu qabdu
2. Waan nama dhibu
3. Ragaa sassaabuuf gara BFO Biroo Fayyaa Oromiyaa deemaan jira.
4. Hedduu nama gammachisa
5. Hojiin kun gareen qeenxeen hojjetamuu danda'a.
6. Kun baayyee bareeda
7. Aboo na dhiisi
8. Qananiisaan atileetii beekamaa Boqqojiitti dhalalte dorgoommii fiigichaa hedduu moo'ateera

## Barannoo 4: Barreessuu

### Walqabsiistoota



#### Gilgaala 8: Shaakala Walqabsiistotaa

1. Walqabsiistoonni armaan gadii dubbisa ‘Intarpraayizoota Daldaala Xixiqqaa’ keessaa fudhataman. Faayidaa jaraa barreessi.
  - A. Kana malees ( keeyyata 2)
  - B. Fakkeenyaaf ( keeyyata 2)
  - C. Ammoo ( keeyyaata 3)
  - D. Karaa biraatiin ( keeyyata 4)
  - E. Yoo... malee ( keeyyata 4)
  - F. Walumaagalatti ( keeyyaata 4)
2. Himoota armaan gadii walqabsiistoota sirrii fayyadamuun walitti qabsiisi.
  - A. Dammeen bifa bareeda qabdi. Dammeen amala dansa qabdi.
  - B. Waggaa kana sirriitti qayyabadheera. Qabxii gaarii akkan galmeessisu amantaa guddaan qaba.
  - C. Badhaatuun kubbaa saaphanaa taphachuu jaalatti. Magartuun kubbaa harkaa taphachuu feeti.
  - D. Barumsa kee haalaan hordofi. Hiriyoota kee biraa boodatti hafta.
  - E. Jaarraan aannan dhuguu jaalata. Jaarraan marqaa nyaachuu jaalata.
  - F. Mana yaalaa deemuu barbaaddaa? Mana turuu barbaaddaa?
3. Walqabsiitoota armaan gadii bakka duwwarratti guutuun keeyyata dhiyate irra deebi’ii barreessi.

**Yookiin          yoo          ammoo          fi          kan akka**

Biyyoota guddachaa jiran keessatti dubartoonni dhibbeentaa 80 ol ta’an carraa barumsaa hinargatan. Loogii godhamuu \_\_\_\_\_ dhiibbaa aadaafi ilaalcha dhuunfaa \_\_\_\_\_ addaaddummaa dandeettii qaama irraa kan ka’een jireenyi dubartootaa mana keessatti akka

murtaa’u godhama. Bakka tokko tokkotti \_\_\_\_\_  
 “Dubri \_\_\_\_\_ mana barumsaa deemtee ni caaphanooftii  
 \_\_\_\_\_ aadaa balleessitii” waan jedhamuuf umrii isaanii  
 guutuu mana barumsaa irraa dhorkamu. Carraa mana barumsaa deemuu  
 kan argatanis sababa fageenya mana barumsaa, hojii mana keessaa  
 ijoollee guddisuufi heeruma umurii malee osoo sirriitti dubbisuufi barreessuu  
 hindanda’in barnoota isaanii addaan kutu.

## Barannoo 5: Caasluga

### Hennaa Murannalaa



#### Gilgaala 9:

#### Shaakala Hennaa Murannalaa

##### A. Hiika himoota armaan gadii barreessi.

- |                         |                                |
|-------------------------|--------------------------------|
| 1. Jarri ni dhufu ta’a. | 2. Badhaasaan ni shubbisa ta’a |
| 3. Isaan ni deemu ta’a. | 4. Nu ni nyaanna ta’a.         |

### Yaadannoo

Akka himoota armaan olii irraa hubachuu dandeessutti hennaan murannaala gocha gara fuulduraa raawwatamuufi raawwatamuunsaa hinbeekamne ibsuuf gargaara.

B. Jechoota armaan gadii fayyadamuun himoota ijaari. Himoonni kun waan gara fuulduraa raawwatamuufi raawwatamuun isaa hinbeekamne mul’isuu qabu.

Fkn- marii –Jarri ni mariyatu ta’a.

- |              |            |             |
|--------------|------------|-------------|
| 1. Ijaarsa   | 2. Tapha   | 3. Bittaa   |
| 4. Waamicha  | 5. Hirriba | 6. Barumsa  |
| 7. Dhugaatii | 8. Sirba   | 9. Booyicha |
| 10. Hubannoo |            |             |

## Boqonnaa 14: Balaa Beelaa Biyyoota Addunyaa 3ffaa Keessatti

### Kaayyoo: Xumura boqonnaa kanaatti:

- dubbisa dubbisuun gaaffiiwwan hubannoo adda addaa deebista
- hiika jechootaa akka gulumsaatiin tilmaamtee barreessita.
- gochibisaafi gosoota isaa addaan baastee barreessita.
- amaloota keeyyataa hubachuun keeyyata barreessitee qaacceessita.
- sababaafi bu'aa himoota keessaa addaan baastee barreessita.

### Barannoo 1: Dhaggeeffachuufi Dubbachuu



#### Gilgaala 1:

#### Shaakala Dhaggeeffachuun Duraa

Osoo dubbisa dhiyaate hindhaggeeffatin dura gaaffiiwwan armaan gadii irratti mari'adhaa.

1. Rakkoowwan biyyoota Addunyaa 3ffaa keessatti mul'atan keessaa fakkeenya muraasa kenni.
2. Rakkoowwan kana keessaa kamtu Itoophiyaa keessatti uumame?
3. Rakkoowwan kun maaliif uumamuu danda'an?



#### Gilgaala 2:

#### Shaakala yeroo Dhaggeeffachuu

Dubbisa barsiisaan kee siif dubbisu dhaggeeffachuun gaaffiiwwan armaan gadii deebisi.

1. Ijoon dubbisicha dhaggeeffattee maali?
2. Rakkoowwan akkamiitu dubbisa keessatti ka'ee ibsame?
3. Sababiiwwan rakkoowwan kun ittiin uumaman keessaa warra ijoo barreessi.
4. Rakkoowwan kun dhiibbaa akkamii geessisu?
5. Rakkoowwan kana furuuf maaltu hojjetamuu qaba?



### Gilgaala 3: Shaakala Dhaggeeffachuun Boodaa

Gaaffiiwwan armaan gadii irratti gareen mari'adhaa.

1. Rakkoowwan kana keessaa kamtu Itoophiyaatti irra caalaa mul'ata?
2. Tarkaanfiiwwan dubbisa keessatti ibsaman keessaa kamtu hojii irra oolaa jira?
3. Rakkoowwan furuu keessatti ga'een kee maal ta'uu qaba jettee yaadda?

## Barannoo 2: Dubbisuufi Dubbachuu



### Gilgaala 4: Shaakala Dubbisuun Duraa

Osoo dubbisa dhiyaate hindubbisin dura gaaffiiwwan armaan gadii irratti mari'adhaa.

1. Miidhaa rakkoowwan armaan gadii biyyoota Addunyaa 3ffaa keessatti geessisanu irratti mari'adhaa.
 

A. HIV/AIDS	B. Beela	C. Busaa
D. Malaammaltummaa	E. Waraana /lola	F. Lolaa.
2. Rakkoowwan armaan olii baay'ina ummataa jarri miidhan irratti hundaa'uun tartiibaan kaa'i.
3. Hiika jechoota armaan gadii tilmaami.
 

(a) hanqina	(b) gumaacha	(c) dhibeewwan	(d) ragaa
-------------	--------------	----------------	-----------



### Gilgaala 5: Shaakala Yeroo Dubbisuu

A. Gaaffiiwwan armaan gadii dubbisarratti hundaa'uun deebisi.

1. Keeyyata 1 keessatti hiikni beelaa kennameera? Keeyyata kana saffisaan dubbisuun hiika kana hima tokkoon barreessi.
2. Miidhaawwan beelaan dhufan keeyyata 2 keessatti ibsaman addaan baasii barreessi.

3. Balaan beelaa sababiiwwan adda addaattiin uumamuu danda'a. Sababiiwwan ijoo dubbisa keessatti ibsaman addaan baasii barreessi.
4. Dubbisa keessatti lakkoofsi armaan gadii maal mul'isu ?
 

A. Miliyoona 2-5	F. 1985
B. 2011	G. %14
C. 1970-1980	H. % 25
D. 2009	I. miliyoona 1023
E. Miliyoona 925	J. %40
5. Biyyoonni hedduun balaa beelaan akka miidhaman dubbisa keessatti ibsameera. Biyyoota kana addaan baasii barreessi.
6. Dubbisa keessatti jechoonni armaan gadii maal bakka bu'u ?
 

A. jarreen kunis ( keeyyata 1)	B. kun (keeyyata 3)
C. jarreen kun (keeyyata 5)	D. rakkoon ( keeyyata 8)
E. ardiin kun ( keeyyata 9)	

### Balaan Beelaa Biyyoota Addunyaa 3ffaa Keessatti

1. Beelli hanqinna nyaataa babal'inaan mul'atuudha. Yeroo hedduu beela waliin yookiin beelaa booda nyaata gosa gosaa argachuu dhabuu irraan kan ka'e dhibeen golfaafi duuni ni dhufu. Hiika beelaa sirriitti hubachuuf gita yookiin ramaddii beelaa sadii ilaaluun barbaachisaadha. Jarreen kunis dhiyeessa soorataa yookiin nyaataa, fayyadama nyaataafi baay'ina namootaa yeroo murtaa'etti du'anuudha. Yoo jarreen kun babal'inaan mul'atan beelli jira jechuu dandeenya.
2. Hanqinni nyaataa rakkoowwan nyaata tamsaasuu waliin walqabatanuun uumamuu danda'a. Altokko tokko midhaan nyaataa dhukkuba adda addaattiin maasii irratti badu danda'a. Yeroo kun uumamu midhaan yeroo rakkoo mootummaan olkaa'ame sirriitti ummataa ga'uu baanaan ummanni beelaaf saaxilamuu danda'a. Karaa biraatiin, rakkoon hanqinni nyaataa jijjiirama qilleensaatiin gar

malee babal'achuu danda'a . Akka fakkeenyaatti beela Itiyoophiyaa keessatti bara 1985 uumame kaasuu dandeenya. Rakkoon walfakkaataan Soomaliyaa, Maalaawii, Kaamboodiyaa Hindiifi biyyoota hedduu Addunyaa 3ffaa keessatti argamanu keessatti mul'ateera.

3. Biyyoonni dinagdeen jaraa hinguddanne rakkoo hanqinna nyaataa yookiin beelaaf salphaatti saaxilamu. Kun kan dhufuu danda'u dinagdeen jaraa garmalee boodatti hafa waan ta'eef madda galii nyaata ittiin dhiyeessan hinqaban. Akka furmaataatti gargaarsa biyyoota dureeyyii yookiin dhaabbilee gargaarsaa irratti hundaa'u. Baay'inni ummataa balaa kana babal'isuu keessatti gumaacha ofii qaba. Yoo baay'inni ummataafi nyaanni barbaachisaa ta'e walsimuu baate, balaa beelaa oolchuun rakkisaa ta'a.
4. Mootummoonni tokko tokko babal'ina beelaa keessatti qooda guddaa qabu. Ummata gargaaruun dursa hojii guyyaa guyyaa jaraa osoo hinta'in, qabeenya ummataa dhuunfaaf fayyadamuu irratti xiyyeeffatu. Kun ammoo akka malaammaltummaan babal'atu karaa bana; baneeras. Mootummoonni kanaan dura Itoophiyaa keessa turan akka fakkeenya kanaatti fudhatamuu danda'u. Kana malees, lammiiwwan Suudaan, Bootsiiwaanaa, Zimbaabiweefi Soomaliyaa keessa jiraachaa turan rakkoo kana keessaa darbaniiru. Biyyoota Eeshiyaa keessaa Paakistaaniifi Hindiin fakkeenya kanaati.
5. Beelli rakkoo guddaa yoo ta'e illee, miidhaawwan biraa ni geessisa. Fakkeenyaaf, daa'immaniifi maanguddoon hanqinna gosoota nyaataan dhibeewwan salphaafi cimaa kan akka garaa kaasaa, oldeebisaa, weessii ( kowaashaarkoorii ) k.k.f. saaxilamuu danda'u. Jarreen kun yoo yeroodhaan to'annaa jala hinoolle du'a namoota hedduu fiduu danda'u. Dubartoonni balaa beelaatti saaxilaman carraa jarri dhala godhachuuf qaban gadi aanaadha. Haala kanaan yoo ummanni miidhamaa deeme, baayyinni isaa xiqqaachaa dhufa. Kun ammoo, baayyina ummataa dinagdeefi guddina biyyaa keessatti hirmaachuu malu xiqqeessa. Beelli Itoophiyaa bara 1888 hanga 1892 tti uumame baayyina ummataa yeroo sana ture keessaa hanga harkaa sadii du'aaf saaxileera.

6. Bara 2000 irraa jalqabee balaan beelaa biyyoota Addunyaa 3ffaa keessatti umamaa akka jiru ragaan adda addaa ni mul'isa. Fakkeenyaaf, waggaa 2005 -2006tti Nijjeer rakkoo kanaan miidhamteetti. Ummatni hanga miliyoona 2.5 ta'u hanqinna nyaataatiif saaxilameera. Beelli bara 2011 ba'a Afriikaatti uummame ummata hedduu miidheera. Itoophiyaafi Somaaliyaan karaa kanaan fakkeenyaadha. Lixaafi giddu galeessa Afriikaa keessaa ammoo Nijjeer, Chaadii, Burkiinaafaasoo fi Naayjeeriyaan hanqinna roobaan kan ka'e bara 2009 fi 2010 gidduutti rakkoon kun qunnameeraan. Biyyoonni Eeshiyaa keessatti argaman kan akka Kaamboodiyaafi Hindii yeroo ammaa yoo rakkina kana irraa hanga tokko bilisa ta'an illee, waggaa kurnan 1970- 1980 gidduutti rakkoo walfakkaatu keessa darbanii turan.
7. Akka ragaan Dhaabbata Nyaataafi Qonnaa Mootummoota Addunyaa agarsiisutti, bara 2010 namoonni miliyoona 925 ta'an rakkoo hanqina nyaataatiif saaxilamaniiru.
8. Bara 2009tti baayyinni namoota rakkoo kanaan giddiramanii miliyoona 1023 ture. Yoo garaagarummaa ragaa waggoota lamaan kana gidduu jiru ilaalle akka rakkoon xiqqaachaa dhufe hubachuu dandeenya. Yoo ragaa sirrii ta'e argachuun rakkisaa ta'ee illee, FAOn ummata addunyaa keessaa hanga 14 % ( miliyoona 925 ) nyaata ga'aa fayyaadhaaf barbaachisaa ta'e akka hinarganne tilmaama.
9. Akka gabaasa "The Guardian" (Gaazexaa Ingiliizii) bara 2007 lafa qonnaa keessaa hanga 40 % gar malee miidhameera. Yoo rakkinni Afriikaa keessatti irra caalaa mul'atu kun itti fufe, ardiin kun bara 2025tti ummata isaa keessaa 25 % qofaaf nyaata dhiyeessuu danda'a. Kun tarkaanfiiwwan adda addaa akka fudhatamuu qabu agarsiisa. Tarkaanfiiwwan fudhatamuu qaban keessaa kan armaan gadii ijoodha: carraa invastimantii uumuu; lola yookiin walitti bu'iinsa biyyoota keessa jiru to'achuun gara misoomaatti bobba'uu; baay'ina ummataa to'achuu; qooda fudhannaa dubartootaa jajjabeessuu; barnoota babal'isuufi ummata karoora maatii barsiisuu; qonna jallisii irratti hundaa'e guddiisuufi teeknooloojiin biyya keessaa akka hojii irraa oolu jajjabeessuu.

B. Jechoota dubbisa armaan olii keessaa fudhataman akka galumsa isaaniitti hiiki.

1. Soorata ( keeyyata 1)
2. Maasii ( keeyyata 2)
3. Saaxilamuu ( keeyyata 2)
4. Dureeyyii ( keeyyata 3)
5. Xiyyeeffatu ( keeyyata 4)
6. Malaammaltummaa ( keeyyata 4)
7. Maanguddoon (keeyyata 5)
- 8 hanga tokko (keeyyaata 6)
9. Tilmaama (keeyyata 8)
10. Miidhameera (keeyyaata. 9)

C. Jechoota armaan oliitiif himoota ijaari



### Gilgaala 6:

### Shaakala Dubbisuun Boodaa

Garee gareen ta'uun gaaffiiwwan armaan gadii irratti namoota adda addaa haasofsiisuun gabaasa dhiyeessaa.

1. Ummanni naannawaa kanaa takkaa beelaaf saaxilamee beekaa? Yoo ta'e yoom? Nama meeqatu balaa kanaan miidhame?
2. Rakkoon kun maaliif uumamuu danda'e?
3. Balaa beelaa kana furuuf tarkaanfii akkamiitu fudhatamee ture?
4. Yeroo ammaa rakkinni kun jiraa? Yoo jiraate to'annaa jala oolchuuf maaltu hojjetamaa jira?
5. Ati akka qaama hawaasaatti balaan beelaa akka hinuumamne maal gochuu qabda?

## Barannoo 3: Sababaafi Bu'aa



### Gilgaala 7:

### Shaakala Sababaafi Bu'aa

1. Dubbisa armaan olii keessatti sababiiwwaniifi dhiibbaan balaa beelaa ibsamaniiru. Dubbisicha qalbiin dubbisuun gabatee kana guuti.

Sababa	Bu'aa
1. _____	A. _____
2. jijjiirama qilleensaa	B. hanqina nyaataa
3. _____	C. _____
4. _____	D. malaammaltummaa
5. _____	E. _____

2. Sababiiwwaniifi bu'aawwan gabatee keessatti guutte fayyadamuun himoota ijaari.

- Fkn: • Jijjiiramni qilleensaa hanqina nyaataa fida/fiduu danda'a.  
• Hanqinni nyaataa jijjiirama qilleensaan dhufuu danda'a.

3. Gabatee armaan gadii sababiiwwan yookiin bu'aawwan fudhatama qabanuun guuti. Yaadawwan gabateetti guutte fayyadamuun himoota ijaari.

Sababa	Bu'aa
1: _____	A. Ulfa hinbarbaachisne
2: _____	B. Butii
3: _____	C. Garaa kaasaa /yaasaa
4: _____	D. Walitti bu'iinsa maatii
5: _____	E. Addabbii du'aa
6: _____	F. _____
7: _____	G. Umrii malee eerumuu
8: Guyyaa guyyaan jimaa qaamuu	H. _____
9: _____	I. Busaa
10: _____	J. Furdina

4. Keeyyata armaan gadii keessaa sababiiwwaniifi bu'aawwan addaan baasii barreessi.

Ummanni biyya tokko yookiin magaala tokko irraa magaala biraatti sababa adda addaatiin godaana. Sababni inni dursaan diinagdeedha. Godaanni diinagdeen godhamu saalaafi umrii waliin walqabata. Sababa kanaan kanneen godaanan humna oomishuu warra qabanuuf guddina diinagdee keessatti warra hirmaachuu malan. Akkasumas, tajaajila hawaasaa adda addaa kan akka barnootaa, fayyaa, bishaan qulqulluuf k.k.f. barbaachuu biyya biraatti kan hedduminaan godaananis warruma kana. Godaansi akkasii humna nama callaa oomishuu dhabamsiisa. Kana malees, namoota barumsaafi dandeettii qaban dhaabamsiisa. Karaa biraatiin, yemmuu namoonni hedduun godaananu, lakkoofsi baay'ina ummataa saalaan wal gituu dhiisuu nimala. Kun ammoo jireenya hawaasumaa keessatti dhiibbaa fida. Kanaafuu, akka namoonni biyya irra akka hingodaanne, mootummoonni carraa hojii biyya keessatti uumanii humna callaa oomishuu danda'u kana itti fayyadamuu qabu.

#### Barannoo 4: Caasluga (Akaakuu Gochibsa)

1. Bantiin ganama ganama saawwan tiksa.  
Jechoonni 'ganama ganama' gaaffii yoom jedhu deebisu. Kanaafuu gochima 'tiksa' isa jedhu ibsu.
2. Shaasheen fiigaa dhufte.  
'Fiigaa' inni jedhu akkamitti akka 'dhufte' agarsiisa.  
Kanaafuu, gochibsi jecha yookiin jecha gochima ibsuudha. Osoo gochimooni 'ganama ganama' fi 'fiigaa' jedhanu himoota armaan olii keessatti hinjiraanne, himoota armaan gadii arganna.
3. Bantiin saawwan tiksa.  
Yoom tiksa? Deebii hinqabu.
4. Shaasheen dhufte.

Kun ammoo ‘fiigaa’ yookiin ‘suuta’ dhufuu ishee hinagarsiisu. Kanaafuu, gochibsittoonni gocha ta’e haala gaariin ibsu.

Faayidaa isaa irratti hundaa’uun gochibsi bakka adda addaatti qoodamuu danda’a. Fakkeenya armaan gadii ilaali:

1. Bantiin ganama ganama saawwan tiksa.
2. Shaasheen fiigaa dhufte.
3. Dhaabaan mana barumsaa deeme.
4. Leencoon ammaa amma qaama dhiqachuu jaalata.
1. “Ganama ganama” inni jedhu yeroo agarsiisa (Gaafii ‘yoom?’ jedhu deebisa)
2. “Fiigaa” inni jedhu haala, agarsiisa (Gaafii ‘akkamitti?’ jedhu deebisa.
3. “Mana barumsaa” inni jedhu bakka/iddoo agarsiisa (Gaafii ‘eessa?’ jedhu deebisa)
4. “Ammaa amma” inni jedhu deddeebittii agarsiisa (Gaafii ‘hanga meeqa?’ jedhu deebisa.



### Gilgaala 8: Shaakala Gochibsa

1. Dubbisa “Bala Beelaa Biyyoota Addunyaa 3ffaa Keessatti” dubbisuun gochibsoota addaan baasii bareessi .Faayida jaraas waliin ibsi.
2. Gochibsoota armaan gadii fayyadamuun himoota ijaari.
 

A. Torban keessaa gaaf tokko	B. Galma Abbaa Gadaa
C. Saffisaan	D. Waaree booda
E. Boo’aa	F. Achi
G. Dirree	H. Fedhiidhaan
I. Halkan	J. Haasa’aa

## Barannoo 5: Barreessuu

### Amaloota Keeyyataa

'Boqonnaa 7' keessatti gosoota keeyyataa ilaalleerra. Gosoonni keeyyataa kaayyoo adda addaa qabaatan illee, amalli jaraa walfakkaata. Fakkeenya armaan gadii ilaali:

#### Barumsa Waggaa Guutuu

Barumsi waggaa guutuu yoo kenname waa hedduuf gaariidha. Tokkooffaa, manneen barumsaa gannas faayidaa malee taa'uu dhiisanii hojii irraa oolu. Lammaffaa, barattoonni barnoota isaanii ijoollummaatti waan xumuranuuf yemmuu guddatanu maal hojjechuu akka qabanu yaaduuf yeroo ga'aa argatu. Hunda caalaa ammoo, barattoonni kutaa tokko xumuranii gara kutaa itti aanuutti yemmuu darbanu yeroo dheeraadhaaf waan hinboqonneef barnoota baratan sana ni yaadatu. Kanaaf, manneen barnootaa boqonnaa tokko malee waggaa guutuu yoo barsiisan bu'aa guddaan argamuu danda'a.

Keeyyata armaan olii akka fakkeenyaatti fudhannee yoo ilaalle amaloota armaan gadii hubachuu dandeenya.

#### 1. Tokkummaa

- Mata-duree, hima ijoo, himoota gargaartuufi hima goolabaa armaan olii yoo hubattee ilaalte dhimma tokko irratti xiyyeeffatu. Kun tokkummaa yaadaa jedhama. Kanaafuu, keeyyanni armaan olii waa'ee barumsa waggaa guutuu qofaa irratti xiyyeeffata.

#### 2. Walta'iinsa

Yemmuu yaanni haala tartiiba qabuun kaa'amuufi yaadni himootaa haala

walqabateen dhiyaate walta'iimsa jedhama. Yeroo hedduu, walta'iinsi walqabsiistoota fayyadamuun dhufuu danda'a. Fakkeenya armaan ol dhiyaate keessatti, walqabsiistoonni adda addaa walta'insa uumuuf faayidaa irra oolaniiru:

- Tokkoffaa
- Lammaaffaa
- Hunda caalaa ammoo
- Kanaaf

### 3. Guutummaa

Guutummaa jechuun yaadni tokko keeyyata keessatti ka'e haala quubsaan yoo ibsameedha. Bareessitoonni tokko tokko yaada keeyyata keessatti kaasan osoo haala quubsaan hinibsin irra darbu. Kun akka namni keeyyaticha dubbisu yaada guutuu hinarganne godha. Guutummaan amaloota keeyyataa keessaa isa murteessaadha. Keeyyata olitti dhiyaate yoo ilaalte barreessichi waa'ee barumsa waggaa guutuu fakkeenya adda addaa dhiyeessuun haala quubsaan ibsuu yaaleera. Kaanaafuu, keeyyatichi guutummaa qaba jechuu dandeenya.

### 4. Kaayyoo

Keeyyatni tokko kan barreeffamu kayyoo tokko qofaa galmaan ga'uuf. Fakkeenyaaf, ibsa kennuuf, addeessuuf, seennesuuf, ykn amansiisuuf. Yoo kaayyoowwan kun keeyyata tokko keessatti walmakanii keeyyatichi xiyyeeffanna dhabe, keeyyatichi rokkoo qaba jechuudha. Fakkeenaaf, keeyyatni 'Barumsa Waggaa Guutuu' jedhu amansiisuuf yaala.

### 5. Amaloota dabalataa

Keeyyatni dheerina isaatiin murtaa'uu qaba. Kana jechuun garmale guddachuu ykn xiqqaachuu hinqabu. Yeroo hedduu jechoota 100 hanga 200 of keessaa qabaachuu danda'a. Amalli keeyyataa kan biraa uunka jedhama. Kana jechuun jechi jalqaba keeyyatarra jiru mirga waraqaa keeyyatichi itti barreeffamu irraa hanga ta'ee keessa galee jalqabuu qaba. Kun yaada haaraa agarsiisa.



### Gilgaala 9:

### Shaakala Amaloota Keeyyataa

1. Keeyyata armaan gaditti dhiyaate amaloota sadii olitti ibsaman fayyadamun qaacceessi.

#### Balaa Beelaa To'achuu

Mootummaan Itoophiyaa ummata balaa beelaa irraa baraaruuft tarkaanfii fudhachuu qaba. Tokkoffaa, balaawwan gurguddaa ummata Itoophiyaa yeroo hedduu mudatan keessaa beelli isa ijoo dha. Balaan beelaa kan lubbuu namootaa hedduu galaafatu waggaa kudhan keessatti yeroo tokko ummata Itoophiyaa kan mudatu ta'uu beektoonni ni dubbatu. Lammaffaa, naannoolee balaa kanaan heddumminaan hubaman kanneen biroo irraa adda baasanii saffisaan tarkaanfii fudhachuuf ni gargaara. Hunda caalaa ammoo, balaan beelaa osoo hinmudatin midhaan nyaataa bitanii kuusuudhaan hamilee ummataa cimsuufi balaa uumamuuf malu salphisuun ni dandaa'ama. Dimshaashumatti, mootummaan karooraan hogganamee tarkaanfiiwwan adda addaa yoo fudhate lubbuu namoota hedduu du'a irraa baraaruu ni dandaa'ama.

2. Mata duree armaan gadi dhiyaate fayyadamuun keeyyata tokko barreessi. Keeyyata barreessite amaloota keeyyataatiin qaacceessi. Keeyyanni ati barreessite gaaridhaa moo rakkoo qaba?

Mata-duree: Faayidaa Bishaan Qulqulluu

## Boqonnaa 15: Faaya Mormaa

### Kaayyoo: Xumura barnoota boqonnaa kanaatti:

- yaada ijoo asoosamaa addaan baastee barreessita.
- tokkummaafi garaagarummaa asoosamaafi alasoosamaa ibsita.
- maalummaafi caacullee asoosamaa xiinxalta.
- hiika jechootaa tilmaamuun barreessita.
- jechoota waliin deeman addaan baastee barreessita.
- qoosaa/baacoo adda addaa qaacceessita.

## Barannoo 1: Dubbisuufi Dubbachuu



### Gilgaala 1: Shaakala Dubbisuun Duraa

Gaaffiiwwan armaan gadiirratti gareen mari'adhaa.

1. Barreeffama nama bashannansiisu dubbistee beektuu?
2. Kitaabilee akkamiifaatu barreeffama kana of keessaa qaba?
3. Waa'ee asoosamaa maal beektu?
4. Hiika jechoota armaan gadii tilmaamaa
  - A. Qooddattoota
  - B. Yoomessa
  - C. Waldiddaa
  - E. Dhaamsa



## Gilgaala 2:

## Shaakala Yeroo Dubbisuu

- A. Gaaffiiwwan armaan gadii asoosama 'Faaya Mormaa I fi II' jedhu dubbisuun deebisi.
1. Caasaa asoosama dhiyaate addaan baasii agarsiisi.
  2. Qooddattoonni asoosamichaa eenyu fa'i? Ga'ee jarri taphatanu addaan baasii agarsiisi.
  3. Yoomessi asoosamichaa maal?
  4. Waldiddaan asoosama kanaa maal? Eenyuffaa gidduutti uumame ?
  5. Dhaamsi asoosamichaa maal ?

### Faaya Mormaa I

Maatii harka qalleessaa keessatti haa dhalattu malee miidhaginaafi bareedinaan asittu hafte hinjedhamtu. Horii/qabeenya bashannanaa ta'u hinqabdu. Nama sooreessaafi nama beekamaadhaan beekamuuf abdiis ta'e carraa hinqabdu. Waan kana ta'eef hojjetaa Biiroo Barnootaa tokkotti heerumuuf dirqamte.

Jireenya qananiitiif umamtullee dhirsa galii xiqqaa qabutti heerumuun yeroo hunda ishii gaddisiisa. Faaya dubartoonni hawwan bareedduufi kan urgaan ishii nama gammachiisu bitachuuf yeroo baay'ee yaadaa turte. Uffata gatii guddaa baasuufi faaya callee mi'aa ta'e hanga lubbuun keessaa ba'utti barbaaddullee kana keessaa tokkoyyuu argachuu hindandeessu. Hawwiin ishiin gammaduufi gamna ta'uuf qabdu, hawwiin dargaggoonni midhagina ishii akka ajaa'ibsiifataniifi akka jaalala ishiitiin du'an qabdu hagana jedhamee hinhimamu. Hiriyaa soorettii barattuu takka qabaattullee ishii gaafachuu hinbarbaaddu. Gaafa ishii gaafatte ofitti aartee abdi kutachuudhaan imimmaan gaabbii dhangalaasaa oolti. Gaafa tokko dhirsi ishii gammadaa poostaa ulfaataa tokko baatee manatti gale. "Hoodhu, kana sii fide" jedhee poosticha niitiitti kenne. Ishiinis daftee irraa fuutee tarsaaste, "Hojjetaan Biiroo Barnootaafi haati warraa isaanii

guyyaa Wiixataa galgala affeerraa mana hooggannaa Biiroo Barnootaatti qophaa'eeratti akka argaman kabajaan isin gaafataniiru" jedhu argite.

Dhirsis gammachuu guddaatu itti dhaga'ama jedhee yaadee ture; ishiin garuu kaardicha tuffiidhaan minjaala irratti erga darbitee booda "Maal naa godha sitti fakkaate?" jettee gumgumte.

"Jaalallee too! waan si gammachiisu natti fakkaatee ture. Rakkoo meeqaanan argadhe seete. Namni hundinuu ni barbaada. Ta'us nama beekamaadhaaf qofa kennama. Hojjattoonni baay'een hinaffeeramne. Carraa kanatti fayyadami. Waamicha kanarratti bifa abbaa taayitaa argita," jedheen. Ija dheekkamsuutiin ilaalaa olii gadi jechaa, "Affeerraa akkanaa kan dhaqu maal uffadheetanii?" jettee gaafatte; innis waan uffata ishii waan itti hinyaanneef, yaaddoo keessa seenuu eegale, "Ahaa! kan yeroo mana tiyaatiraa dhaqnu uffattu sun sirraa bareeda, maaliif isa hinuffanne?" jedheen. Niitiin boo'uu calqabnaan aareetuma cal jedhe. Dhumarratti akkana jetteen "Ani wandaboo hinqabu. Kaardicha hiriyya kee kan niitiin isaa wandaboo ana caalaa qabduuf kenniif." Baay'ee garaa isaa hanqate. Haa ta'u malee, dhimma kana salphaatti ilaaluu hin feene." Jaalallee too, mee itti haa yaannu! kan gatiinisaa mi'aa hinta'in kan yeroo biraatis uffachuu dandeessu qamisiin gatii xinnaa meeqa fixa?"

Qusataan dhirsaa ishii osoo hin dheekkaminii fi hin-nyaknyakin(qocholiin) hangam akka kennuufi danda'u yaadaatii cal-jette. Booda mamaatii akkana jetteen "Qamisiin tokko hanga fixu sirriitti shallaguu dadhabullee qarshiin dhibba afurwaan ga'u natti fakkaata." Qarshii dhibba afur ayyaana waggatiif olkaawwatee ture. Hundumaa gaafannaan akka rifachuu ta'ee, "Waan fedhesta'ugaariidha. Qarshicha siifkenneetan qamisii hodhisiifatta" jedheen.

Guyyaan waamichaa dhiyaateera. Qamisiinis hodhamee dhumuu ga'eera. Haa ta'u malee, Aadde Gameettiin waan gaddite, waan cinqamteefi waan aarte fakkaatti. Gaafa tokko galgala dhirsii ishii 'Guyyaawwan lamaafi sadeen darban keessatti amala haaraa fiddee jirta; maal taate?" jedhee gaafate, "Faaya mormaa takkallee waanan godhadhu hin qabu. Hiyyummaa kiyya agarsiisaa waamichaarratti argamuurra hafuu naa wayya," jettee deebisteef, "Yeroo kee waan ta'eef abaaboo uumaatiin yoo bareedde

nama hinqaanessu. Akka sirraa bareedummoo hin shakkisiisu. Qarshii 4-5tti abaaboo babbaredaa bitachuu ni dandeecha” jedhe.

Yaada isaa hin fudhanne, “Hinta’u!” jette “Dubartoota sooreyyii gidduutti faaya mormaa malee mul’achuu caalaa wanti nama qaanessu hinjiru,” Kana booda sagalee olfuudhee, “Akkamitti gowwoomnee! maaliif hiriyaa tee, Aadde Giiftooo bira dhaqnee faaya ishii irraa hin ergifannee? Walitti dhufeenya gaarii waan qabdaniif qaana’uun sirra hinjiru” jedhe dhirsii ishii.

”Dhugaa keeti!” jettee gammachuudhaan burraaqaa, “Akkan ishiirraa ergifachuu danda’u hinyaanneyyu.” Guyyaa itti aanu mana Aaddee Giiftooo deemtee rakkoo ishii itti himatte. Aaddee Giiftoonnis, “kan feete filii fudhadhu” jetteenii faaya qabdu hundumaa itti agarsiiste.

Addee Gameettis mudaayii bantee faaya ishiidhaa ta’u filachuu calqabde. Dura callee mormaa, itti aansite kan biraa masqalii warqee gaggaragalchitee ilaalte. Itti aansitee kan ogummaa addaatiin hojjatame dooqa kaastee erga godhate booda gara daawwiteetti siiqxee ilaalte. Fudhachuus ta’ee dhiisuu murteessuu dadhabde, mamii keessaa lixxe “Faayni ati qabdu kanninuma qofaa?” jettee hiriyaa ishii gaafatte. “Eeyyee, kan biraa homaa hin qabu. Kanniin keessaa kan sii ta’u fudhachuu dandeecha” jetteen.

Akka tasaa saanduqa xinnoo bareedinaan hojjatamte gurraatti takka keessaa kan hundarra bareeddu dooqa tokko argatte. Gammachuurraa kan ka’e utaalchi laphee ishii itti dhagaa’amu calqabe. Otoo harki ishii kirkiruu, kaastee qamisii irraan mormatti kaawwate. Guddaa itti gammade. Jarjaruu irraan kan ka’e afuurri ishii ciccitaa “kana naaf ergisuu dandeechaa? kana qofa!” jettee gaafatte. “Eeyyee malee ! Fudhadhu” jetteen. Gammachuu guddina, utaaltee morma hiriyaa ishiitti maramte. Ergasii faayaa dooqaa ergifatte qabatee gara mana ishii deebite.

Guyyaan shubbisaa ga’eera. Aaddee Gameettiin bareeddee jirti. Bareedni akka ishii nama gammachiisuu fi naatoo qabdu kan biraati. Bulchaan hundi hubatee ishii ilaale. Maqaa ishii gaafate; walbares; namoonni biyya alaati fi bulchaawwan ishii wajjin shubbisuuf dharra’an, hoogganichis akkuma warra kaanii qalbiin isaanii ishii ilaale. Ishiinis kabajaafi dinqisiifannaa argatteen machooftee galaana gammachuu daakte. Injifannoo miidhagina

ishiin har'a argatte kun fedhii gammaachuu yeroo dheeraa hawwitu waan yaadachiiseef fedhii guddadhaan shubbiste.

Shubbisichi halkan keessaa sa'aatii kudhaniitti raawwatame. Dhirsi ishii namoota sadii wajjin mana xinnoo tokko keessatti hirribni raasaa jira. Yeroon ganna waan ta'eef akka itti hin dhaamonne kaabbortaa haphii tokko qabeefii simachuudhaa ka'e kaabbortaa darbatee gateettii irra buuseef. Aadde Gameettiin garuu dubartoonni biraa kaabbortaa addaa kan rifeensa qabu uffachuu isaanii waan argiteef kan ishii haphii ta'uu isaa tuffattee itti qaanofte. Dubartoonni biraa osoo hinargin daddaftee deemte. Dhirsi ishii kaatee dhaqqabuudhaan "Hanga gaariin dhufutti gadi hinba'in sitti dhaamotaa" jedheen. Diddee ejjeta mana daddafiin buute. Kaabbortaan ishii uffatte qamisii uffatte biratti nama jibbisiisa.

Karaarra dhaabbatanii eeganillee gaarii argachuu hindandeenye. Waan abdiin kutataniif dhaamochaa hurgufamaa miilaan gara manaa deemuu calqaban. Boodarraa gaarii caccabaawwan guyyaa guyyaa hiyyummaafi dulluma isaanitti jibbamanii dhokachuu waan oolan fakkaataniif halkan walakkaa booda akka fedhanitti socho'an keessaa tokko argatanii kireeffatan. Gaarichis balbalarraan isaan ga'e. Baay'ee waan dadhabaniif wal harkisaa manatti galani.

**B. Jechoonni armaan gadii hiika jechoota Faaya Mormaa I keessaa fudhatamaniidha. Keeyyatoota tuqaman ilaaluun jechoota hiika armaan gadii qabanu barbaadi.**

1. hiyyeessa ( keeyyata 1)
2. Mijaa'aa (keeyyata 2)
3. Abdiin (keeyyataa 2)
4. na'uu (keeyyata3)
5. Aangoo (keeyyata 3)

6. Nama qarshii salphaatti hinbaasne yookiin nama qarshii ol ka'u (keeyyata 4)
7. Waan kanaan dura hinjirre (keeyyata 5)
8. Waan miidhaginaaf fayyadu (keeyyata 5)
9. Dandeettii (keeyyata 7)
10. Sirbaa (keeyyata 8)
11. Ulfina (keeyyata 8)
12. Xumurame (keeyyata 9)
13. Leeyyofte (keeyyata 9)
14. Hawwii (keeyyata 10)
15. Utuu namni hinarginiin (keeyyata 10)

### Faaya Mormaa II

Aadde Gameettiin yeroo dhumaatiif midhagina ishii kan guyyaa kanaa ilaaltee dinqisiifachuudhaaf daawwitee fuuldura dhaabbatte. Tasa iyyite. Faaya ergifatte gattee jirti. Dhirsii akkuma uffata isaa baafataa jirtutti “Maal taate?” jedhee gaafate. Akkuma rifatteetti fuulaan gara isaa garagaltee “Faa-ya Aadde Giiftoota gateera” jette. Aaran ol ka’ee, “maal jette ? akkamitti bada? ta’uu hindanda’u” jedhe.

Dachaa qamisii ishii hurgufanii barbaadan; bobaa keessa kiisii kaabbortaa keessaa barbaadan. Hinarganne “yeroo mana waamichaatii baanu morma keetirra jiraachuu isaa hubattee jirtaa?” jedhee gaafate.

“Yeroo balbalarra geenyu jiraachuu isaa hubadheera,” jette.

“Eegasuu karaarratti otoo bade hoggaa lafa bu’u ni dhageenyayyu; gaarii keessatti bu’e ta’a. ta’uu qaba ! “

“Lakkoofsa gaarichaa beektaa ?” jettee gaafatte.

“Hin beeku,” jedhe.

Haala abdi murachuutiin ija keessa wal ilaalan. Dhirsii uffata isaa deebisee uffachaati, “Mee karaa dhufne deemee haa barbaadu; tasa yoo argame,” jedhe. Siree irra baatee rafuuf humna dhabdee akkuma uffata halkanii uffattetti teessee hafte. Dhirsii ishii ganama gara sa’aatii tokkootii deebi’ee dhufe. Barbaadee argachuu hin dandeenye. Ammas gara waajjira gaariwwan kireessuu deeme, gara buufata poolisiitis dhage. Nama argatee fideef akka badhaasu gaazexaa irratti baase. Homaa dhabee fuulli isaa gurraacha’ee hidhiinsaa goggogee gara galgalaa manatti deebi’e. Niitiin isaa badii qaanessaa irra ga’eerraa kan ka’e guyyaa guutuu akkuma gaddaan waliitti butamtetti oolte.

“Dooqaan waan citeef” jedhe dhirsii niitiidhaan “nama tolchutti kennuu keenya ibsinee hiriya teetiif xalayaa haa barreessisnu; yoo akkana goone barbaadufis yeroo arganna” jedheen. Dhuma torbanii irratti abdi fixatan. Dhirsii umrii isaa irratti akka waan waggaan shan dabalamee dadhabaa fakkaatee jira. “Faaya hiriya keetii kaffaluuf tarkaanfii fudhachuu qabna,” jedheen. Maqaan oomisha hojjatee saanduqa xinnoo faayichi keessa taa’urratti barreeffameera. Guyyaa itti aanuu gara suuqii namicha faaya hojjatuu deeman. “Ani teessoo isaatan hojjadhe malee dooqicha hin hojjenne,” jedheen. Aaraafi gaddaan dhukkubsattoota fakkaachaa suuqii warra faaya hojjetanurra jooran. Suuqii namicha faaya qondaaltoota hojjetu tokko keessatti faaya mormaa isa bade kan fakkaatu tokko argan. Gatiin qarshii kuma kudhan jedhu irratti barreeffameera. Qarshii kuma ja’atti akka gurguru itti himan. Guyyaa sadiif akka jalaa hingurgurre abba suuqichaa kadhatan. Faaya bade yoo kan argatan ta’e isa kana qarshii kuma afuriin deebisee akka irraa bitu waadaa galfatan.

Dhirsii Addee Gameettii kan abbaarraa dhaale qarshii dhibba saddeet isa harka jira. Maallaqa hafe tokkorraa qarshii kuma tokko kan biraatirrii qarshi dhibba shan liqeeffachuudhaan walitti qabuu calqabe. Namoota isaa liqeessuuf fedhii qaban hundarraayyuu mallattoodhaanis ta’ee waadaadhaan liqeeffate. Akkasumas warra maallaqa haraxxaadhaan liqeessanirraa liqeeffate. Danda’ee kaffaluufi kaffaluu dadhabuu isaa osoo hinhubatin liqaa umrii isaa guutuu kaffalee hinfixne keessaa lixe. Waadaa jireenyaa isaa kan fuulduraa diigutti galee maallaqa akkanatti waliit qabe

fudhatee gara suuqii faayni itti gurguramutti qajeele. Qarshii kuma jahaa kaffalee faaya mormaa fudhate.

Gaafa Aadde Gameettin faayicha deebisuu dhaqxu, Aadde Giiftoon dubbii aaraatiin “Akka na barbaachisu beektee daftee deebisuutu sirra jira ture” jetteen. Kan ishii badee kan biraa bittee akka deebistuuf osoo beektee maal jetti laata? Akka sobduutti ishii lakkooftii laataa? Aadde Gameettiin cinqii hiyyummaa har’a sirriitti hubachuu dandeesse. Waan liqeeffatan deebisuun dirqama kaffaluu qabdi. Qooda ishii jagnummaadhaan ba’uuf hidhattee kaatee jirti. Hojii kushinaatiifi ogummaa hojii mana keessaa baratte. Qubbeenishii qalama dibuu dhiistee distiifi waciitii dhiquuf itti fayyadamte. Uffata xuraa’e nimiicciti; ganamaan kaatee haraa baattee badheetti gatti. Hojiinis ta’e uffanni ishii kan deegaa fakkaatee jira. Tayee ishii rarraafattee gabaa dhaquudhaan hanga dadhabdutti mormitee shiroo, m’eesituu , moosee, timaatimii bitatti. Saantimii tokkollee taatu buufachuudhaaf kana booda waan bitatte baattee gara manaa deebiti. Ji’a ji’aan waadaa tokko tokko haarofsiisuufi liqaa kaffaluuf yeroo argachuu ishii barbaachisa. Dhirsis liqaa isaanii kaffaluuf hojii isaati alatti mana kitaaba tokko keessatti qaxaramee dadhabaa jira. Barreeffama gargaalfamu yoo argate fuula tokkoof santimii shan qofa fudhatee garagalchaa bula. Dhirsii niitiin haala kana fakkaatuun waggaa kudhan dabarsan.

Dhuma waggaa kurnaffaarratti liqaa isaanii dhala wajjinuu kaffalanii fixan. Aadde Gameettiin jaartii fakkaatee jirti. Shaashiin ishi haalaan marachuu, qamisii ishii seeraan uffachuu dhiistee jirti. Harki ishii qamaaca’eera. Sagaleen ishii furdateera, gaafa tokko tokko yeroo dhirsii hojii deeme foddaa maddii teessee waa’ee guyyaa daandii sanaa bareeddu akkamii akka turteefi dhiirri akkamitti ishiidhaa akka maraate yaaddi. Osoo faayi mormaa sun baduu baatee akkam gaarii ture! Carraa xinnaan tokko jiruufi jireenya namaa balleessuu yoo kaan tolchuu danda’a.

Gaafa tokko osoo karaa deemtuu niitii daa’ima wajjin deemtu tokko agarte. Dubartiittiin bareedduu ijoolee dha. Aadde Giiftoon turte. Aadde Gameettiin haala ishiitti gammade. Dubbisuutu irra jira, eeyyeen malee liqaa ishii yoo ta’e kaffaltee fixxee jirti. Waan hundumaa itti himuu barbaadde. Itti siiqxee “Aadde akkam oolte ?” jetteen. Hiriyaan ishii eenyu akka taate

hinbeekne. Dubartiin hinbeekne tokko “ati” jechuuniin ishii ajaa’ibsiiseera. “Giiftii dogoggortanii jirtuu laata? Ani garuu isin hinbeekne” jetteen dubbii muddamaatiin.

“Hindogoggorree, ani Gameettii” jetteen hiriyaan ishiitis ajaa’ibsiifachaa “wayyoo ! hiriya too akkamitti dulloomte...”? jettee iyyite.

“Eeyyee erga walagaree booda waggoota rakkoo baay’een dabarse, sababii keetiin dhibee baay’een arge “

“Sababa kiyyaan moo? maalan si godhe?” jette rifatte.

“Yeroo affeerraa sana faaya mormaa sirraa ergifachuu koo hinyaadattuu ?”

“Nan yaadadha, maaltu baderee ?”

“Faayni kee na jalaa bade ture ?

“ Naa deebistee jirta malee ! Akkamitti bade naan jetta ?”

“Fakkaataa isaatan bitee bakka sii buuse; liqaa keenya kaffaluudhaaf waggaa kudhan nurraa fixe; kan waan tokko hinqabne liqaa keenya kaffallee fixuuf salphaa akka hin taane atis hinwallaaltu. Ta’us kaffallee waan fixneef gammadeera”

“Aaddee Giiftooo dubbiin wal jala dhahe “Faaya mormaa dooqa irraa hojjatame biteen sii kaffale naan jettaa ?” jettee gaafatte.

“Eeyyee “ jettee Gameettiin. “ Waan baay’ee wal fakkaataaniif beekuu hindandeenye ta’a” jetteenii gammachuu fi boonaan kolfite.

Aaddee Giiftoon garmalee gadditee harka Aaddee Gameetti lamaan gogsitee qabdee akkana jetteen, “Hiriya too! kuullee too ! Faayaan sii ergise nam-tolchee gatiin isaas yoo baay’ate qarshii dhibba shan hincaalle” jetteen .

C. Hiika Jechoota armaan gadii akka galumsa jaraatti tilmaami. Dubbisa “Faaya Mormaa II” ilaali.

1. rifatteetti (keeyyata 1)
2. murachuutiin (keeyyata 3)
3. qaanessaa ( keeyyata 3 )
4. abdii (keeyyataa 4)
5. qondaalootaa ( keeyyata 4)
6. waadaa (keeyyata 4)
7. haraaxaadhaan ( keeyyata 5)
8. rarraafattee (keeyyata 6)
9. liqaa (keeyyaqta 7)
10. Kuullee (keeyyata 9)



### **Gilgaala 3:** Shaakala Dubbisuun Boodaa

Gaaffiiwwan armaan gadi irratti gareen mari'adhaa.

1. Asoosama dhiyaate irraa maal baratte?
2. Alasoosamaafi asoosama kanaan dura dubbiste walbira qabuun garaagarummaa jara gidduu jiru ibsi.
3. Deebiiwwan ‘Gilgaala 2’ jalatti kennite fayyadamuun asoosama kana keeyyatoota sadiin gabaabsii barreessi.
4. Asoosama gabaabaafi dheeraa gidduu garaagarummaa akkamiitu jira?
5. Asoosama gabaabaafi dheeraa maaltu walfakkeessa?

## Barannoo 2: Jechoota Waliin Deemanii



### Gilgaala 4:

### Shaakala Jechoota Waliin Deemanii

#### A. Jechoota armaan gadii keessaa kamtu waliin deema?

1. Buna dhaabuu
2. Buna danfisuu
3. Shaayee dhaabuu
4. Shaayee dhuguu
5. Soba dubbachuu
6. Soba jechuu
7. Yaada ibsuu
8. Yaada eeruu
9. Yaada gaafachuu

#### B. Himoonni armaan gadii hinxumuramne. Jechoota warra bakka duwwaa fuuldura jiran waliin deemuu danda'aniin guuti.

Fkn

Gaaffii: Lammeessaan hiriyaasaa mana yaalaa geessuuf waadaa \_\_\_\_\_

Deebii: Lammeessaan hiriyaasaa mana yaalaa geessuuf waadaa gale.

Hima kana keessatti jechoonni waadaa gale waliin deemu jechuudha.

1. Namoomsaan namoota rakkataniif gargaarsa \_\_\_\_\_
2. Rakkoowwan adda addaa dhaabbata kanaa furuuf tarkaanfii \_\_\_\_\_ qabna.
3. Mootummaan misooma \_\_\_\_\_ fiduuf carraaqaa jira.

4. Dirqama ofii \_\_\_\_\_ warra kaaniif fakkeenya gaariidha.
5. Kubbaa \_\_\_\_\_ fayyaa ofiif barbaachisaadha.
6. Jaalalaan \_\_\_\_\_ waan jiruudha.
7. Rakkoowwan keenya \_\_\_\_\_ waliin hojjechuu qabna.
8. Tajaajila gaarii \_\_\_\_\_ maamiltoota gammachiisuu qabna.
9. Shaakala adda addaa \_\_\_\_\_ dandeettii afaanii ofii guddisuuf murteessaadha.
10. Bittaafi gurgurtaa \_\_\_\_\_ qaama daldalaatti .

### Barannoo 3: Afoola



#### Gilgaala 5: Shaakala Qoosaa/Baacoo

- A. Gaaffiiwwan armaan gadii gareen deebisaa.
1. Qoosaan/baacoon maali?
  2. Faayidaan qoosaa maali?
- B. Baacoo armaan gadii akka fakkeenyaatti fudhachuun gareedhaan ta'uun baacoo adda addaa sassaabuun daree keessatti dhiyeessaa. Dhaamsa jaraa hiriyoota keessanitti himaa.
- Mucaatu abbaadhaan  
 “Abbaa, soba na barsiisi” jedheen.  
 Abbaanis “Rakkoon injiru,” jedheenii mucaa isaatiin.  
 “Mucaa koo namootaafi qotiiyyoo samii sana irraa argitee?  
 “Eeyyee argeera,” jedhe mucaan.  
 “Xaafii dha’aa jiru,” jedhe abbaan itti aansuun.  
 Mucaanis “Turi abbaa, ibbiqiitu ija keessa na bu’e” jedhe jedhama.  
 Dhaamsi baacoo kanaa maal sitti fakkaata ?

## Boqonnaa 16: Xalayaa Barreessuu

### Kaayyoo: Xumura barnoota boqonnaa kanaatti:

- dubbisa dhiyaate dhaggeeffachuun gaaffiiwwan hubannoo deebista.
- faayidaafi akaakuu xalayaa ibsita.
- qabiyyee, qaamaafi gosoota xalayaa addaan baasta.
- xalayaa adda addaa barreessita.

### Barannoo 1: Dhageeffachuufi Dubbachuu



#### Gilgaala 1:

#### Shaakala Dhaggeeffachuun Duraa

Gaaffiiwwan armaan gadii hiriya kee waliin deebisi.

1. Namoonni karaa kamiinfaa yaada waljijjiiru?
2. Ati xalayaa barreessitee beektaa? Eenyuuf barreessitte? Dhimma maaliirratti xiyyeeffatte?
3. Hiika jechoota armaan gadii tilmaamaa
  - a. wal-qunnamtii
  - b. dhimma
  - c. dhara



#### Gilgaala 2:

#### Shaakala Yeroo Dhaggeeffachuu

Gaaffiiwwan armaan gadii dubbisa barsiisaan kee siif dubbisu dhaggeeffachuun 'Soba' yookiin 'Dhugaa' jechuun deebisi.

1. Seenaan kun waa'ee barattuu Caaltuudha.
2. Akkuma xalayaa fudhateen dogoggoraan dhufuu isaa hubatte.
3. Xalayaan barreessameef sun xalayaa jaalala inni ishiif qabu ibsa.
4. Xalayaa erga dubbiste booda deebii barreessuuf murteessite.
5. Lammeessaan jaalalle isaa ishii jalqabaa waliin bultii hundeesse.

**Gilgaala 3:****Shaakala Dhaggeeffachuun Boodaa**

Gaaffiiwwan armaan gadii barreeffama dhaggeeffatte irratti hundaa'uun deebisi.

1. Jalqaba xalayichaatti maaltu uumame?
2. Gidduu xalayichaatti maaltu uumame?
3. Xalayichi akkamiin xumurame?
4. Deebiiwwan armaan olitti kennite fayyadamuun yaada waliigalaa xalayichaa keeyyata tokkoon gabaabsii barreessi.

**Barannoo 2: Barreessuu****Gilgaala 4:****Shaakala Qaamolee Xalayaa**

A. Kutaawwan xalayaa akaakuu lama armaan gaditti kennamaniiru.  
Maqaa kutaawwan kanaa bakka duwwaa irratti barreessuun agarsiisi.

1. Dhaamsa /Ergaa xalayaa
2. Guyyaa xalayaan itti barreeffame
3. Maqaafi mallattoo nama xalayaa barreesse
4. Dhaamsa kabajaa, nageenyaafi maqaa nama xalayaan barreeffameef

\_\_\_\_\_ (A)

\_\_\_\_\_ (B)

\_\_\_\_\_  
\_\_\_\_\_  
\_\_\_\_\_ (C)

\_\_\_\_\_  
\_\_\_\_\_ (D)

B. Xalayaan haala kanaan barreeffamu xalayaa akkamiiti ?

C. Barsiisaa kee waliin waa'ee seensa, qaamaafi cufaa xalayaa irratti mari'adhaa.

Qaamolee xalayaa armaan gadiitti kennaman haaluma walfakkaatuun bakkeewwan duwwaa irratti barreessuun agarsiisi.

1. Teessoo nama xalaayaan barreeffameef
2. Maqaafi mallattoo nama xalayaa barreessee
3. Dhaamsa/ Ergaa xalayaa
4. Guyyaa xalayaan itti barreeffame
5. Teessoo nama xalayaa barreessee
6. Dhaamsa kabajaa/ nageenyaafi maqaa nama xalayaan barreeffameef.

\_\_\_\_\_ A

\_\_\_\_\_ B

\_\_\_\_\_

\_\_\_\_\_

\_\_\_\_\_ C

\_\_\_\_\_

\_\_\_\_\_

\_\_\_\_\_ D

\_\_\_\_\_

\_\_\_\_\_

\_\_\_\_\_

E. \_\_\_\_\_

\_\_\_\_\_

\_\_\_\_\_

\_\_\_\_\_

\_\_\_\_\_ F

\_\_\_\_\_



### Gilgaala 5: Shaakala Gosoota Xalayaa

Akaakuu xalayaa armaan gadiif kaayoo jaraa barreessi.

Gosa Xalayaa	Faayidaa / Kaayyoo
1. Xalayaa Hiriya	A. _____
2. Xalayaa Gaddaa	B. _____
3. Xalayaa Affeerraa	C. _____
4. Xalayaa Gammachuu	D. _____
5. Xalayaa Odeeffannoo	E. _____
6 Xalayaa Iyyannoo	F. _____

Gosoota xalayaa armaan olitti kaa'aman akka dimshaashaatti bakka lamatti qooduu dandeenya. Jarris xalayaa michuu ykn firaafi xalayaa hojii. Gosoota xalayaa gabatee armaan olii keessa jiranu bakka lamatti qooduun barreessi.

Xalayaa michuu	Xalayaa Hojii
1. _____	1. _____
2. _____	2. _____
3. _____	3. _____
4. _____	4. _____



## Gilgaala 6:

## Shaakala Xalayaa Barreessuu

### A. 1. Xalayaa Hiriya Barreessuu

Odeeffannoo armaan gadii fayyadamuun hiriya keef xalayaa barreessi.

- (a) Guyyaa har'aa fayyadami
- (b) Hiriya kee biyya/bakka yookiin mana barumsaa biraa baratuuf / barattuuf barreessi
- (c) Nagaa gaafachuun jalqabi
- (d) Waa'ee barumsaa, waa'ee barsiisotaafi mana barumsaa kee ibsiif
- (e) Hiriya kees waa'ee dhimmoota kanaa gaafadhu
- (f) Maatii hiriya keef dhaamsa nageenyaa dhaami
- (g) Akka deebii si ergu/ergitu gaafadhu
- (h) Jecha 'Hiriya kee' jedhuufi maqaa kee bakka sirriitti barreessuun xalayaa kee xumuri.

### 2. Deebii Xalayaa Hiriya Barreessuu

Tartiiba odeeffannoo armaan olii hordofuun xalayaa barreessiteef akka hiriya kee ta'uun deebii barreessi.

### 3. Xalayaa Affeerraa Barreessuu

Qaamolee xalayaa affeerraa armaan gaditti kennaman iddoo sirriitti kaa'uun xalayyicha guutumaan barreessi.

- (a) Magaala Tullubbee  
Ganda 01  
Tullubbee
- (b) Hubachiisa : Yeroo dhufan kaardii affeerraa kana fiduu hindagati-naa.
- (c) Aaddee /Obbo Gaariittii Gumaafi Obbo Gaarumaa Gammadaaf.
- (d) Sirna Cidhaa Galataa Waaqayyoofi Durbee Seenaa Kumalaa

- (e) Aaddee Galatee Fedhasaafi Obbo Dirribaa Magarsaa
- (f) Sirni gaa'ila ilma keenyaa Galataa Waaqayyoofi Durbee Seenaa Kumalaa Gurraandhala 16 bara 2004 saa'a 6:00 irratti waan gaggeessamuuf maatii keessan waliin gamoo walga'ii Ganda Tullubbeetti argamuun gammachuu keenya nu waliin akka dabarsitan kabajaan sin affeerra.

\_\_\_\_\_ A

\_\_\_\_\_  
\_\_\_\_\_ B

\_\_\_\_\_  
\_\_\_\_\_  
\_\_\_\_\_ C

\_\_\_\_\_ D

\_\_\_\_\_  
\_\_\_\_\_  
\_\_\_\_\_ E

\_\_\_\_\_ F

### B. Iyyannoo Barreessuu

Xalayaan iyyannoo xalayaa hojii qaxaramuuf barreeffamuudha.

Qajeelfamaafi odeeffannoo armaan gadii fayyadamuun xalayaa iyyanno barreessi

### Beeksisa Hojii

Biiron Barnoota Oromiyaa barsiistota Afaan Oromoo manneen barnootaa magaalawwan Oromiyaa jiranuuf qaxaruu waan barbaaduuf warri ulaagaalee armaan gadii guutan akka iyyatan affeera.

1. Gita hojii- Barsiisaa Afaan Oromoo Kutaa 9-12
2. Sadarkaa Barumsaa – Afaan Oromoo barsiisuudhaaf kan sadarkaa digiritti leenji'e/ leenjite.
3. Muuxannoo- Afaan Oromoo mana barumsaa sadarkaa lammaffaa keessatti waggaa sadii ol kan barsiise/barsiiste
4. Bakka hojii – Asallaa, Mattuu, Sabbata

Warreen ulaagaalee kana guuttan guyyaa beeksisni kun itti bahee jalqabee hanga guyyaa 10tti iyyataafi ragaa barumsaa teessoo armaan gadiitti erguu dandeessu.

Biiroo Barnoota Oromiyaa, LSP 5467, Finfinnee

Guyyaa \_\_\_\_\_

Maqaa kee

LSP

Magaalaa

Teessoo Biiroo Barnoota Oromiyaa

Keeyyata 1ffaa

Beeksisa kana gaazexaa 'Bariisaa' Qaammee 2, bara 2004 bahe irraa akka agarte ibsuun hojii barsiisummaa kana hojjechuu akka fedhii qabdu ibsi.

Keeyyata 2ffaa

Akka Afaan Oromoo barsiisuun Yuniivarsiitii Finfinnee irraa digirii jalqabaafi muuxannoo waggaa sadii qabdu ibsi. Kana malees, madaallii hojitiin qabxii quubsaa akka qabdu ibsi. Fedhii hojii dabalataa hojjechuuf qabdus ibsi.

Keeyyata 3ffaa

Ragaa barumsaafi xalayaa muuxannoo kee agarsiisu iyyata kana waliin

erguu kee ibsi.

Keeyyata 4ffaa

Odeeffannoofi ragaa ati dhiyesite ilaalanii akka si qaxaran abdi qabdu ibsuun xalayaa kee xumuri .

Kabaja Wajjin

Mallattoo kee

Maqaa kee

### C. Xalayaa Odeeffannoo Barreessuu

Xalayaan hojii tokko tokko gaafii adda addaa gaafachuuf gargaaru. Fakkeenyaaf, dhaabbanni tokko kan biraatti xalayaa barreessuu gaaffiiwwan kana akka meeshaa akkamii akka gurgurani, gatii jaraafi akaakuu meeshaalee gurgurtaaf dhiyaatan gaafachuu danda'a. Fakkeenya armaan gadi dhiyaate ilaali.

Dhaabbata Daldalaa Qilxuu

LSP 1363, Lakk Bilbilaa 011668 4162, Finfinnee

---

Lakk: DDQ 03/04

Guyyaa – Amajjii12, 2004

Waldaa Hojii Harkaa Finfinnee

L.S.P. 1124

Finfinnee

#### Dhimma: Odeeffaannoo Gaafachuu

Dhaabbanni keenya meeshaalee adda addaa kan akka minjaalaa, teessoo, kuusaa sibiilaafi kkf bituuf odeeffannoo sassaabaa jira. Kanaafuu, meeshaalee kana qabaachuu keessaniifi gatii ittiin gurgurtanu akka nuu ergitan kabajaan gaafanna.

Nagaa wajjin

Sabbooqaa Gammachuu

I/Ittigaafatamaa

Yoo hubatteetta ta'e, teessoon nama /dhabbanni xalayaa hojii barreessuu karaa lamaan kaa'amuu danda'a.

1. Yeroo hedduu teessoon xalayaa hojii nama dhuunfaan barreeffamu moggaa waraqaa mirga irratti barreeffama. Fakkeenya ykn xalaayaa 'Gilgala 6-2' jalatti barreessite ilaaluu dandeessa.
2. Teessoon xalayaa hojii dhaabbilee adda addaatiin barreeffamu haala fakkeenya armaan oliitti barreeffamuu danda'a. Waraqaan jarri xalayaa irratti barreessuuf fayyadamanu dursee haala kanaan qophaa'ee yemmuu xalayaan barreeffamu faayidaa irra ooluu danda'a.

Odeeffannoo armaan gadii fayyadamuun xalayaa gaafii barreessi.

- (a) Teessoo Dhaabbata xalayaa Barreessuu:
  - Gumii Dargaggoota Shaashamannee
  - LSP 346
  - Shaashamannee
- (b) Guyyaa: Fulbaana 13/2004  
Lakkoofsa xalayaa –GDSH 04/04
- (c) Dhaabbata xalayaan barreeffameef  
Gumii Dargaggoota Biyyoolessaa  
LSP 4864  
Finfinnee

- (d) Dhimma – Miseensa Gumii Dargaggoota Biyyooleessaa ta'uu gaafachuu, ulaagaa barbaachisaa, kaffaltii kaffalamu, faayidaa miseensa ta'uun argamu
- (e) Nama Xalayaa Barreesse: Jaarraa Badhaasoo  
Itti Gaafatamaa Gumii Dargaggoota Shaashamannee




### Gilgaala 7 : Shaakala Qaamolee Poostaa


Erga xalayaa barreessite booda, nama yookiin dhaabbata barreessiteef erguu qabda . Yeroo ergitu poostaa irratti teessoo keefi teessoo jaraa sirriiti barreessuu qabda.

1. Yoo teessoo dogoggoraa poostaarratti barreessite maaltu uumama?
2. Teessoon ala poostaa irra maaltu kaa'amuu qaba?
3. Bakkeewan duwwaa poostaa armaan gadii irratti teessoo eenyuutu barreeffamuu qaba?

Dugda Poostaa



- A. Teessoo nama xalayaa barreessee  
a yookiin b ?
- B. Teessoo nama xalayaan barreeffameef  
a yookiin b ?
- C. Teessoowwaan 'Gilgaala 6, C 'Xalayaa Odeeffannoo Barreessuu' jala jiranu poostaa armaan oliirratti barreessi.
- D. Fuula Poostaa



Teessoon nama xalayaa barreesseefi namni xalayaan barreeffameef addaan ba'anii dugdaafi fuula poostaa irratti barreeffamuu danda'u. Teessoo kamtu bakka kamitti barreeffama ? Deebii kee barsiisaatti himi.

**Gilgaala 8:****Shaakala Waliigalaa**

Gaaffiiwwan armaan gadii hiriya kee waliin deebisi.

1. Xalayaa hojiifi xalayaa michuu gidduu garaagarummaa akkamiitu jira?
2. Xalayaa karaa mana poostaafi xalayaa imeeliin ergamu gidduu garaagarummaa akkamiitu jira?
3. Xalayaan ala namoonni akkamitti yaada wal jijjiiruu danda'u?

## Boqonnaa 17: Madda Odeeffannoo

### Kaayyoo: Xumura barnoota boqonnaa kanaatti:

- dubbisa dhiyaate dubbistee gaaffiiwwan hubannoo deebista.
- faayidaalee maddawwan odeeffannoo adda addaa barreessita.
- maalummaa, amalootaafi gosoota keeyyataa hubatta.

## Barannoo 1: Dhaggeeffachuufi Dubbachuu



### Gilgaala 1: Shaakala Dhaggeeffachuun Duraa

Gaaffiiwwan armaan gadii osoo dubbisa dhiyaate hindhaggeeffatin dura gareen irratti mari'adhaa.

1. Odeeffannoo bakka adda addaarraa sassaabuun maaliif nama gar-gaara?
2. Maddawwan odeeffannoo beektu hiriyoota keetti himi.
3. Maddawwan odeeffannoo armaan olitti ibsite keessaa warra kam fayyadamtee beekta? Hojii akkamiif?



### Gilgaala 2: Shaakala Yeroo Dhaggeeffachuu

Gaaffiiwwan armaan gadii dubbisa dhiyaate dhaggeeffachuun deebisi.

1. Odeeffannoon faayidaa akkamii qaba?
2. Maddawwan odeeffannoo akkamiitu dubbisa keessatti ibsame?
3. Gorsii dhuma dubbisaatti kenname maali?

**Gilgaala 3:****Shaakala Dhaggeeffachuun Boodaa**

1. Odeeffannoo armaan gadii argachuuf madda odeeffannoo kam si barbaachisa?
  - A. Yaada uummanni malaammaltummaarratti qabu
  - B. Biyyoota guddinaan boodatti hafaa ta'an
  - C. Seenaa atileetoota Itoophiyaa
  - D. Seenaa Garasuu Dhukii
  - E. Oduu yeroo ammaa

**Barannoo 2: Dubbisuufi Dubbachuu****Gilgaala 4:****Shaakala Dubbisuun Duraa**

Osoo dubbisa dhiyaate hindubbisin dura gaaffiiwwan armaan gadii gareen deebisaa.

1. Maddawwan odeeffannoo manneen barumsaaf bakka biraatti faayidaa irra oolan keessaa kan armaan gadii akka fakkeenyaatti fudhatamuu danda'u. Faayidaa jaraa addaan baasii barreessi.
 

A. Kitaaba barataa	B. Kitaaba wabii
C. Galmee jechootaa	D. Insaayikloopiidiyaa
E. Gaazeexaa	F. Raadiyoo
G. Televiziyoonii	H. Intarneetii
2. Maddawwan odeeffannoo kana keessaa warra kamtu irra caalaa manneen barumsaa keessatti faayidaa irra oolu? Maaliif?
3. Maddawwan odeeffannoo kana fayyadamtee beektaa? Hojii maaliif fayyadamte?
4. Hiika jechoota armaan gadii tilmaami.
 

a) carraaqii	c) qajeelcha	e) guutuu
b) tartiiba	d) haalaan	



### Gilgaala 5:

### Shaakala Yeroo Dubbisuu

A. Yaadawwan gurguddaa armaan gadii keeyyata isa kam keessatti akka ibsaman addaan baasii barreessi.

1. Faayidaa galmee jechootaa kan biraa
2. Galmee jechootaaf hiika jechootaa
3. Galmee jechootaa yoom fayyadamuu qabna?
4. Galmee jechootaafi qaama dubbii jechootaa
5. Galmee jechootaafi bakka fayyadama jechootaa

### Faayidaa Galmee Jechootaa

Kanaan dura akka galmee jechootaa fayyadamtee beektu tilmaamuun ni danda'ama. Galmee jechootaatti yeroo akkamii fayyadamuu qabda? Fakkeenya armaan gadii keessatti jechi tokko jala sararameera. Hiika jecha kanaa baruuf, carraaqqiin ati jalqaba gochuu qabdu maali? “Hiyyummaan gidiraa adda addaatiif nama saaxila.” Yoo hiika jechichaa akka galumsa isaatiin tilmaama jette sirriidha. Akka waliigalaatti, jecha tokko yemmuu hiikuu barbaaddu galmee jechootaatti osoo hinfayyadamin bakka inni faayidaa irra oole qalbeeffachuun akka galumsa isaatti hiikuuf yaalii godhi. Yoo irra deddeebitee yaaltee milkaa'uu baatte gara galmee jechootaa deemuu dandeessa.

Galmeen jechootaa faayidaa hedduu qabaatullee, yeroo baay'ee barattoonniifi namoonni kaan hiika jechootaa ilaaluuf itti fayyadamu. Kun sirrii yoo ta'e illee, galmeen jechootaa bu'aa kan biraa qaba. Akkuma armaan olitti ibsame, inni ijoon hiika jechootaa irraa ilaaluuf. Tartiiba odeeffannoo galmee jechootaa keessatti dhiyaate bu'uureeffachuun odeeffannoo jechatti aanee dhufu afaaneffannoo yookiin sagaleessoo jechichaatti. Odeeffannoon kun mallattoo haammattuu keessatti agarsiisama. Karaa kanaan galmee jechootaa fayyadamuun bu'aa lama qaba. Inni jalqabaa akkamitti jechi tokko akka sagaleessamu baruuf. Inni lammaffaan ammoo

akka dogoggora irraa of eegnu nu gargaara. Jecha tokko yoo siririitti hinsagaleessine jecha hinjirre uumuu dandeenya, yookiin jecha hiika biraa kennuun nama dogoggora isisuu dandeenya.

Odeeffannoo kan biraa galmee jechootaa keessaa argachuu dandeenyu qaama dubbii jechootaati. Kana jechuun jechi tokko maqaa, gochima, maqibsa kkf ta'uusaa agarsiisa. Kana baruun keenya jecha sana hima keessatti akkamitti akka fayyadamnu qajeelcha nuuf kenna. Jechoonni tokko tokko akka galumsa jaraatti qaama dubbii adda addaatti ramadamuu danda'u. Fakkeenya gaarii kan ta'u jechoota Afaan Ingiliizii keessatti faayidaa irra oolanuudha. Jechi "Play" jedhu maqaa yookiin gochima ta'uu danda'a.

As irratti wanti hubatamuu qabu galmeen jechootaa haalaan hinqophoofne odeeffannoo guutuu kennuu hindanda'an. Kana qalbii keessa galfachuun ibsa faayidaa galmee jechootaa irraa argannu itti fufuu dandeenya. Galmee jechootaa sadarkaa jaraa eegatanii qophaa'an keessaa bakka akkamiitti jechoonni faayidaa irra akka ooluu qaban argachuu dandeenya. Fakkeenyaaf, jechoota tokko tokko bakka barbaadnetti yookiin namoota argine biratti akka feenetti itti fayyadamuu hindandeenyu. Jechoonni kan akka 'dhuufuu' fi 'udaan" fakkeenya gaarii ta'uu danda'u. Jechoota hiriyoota kee waliin waliigaluuf fayyadamtu barsiisaa kee waliin akka hinfayyadamne ifaadha. Galmeewwan jechootaa tokko tokko amala jechootaa addaan baasanii nutti himuudhaan akka nu bakka kamitti fayya'damuu qabnu nu qajeelchu.

Walumaagalatti, galmeen jechootaa faayidaa ijoo hedduu qaba. Warreen armaan olitti ibsamaniin alas faayidaa kan biraa argachuu dandeenya. Galmeen jechootaa tokko tokko madda jechi irraa argame, jechoota waliin deeman, yoo jechi tokko amma hojii irra jiraate, jechi dhimmoota yookiin mata-dureewwan akkamii keessatti irra caalaa faayidaa irra ooluuf kkf nutti agarsiisuu danda'a. Faayidaan galmee jechootaa akka galaanaa bal'aadha.

**B. Hiika jechoota armaan gadii akka galumsa jaraatti tilmaami.**

1. gidiraa ( keeyyata 1)
2. yaalii ( keeyyata 1 )
3. galumsa ( keeyyata 1)
4. bu'urreeffachuu ( keeyyata 2)
5. sagaleessoo ( keeyyata 2)
6. ramadamuu ( keeyyata 3)
7. sadarkaa ( keeyyata 4)
8. ifaadha ( keeyyata 4 )
9. ijoo ( keeyyata 5 )
10. madda ( keeyyata 5)

**C. Jechoota armaan oliif himoota fudhatama qaban ijaari.**



**Gilgaala 6:**

**Shaakala Dubbisuun Boodaa**

**Gaaffiiwwan armaan gadii gareen deebisaa.**

1. Galmeewwan jechootaa dhuunfaan qabdu yookiin mana kitaabaa mana barumsaa kee jiranu keessaa lama wal bira qabuun gabaasa gabaabaa qopheessi. Faayidaawwan dubbisa keessatti dhiyaatan keessaa wara kamtu galmeewwan jechootaa kana keessaa argatta? Garaagarummaa akkamiitu galmeewwan jechootaa kana gidduu jira?
2. Galmee jechootaa fayyadamuu ilaalchisee muuxannoon kee kanaan duraa maal fakkaata? Kana booda maal gochuuf yaada?
3. Galmeewwan jechootaa gaafii 1ffaa keessatti wal bira qabdee madaalte fayyadamuun gaafii armaan gadii deebisi. Galmeewwan jechootaa sun tartiiba akkamii fayyadamanii odeeffannoo waa'ee jecha tokkoo dhiyeessu? Maal irraa jalqabanii maal irratti xumuru?

## Barannoo 3: Barreessuu



### Gilgaala 7:

### Shaakala Madda Odeeffannoo Barreessuu

- A. Kitaaba 'Afaan Oromoo' fi kanaaf kitaabolee barataa kan biraa qalbiin ilaaluun haala jarri ittiin qindaa'an addaan baasii barreessi. Haala akkamiin jalqabu? Maaltu keessatti dhiyaate? Dhuma irratti maal dhiyeessu?
- B. Mana kitaabaa mana barumsaa kee keessatti madda odeeffannoo adda addaatu jira. Kana keessaa harki irra caalaan kitaabolee wabii. Kitaabolee kana haala gaariitti fayyadamuuf toftaa jarri itti qindeeffaman yookiin caasaman baruun barbaachisaadha. Kana yoo barte odeeffannoo barbaaddu salphaatti argachuu dandeessa.
- Qaamoleen kitaaba wabii armaan gadii faayidaa akkamii akka kennanu addaan baasii barreessi.
 

(a) Miiltoo	(b) Galata	(c) maqaa kitaabaa	
(d) Baafata	(e) wabii	(f) qabiyyee	(g) seensa
  - Kitaaba wabii tokko akka fakkeenyaatti fudhachuun haala ittiin qindaa'e addaan baasii barreessi.
 

Qaamolee armaan ol dhiyaatan keessaa kamtu jira ?

Qaamni biraa jiraa?
  - Qaamolee kitaabaa armaan ol dhiyaatan tartiibaan kaa'i.

- C. Odeeffannoo madda adda addaarraa argatte yaada kee gabbisuuf itti fayyadamuu dandeessa. Madda odeeffannoo irraa fudhatte ammoo haalaan agarsiisuun dirqama keeti. Kana yoo hingoone yaada namaa akka yaada keetti waan dhiyeessiteef itti gaafatamta, yookiin yakka-muu dandeessa. Tooftaan madda akkasii ittiin agarsiisamu tokko miil-jalee fayyadamuun. Fakkeenya armaan gadii ilaali:

### Fakkeenya-1 Miljalee Barreessuu

Barumsi ol'aanaa dhaabbilee barumsaa leenjii sadarkaa diigrii jalqabaafi digrii lammaaffaa waggoota sadii, afur, shan yookiin ja'aaf kennamu of keessaa qaba. Bara 2008/09 irraa jalqabee Itoophiyaa keessa dhaabbilee barumsa olaanaa 23tu argama.<sup>1</sup>

1. Ministeera Barnootaa ( 2010 ) Finfinnee – Fuula 8

Dhuma odeeffannoo akka fakkeenyaatti dhiyaate irratti lakkoofsa faayadamneera. Dhuma fuulaarratti ammoo madda odeeffannoo irraa fudhanne barreessineera . Kun haala miljaleen ittiin agarsiisamuudha. Karaa biraatiin barreessitoonni tokko tokko madda odeeffannoo kana miila jalatti osoo hin ta'in odeeffannootti aansuun ka'u.

### Fakkeenya-2

Geerarasa Oromoo dhalootarraa dhalootatti dabarsuuf tattaaffii gochuun barbaachisaadha. Kunis kan ta'u sababa adda addaatiif. Tokkoffaa, aadaafi eenyummaa sabaa kan calaaqasiisu waan ta'eef. Lammaffaa, muuxannoo dhalootarraa dhalootatti dabarsuuf waan tajaajiluuf ... ( Mitikkuufi Tashoomaa, 1995: 14)

Fakkeenya kana keessatti maqaan nama kitaabicha barreessee, barri inni itti barreeffameefi fuulli odeeffannoon irraa fudhatame seeraan kaa'ameera. Maqaa kitaaba kana ammoo dhuma barreeffamichaa 'wabii' jalatti agarsiisama jechuudha.

### Gaaffiiwwan armaan gadii gareen deebisaa.

1. Maddawwan odeeffannoo adda addaa fayyadamuun maaliif nama gargaara?
2. Yoomadda odeeffannoo irraa fudhate agarsiisuu dhabaate maaltu uumama?
3. Miiljaleen karaa meeqaan barreeffamuu danda'a? fakkeenya kenni.

### Wabii Bareessuu

Maddawwan odeeffannoo fayyadamne dhuma barreeffamaa irratti walitti qabanii barreessuun barbaachisaadha. Yemmuu wabiiwwan adda addaa barreeffaman ammoo tartiiba jaraa eeggatanii ta'uu qaba.

Fakkeenya armaan gadii ilaali:

Maqaa barreessaa	Bara Itti barreeffame	Maqaa kitaabaa	Magaala Itti maxxansame	Mana maxxansaa	
Mitikkuu Dibbeessaafi Tashoomaa Egeree	1995	Ijaarsa Barreeffamaa Afaan Oromoo	Finfinnee	Dhaabbata Barnootaa Sab-Qunnamtii	

Mitikkuu Dibbeessaafi Tashoomaa Egeree. 1994. Ijaarsa Barreeffama Afaan Oromoo. Finfinnee: Dhaabbata Barnoota Sab-qunnamtii.

Fakkeenya kana keessatti tartiiba armaan gadii hordofne.

Maqaa barreessaa: bara itti barreeffame: maqaa kitaabaa :magaala itti maxxansame: mana maxxansaa

Odeeffannoo madda adda addaa irraa akka argannu ibsineerra. Maddawwan odeeffannoo armaan gadii akkamitti akka barreeffamanu barsiisaa keetti himi.

- A. Barruu
- B. Galmee Jechootaa
- C. Gaazeexaa

2. Odeeffannoo armaan gadii fakkeenya wabiin ittiin barreeffamu armaan olitti dhiyaate fayyadamuun barreessi.

Bara itti barreessame	maqaa barreessaa	maqaa kitaabaa	Magaala itti maxxansame	Mana Maxxansaa
2009	Hiinseenee Makuriyaa	Galmeee Jechootaa Afaan Inglizii, Oromoo, Amaaraa	Finfinnee	Dhaabbata Maxxansaa Daldalaa
1999	Shaawwayyee Beellamoo, Firreehiwoot Tulluu	Afoolaa Oromoo, Jildii II	Finfinnee	Biiroo Aadaafi Turizimii Oromiyaa
1995	Asteer Ejersoo, Laaqachi Alamee, Atsadaa Tsaggaayee	Afoola Oromoo, Durdurii, Jildii –IV	Finfinnee	Komishinii Aadaafi Turizimii Oromiyaa

### Miiltoo

Miiltoonoddeeffannoo adda adda waa'irra arganne dhuma barreeffamaatti walitti qabsiisnee keenyudha. Fakkeenyaaf, qorannoo dhimma tokko irratti gaggeessuudhaaf ragaan sassaabamuu qaba. Tooftaalee oddeeffannoon ittiin guuramu keessaa gaafannoon isa tokko dha. Kun akka ragaatti dhuma barreeffamaatti kaa'amuu qaba. Sababni isaas gaafii akkamii akka gaafanne namoonni biraa yoo ilaaluu barbaadan akka ragaatti nu fayyada.

Baafata keessattis kun mul'achuu qaba. Fakkeenya armaan gadii ilaali.

## Baafata

1. Seensa ----- 1
2. Mala Qorannoo----- 3
3. Qaaccessa Odeeffannoo ----- 8
4. Goolaba ----- 12
5. Yaada Furmaataa ----- 14
6. Wabii
7. Miiltoo/dabalee
  - A. Bargaaffii/Gaafannoo
  - B. Af-gaafi

Fakkeenya kana keessatti barreessaan qorannoo gaggeesse miiltoolee lama fayyadameera. Jara addaan baasuufis qubee gud-guddaatti fayyadameera. Dhuma barreeffamaatti miiltoon wabii booda kaa'ama.

**Gilgaala 8:****Shaakala Gosoota Keeyyataa**

- A. Keeyyata armaan gadii fayyadamuun gaaffiiwwan dhiyaatan deebisi. Yaada dabalataa argachuuf 'Boqonnaa 14' dubbisi.

**Miidhaa Tamboo Xuuxuu**

Taamboo xuuxuun miidhaa gurguddaa nama irraan ga'a. Tokkoffaa, araada nama qabsiisa. Yemmuu araadni nama qabu ammoo battaluma sanatti argachuu baanaan mata bowwuufi jeequmsa sammuu nammatti fida. lammaffaa tamboo xuuxuun miidhaa biraas qaba.

Qarshii nama harkaa fixee, bakka yaadan nama hanqisee, jireenya gadadoo akka jiraatan nama godha. Saddaffaa, dhukkuba adda addaa kanneen akka sombaa nama irraan ga'a, humna nama dhorka, bifa miidhagaas ni fokkisiisa. Akka Dhaabbata Fayyaa Addunyaatti, tamboo xuuxuun umrii namaa waggaa saddeetiin gad hir'isa. Miidhaawwan tamboo xuuxuun dhufan kana irraa bilisa ta'uuf namoonni gocha kana dhiisuu qabu.

1. Amaloota keeyyataa 'Boqonnaa 14' keessatti kennaman fayyadamuun keeyyata armaan olii qaacceessi.
  - Caasaa keeyyataa
  - Tokkummaa
  - Walta'iinsa
  - Guutummaa
2. Mata duree armaan gadii fayyadamuun keeyyata tokko barreessi.  
Mata –duree: Miidhaa Jimaa Qaamuu

B. “Boqonnaa 7” keessatti gosoota keeyyataa ilaalleerra. Gosootaa keeyyata 'A' jalatti kennaman ibsa 'B' jalatti argamanu waliin waliitti froomsi.

'A'	'B'
1. Keeyyata Addeessaa	A. kun kan odeeffannoo yookiin qajeelfama kennu
2. Keeyyata Seenessaa	B. keeyyata dhimma tokko irratti nama amansiisuuf yookiin yaada namaa jijjiiruuf yaalu
3. Keeyyata Ibsaa	C. keeyyata waa'ee namaa, bakkeewwanii, meeshaalee adda adaaf kkf jechoota fayyadamuun suuraa sammuu nama keessatti uumu.
4. Keeyyata amansiisaa	D. Seenaa dhugaa yookiin seenaa argaa yaadaa irratti kan xiyyeeffatu.

- C. Gabatee armaan gadii keessatti mata dureewwan adda addaatu jira. Gosa keeyyataa akkamii akka barreessuuf gargaaran bakka duwwarratti guuti.

Mata –duree	Gosa keeyyataa
1. Oolmaa koo kaleessaa	A _____
2. Faayidaa Hojii Garee	B _____
3. Buna Danfisuu	C _____
4. Obbo Dabalaa	D _____
5. Jimaa Qaamuu	E _____
6. Bineensa Daggalaa Madaqsuu	F _____
7. Daawwannaa Masaraa Abbaa Jifaar	G. _____

- D. Akaakuu keeyyatoota armaan gadi himi.

1. Yeroo tokko tokko namoonni qulqulluun dogoggoraan kan ajjeefaman yoo ta'ellee, namni nama ajjeesse du'umaan adabamuu qaba. Namoonni tokko tokko osoo badii hindalagiin dogoggoraan murtiin du'aa itti murteessama. Kanaaf, mootummaan namoota du'aan adabuu hinqabu jedhanii namoonni morman jiru. Haa ta'u malee, mootummaan martiin dogoggoraa osoo hinuumiin hojjechuu qaba yoo jenna ta'e mootummaan hojii hojjechuu hinqabu jechuu ta'a. Mootummaan lubbuu namootaatiif eegumsa gochuufis namsni akka namaan hinajjeefamne gochuun barbaachisaadha. Namni akka nama hinajjeefne gochuuf ammoo nama nama ajjee du'aan adabuun

barbaachisaadha. Tarkaanfiin kun hinfudhatamu yoo ta'e garuu, namoonni hidhamanii bahan nama ajjeessuu ittuma fufu. Fakkeenyaaf, Obbo Guutaan namoota 18 ajjeessee waggaa 10 hidhamee erga hiikame booda waggaa tokko osoo hinturin namoota afur ajjeessee deebi'ee hidhame. Obbo Caalaan ammoo namoota shan ajjeessee waggaa torba hidhamee hiikame. Namoota akkanaa ammas hidhaan adabuun ammas namoota akka ajjeesanuuf heyyama kennuudha. Kanaaf, nageenya ummataa eeguuf namoota lubbuu namootaa balleessan du'aan adabuun barbaachisaadha.

2. Yeroo isheen gara kootti garagaltu ijji keenya walirraa bu'e. Ijawwan gurguddoo akka bakkalchaa barii ifan!... Naannoon isaanii akka isa kuulamee uumamaan gurraacha'eera. Garuu, baay'ee ilaaluuf carraa hinarganne. Daftee deebifte. Akkuma ta'etti of jajjabeesseen al tokkoof fuula ishii ilaale... Funyaan qalloo qimixee... hidhiwwan hahaphiin, afaan dhiphoo walitti qabaniiru... Tuullaa rifeensaa, daddabaa gadi bu'ee yeroo qolee ishiirraa jaf jedhe, bifa ishii goraa diimate fakkaatu waliin wal gargaaranii simboo bareedaa uumu !...
3. Ariifannaan waan bada ta'e namarraan geessisa. Ganama Jimaata ture. Yeroon hirribaa ka'u sa'aatii lamaafi walakkaadha. Waytiin itti fuula koo dhiqadhe hinbeeku; yeroon karaa koo jalqabu namootaan dubbiseef dhiise hinyaadadhu. Akkuma ta'u ta'een sa'aatii sagal yoo jedhu naannoo mana kitaabaan gahe. Qormaanni waan torbanitti galeeruuf barattoonni balbala dhaabbatan gara hinqaban. Nafa nafa dhiibbadhee seenee balbala bira gahee giphii koo as lixee achi lixeen akka mukaa gogee hafe. Edaa furtuu mana kitaabaa irraanfadhee dhufeera. Kanan fiigaa oolee mana kitaabaa banuuf, manni kitaabaa garuu osoo hinbanamiin oole.

4. Gareen qo'achuun faayidaa adda addaa qaba. Tokkoffaa, yeroo barattoonni gareen hojjetan yaada hedduu wal jijjiiru; yaada abbaa tokko yaada isa kaan waliin walitti bu'uun, yookiin walii galuun hojii hojjetamu gabbisuuf gargaara. Lammaffaa, gareen hojjechuun hojii qoddachuun ogummaa itti gaafatamummaa horachuuf gargaara. Kana malees, hojiin barbaadame yeroo gabaabaafi haala qulqullinna qabuun hojjetamuu danda'a. Karaa biraatiin, warri gareen hojjetan muuxannoo wal kabaajuu horatu. Kana jechuun yaada walii dhaggeeffachuu, yaada dhiyaate xiinxaluun bu'aa qabatamaa irra ga'uu danda'u. Haala kanaan ogummaa walkabajuu jireenyaa hawaassummaa keessatti barbaachisu gabbifatu. Kanaafuu, namoonni carraa gareen hojjechuu yemmuu argatan haalaan itti fayyadamuu qabu.

# JIBSOO

<b>Antima (object)</b>	kan gochaan irratti raawwatamedha.
<b>Bamaqaa (pronoun)</b>	bakka maqaa bu'uumudhaan tajaajila maqaa kan kennu.
<b>Birsaga (syllable)</b>	wal-ta'iinsa dubbifamaafi dubbachiisaa ykn dubbachiisaa qofaan ijaaramuun sagalee ykn afuura tokkoon kan dubbifamuudha.
Buusaa (stanza)	Tuuta sararoota walaloo yaada tokkorratti xiyyeeffatan.
<b>Dandeettii(capacity)</b>	shaakala walirraa hincinneen osoo hintaane irra caalaa kennaa uumamaatiin kan argamudha.
<b>Dhamjecha (morpheme)</b>	qaama xiqqaa afaanii hiika qabeessa ta'edha.
Yeemiti (paradox)	Yaadota walmorman fakkaatan garuu yommuu sirriitti xiinxalamu kan walhinmormine.
<b>Gaalee (phrase)</b>	wal-hammannaa jechootaa kan hojii tokkoof dhaabatanidha.
<b>Gochibsa (adverb)</b>	Afaan Oromoo keessatti gochima dura galuudhaan gochima, maqibsaafi gochibsa biroo kan ibsuudha.
<b>Gochima (verb)</b>	jecha haala ykn gocha raawwatame ykn raawwatamu tokko agarsiisudha.
<b>Gochima darbeeyyii (Transitive verb)</b>	Gocha matimarraa(subject) gara antimaatti(object) darbu agarsiisa.
Habalaka(Irony)	Yaada tokko faallaa waan jechuu barbaadaniin ibsuu.
<b>Gochima faaldarbeeyyii (Intransitive verb)</b>	Gochi hojjetamu matimarratti(subject) hafa.
<b>Gochima walqabsiituu (linking verb)</b>	Gochima akka walqabsiistuutti fayyadu
<b>Gochima ta'umsaa (verb to be)</b>	Gochima waanti tokko maal akka ta'e agarsiisu
<b>Gochima gochaa(action verb)</b>	<b>Akaakuu</b> gochimaa ta'ee gocha raawwatame ykn raawwatamu tokko kan agarsiisu
<b>Haala raawwii (aspect)</b>	Tajaajila caaslugaa kan haala waan tokko itti raawwate agarsiisudha.
<b>Jecha diigala /tishoo/ (compound word)</b>	Jechoonni lamaafi isaa ol walitti dhufuudhaan akka jecha tokkootti dhaabatanii hiika duraan qabanirraa hiika addaa tokko yammuu argatanidha.
<b>Maqibsa (adjective)</b>	Afaan Oromoo keessatti maqaa booda dufuudhaan waa'ee maqaa sanaa odeeffannoo dabalataa kan kennudha.
<b>Mathima (subject)</b>	Kan gocha raawwate ykn kan waa'een isaa dubbatamudha.
<b>Ogumma(skill)</b>	Shaakala walirraa hincinneen (akkuma bishaan daakuufi farda gulufsiisuu) kan gonfatamudha.
<b>Yaaxxina (theory)</b>	Yaada falmiin irratti geeggeeffamuun qabatamummaan isaa mirkanaa'ee dhimmoota sanaan wal-fakkaatan garagaraatiif bu'uura akka ta'utti dhiyaate.